# BARNOOTA HAWAASAA

## KITAABA BARATAA

### KUTAA 7

**Qopheessitoota:** Warqinaa Toluu (MA)
Wandimmuu Tarrafaa (MA)
**Gulaalaa:** Abrahaam Tasammaa (BA)
**Madaaltota:** Dirribaa Bayyanaa (BA)
Fiqaaduu Kabbadaa (MA)
Habiib Galgaluu (BA)
Imaanu'eel Horaa (BA)

**Mootummaa Fedaraalaawaa Dimookraatawaa Ripubilikii Itoophiyaa**
**Ministeera Barnootaa**

UBSPD®
**UBS Publishers' Distributors**

**Maxxansaan**

© Mirgi maxxansa guutumaa guututti seeraan eegamaadha. Guutuu yookiin qaama maxxansa kanaa, haalaa fi bifa kamiiniyyuu, jechuun elektiroonikaan, footookooppiidhaa fi waraabuun eeyyama dhaabbata maxxansiisee malee, haala birootti dabarfamuu hin danda'u.

Jalqaba bara 2011 maxxanfame

ISBN: 978-99944-2-132-9

Dhaabbata Maxxanse: UBS Publishers, Distributors Pvt. Ltd. India.

# BAAFATA


| QABIYYEE | | FUULA |
|---|---|---|
| Boqonnaa 1: | Afrikaa Keessa Jiraannu | 1 |
| | 1.1. Argama, Baldhina fi Danaa Ardii Afrikaa | 1 |
| | 1.2. Sararran Dagalee fi Gadee | 13 |
| | 1.3. Maatii Afaanota Gurguddoo Afrikaa fi Faca'iinsa Isaanii | 16 |
| | 1.4. Qaroomman Afrikaa Durii | 20 |
| | 1.5. Mootummoota Afrikaa Sirna Koloniin Duraa | 24 |
| | 1.6. Daldalli Karaa Dheeraa Ummata Itoophiyaa Walqunnamsiisuuf Sababa Ta'uu Isaa | 26 |
| | 1.7. Ummata Afrikaa | 28 |
| Boqonnaa 2: | Caasaa Baqqaana Lafaa | 36 |
| | 2.1. Kaartaa Irraa Odeeffannoo Barbaaduu fi Itti Fayyadamuu | 36 |
| | 2.2. Baqqaanota Lafaa | 42 |
| | 2.3. Gosootaa fi Akkaataa Uumama Kaattalee | 44 |
| Boqonnaa 3: | Sirna Ikkoo fi Rakkoolee Isaa | 51 |
| | 3.1. Biqiltoota Uumamaa, Bineensota Bosona Beekamoo fi Barbaachisummaa Isaanii | 51 |
| | 3.2. Bishaan, Biyyee fi Qilleensa | 59 |
| | 3.3. Kunuunsa Qabeenya Uumamaatii fi Tarkaanfiiwwan Fudhatamuu Qaban | 61 |
| Boqonnaa 4: | Ajandaa Ummataa | 68 |
| | 4.1. Dhimmoota Ummataan Walqabatan | 68 |
| | 4.2. Dhimmoota Mirgaa fi Nageenyaa | 73 |
| | 4.3. Sagantaawwan Dhaabbileetti Hirmaachuu | 77 |

Boqonnaa 1

# Afrikaa Keessa Jiraannu

**BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA**

**Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda:**

- Argama, baldhina, danaa fi maatii afaanota gurguddoo Afrikaa ni ibsita.
- Qaroomman gurguddoo durii fi biyyoota Afrikaa sirna koloniin duraa addaan ni baaf-atta.
- Sababoota faca'iinsa, qubannaa fi haala jireenya ummata Afrikaa irratti dhiibbaa fidan ni ibsita.
- Maatii Afaanota gurguddoo fi faca'insa isaanii addaan ni baafatta.
- Qaroomman Afrikaa Durii ni ibsita.
- Mootummoota Afrikaa sirna Koloniin duraa ni tarreessita.
- Daldalli karaa dheeraa ummatoota Itoophiyaa wal qunnamsiisuu keessatti gahee isaa ni ibsita.

## 1.1. ARGAMA, BALDHINA FI DANAA ARDII AFRIKAA

### Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura barnoota mata duree kana booda:

- Argama ardii Afrikaa addaan ni baafatta.
- Baldhinaa fi danaa ardii Afrikaa baldhina fi danaa ardilee biroo wajjiin wal bira qabuun ni madaalta.

### Argama, Baldhina fi Danaa Ardii Afrikaa

Kutaalee dabran ketessatti Barnoota hawaasaa barachuun kee ni beekama. Akkasumas, waa'ee ardii Afrikaa Kutaa $5^{ffaa}$ keessatti barattee jirta. Amma ammoo waa'ee ardii Afrikaa waan barattee turte yaadachuuf yaali. Ardiilee torban addunyaa keessatti argaman keessaa ardiin Afrikaa ishii tokko. Mata duree kana jalatti waa'ee argama, baldhinaa fi danaa ardii Afrikaa baratta.

### Argama Ardii Afrikaa

Argama jechuun maali? Waa'ee jecha argama jedhu kanaan dura wanti dhageesse (beektu) jiraa? Argama jechuun bakka wanti tokko, naannoon tokko yookiin biyyi tokko itti argamu jecha ibsuudha. Argamni bakka wanti tokko itti argamu kunis maloota gurguddoo lamaan ibsama. Isaanis, argama

bir-qabaa (relative location) fi argama dhugaa (absolute location) jedhamu. Maloota lamaan kanniinitti fayyadamuun argama ardii Afrikaa himuu ni dandeessa.

Argama bir-qabaa jedchuun maal akka ta'e himuu dandeessaa? Waa'ee argama bir-qabaa kutaalee dabran keessatti baratte yaadattaa? Argama ardii Afrikaa mala argama bir-qabaatiin barsiisaa keetiif ibisi.

**Argama bir-qabaa** jechuun argama bakka, naannoo, biyyaa fi wanti tokko itti argamu wantoota fi biyyoota naannootti argamaniin wal bira qabuun himuu danda'uudha. Fakkeenyaaf, argama mana keetii manneen ollaatti argamaniin yookiin argama Itoophiyaa biyyoota ollaa ishiitti argamaniin wal bira qabuun ibsuu ni dandeessa jechuudha. Akkasumas magaalota gurguddoo lama Akiraa fi Kampaalaa fudhachuun argama isaanii kan dhugaa kaartaa Afrikaa irraa hubachuuf yaali.

Argama bakka tokkoo yoo ibsinu wantoota qabatamoo ta'an fakkeenyaaf qaama dachee fi qaamman bishaana'oo naannootti argamaniin wal bira qabuun ibsuun ni danda'ama. Mala argama bir-qabaatiin ardiin Afrikaa akkamitti ibsama? Ardiin Afrikaa qaamman dachee fi qaamman bishaana'oo naannawatti argamaniin yeroo wal bira qabuun ibsa haala armaan gadiin ta'a.

Ardiin Afrikaa ardii Awurooppaa irraa gara kibbaatti argama. Ardiin Afrikaa fi Awurooppaa bakka Istireet of Jibraattar jedhamutti 20 km addaan fagaatu. Galaana Meediteraaniyaanii irraayis gara kibbaatti argama. Ardiin Eeshiyaa fi Afrikaa osoo Bo'oo Siwiizii Kaanaal jedhamuun addaan hin bahin dura qaama dacheetiin walqabatu ture. Bakka Bab-Eel-Mandab jedhamuun ardiileen Afrikaa fi Eeshiyaa 30 km addaan fagaatanii argamu. Kana malees, argamni bir-qabaa ardii Afrikaa qaamota bishaanii daagessaniin ibsamuu ni danda'a. Kunis kaabaan Galaana Meediteraaniyaan, (Mediteranean Sea) Kaaba-bahaatiin Galaan Diimaan (Red Sea) fi Galoo Galaana Eedan (Gulf of Eden), Bahaan Garba Guddaa Hindiitiin (Indian Ocean) Kibbaan naannoo bakka bishaan Garba Guddaa Hindii fi Garba Guddaa Atilaantikii itti wal gahanii fi Dhihaan bishaan Garba Guddaa Atilaantikiitiin daangeeffamtee argamti. Walumaa galatti ardiin Afrikaa kallattii hundaan qaamman bishaana'oo galaanota lamaa fi garbawwan gurguddoo lamaan marfamtee argamti.





**Fakkii 1.1.** Argama Bir-qabaa Ardii Afrikaa

**Argama dhugaa (Absolute Location)** jechuun maali? Argama dhugaa jechuun argama waan tokkoo, naannoo yookiin biyya tokkoo sararran yaadaa Dagalee fi Gadeetti fayyadamuun bakka wanti tokko Sirriin itti argamu ibsuu jedhuudha. Argama ardii Afrikaa mala argama dhugaatiin ibsuu dandeessaa? Ardiin Afrikaa mala argama dhugaatiin yeroo ibsamtu Fiixxee Kaabaa Mudhii lafaa irraa 37° 31'ka

faggaattee argamti. Bakki kunis **Keeppi Bilaank** yoo jedhamu biyya Tuuniziyaa keessatti argama. Fiixxeen Kibbaa ammoo Mudhii lafaa irraa gara Kibbatti 34°52′ki argamti. Bakki kunis **Keeppi Agulaas** yoo jedhamtu biyya Riippubiliikii Afrikaa Kibbaa keessatti argamti.

Fiixxeen Bahaa Sarara Piraayim Meeridyaanii (0°) irraa gara bahaatti 51° 24′Ba irratti argamti. Bakki kunis **Keeppi Gaardaafii** yoo jedhamtu biyya somaaliyaa keessatti argamti. Fiixxeen Dhihaa ammoo sarara praayim Meerideyaanii (0°) irraa gara Dhihaatti 25°11′ Dh. irratti argamti. Bakki kunis **Keeppi Vardee** yoo jedhamtu biyya seenegaal keessatti argamti.




**Fakkii 1.2.** Argama dhugaa ardii Afrikaa

Argama dhugaa ardii Afrikaa kana irraa wanti hubatte jiraa? Kaartaa Afrikaa kanatti fayyadamuu argama dhugaa biyyoota armaan gadii (Itoophiyaa, Zimbaabuwee, Gaanaa, Libiyaa fi Chaadii) barsiisaa/tuu keetitti kaartaa irratti muldhisuun himi. Argama ardii Afrikaa mala argama dhugaatiin yoo ibsinu argama ardiilee birootiin wanti adda baasu jiraa?

Haallan argma ardii Afrikaa argama ardiilee biroo irraa mala argama dhugaatiin adda taasisan:

- Fageenyi fiixxee kaabaa fi fiixxee kibbaa jidduu jiru 72° yookiin ***8000 km*** wal irraa fagaatu.
- Fageenyi fiixxee Bahaa fi fiixxee Dhihaa jidduu jiru 69° yookiin ***7700 km*** wal irraa fagaatanii argamu.
- Fageenyi fiixxee kaabaa fi kibbaa fageenyi fiixxee bahaa fi dhihaa jidduu jiru baay'ee walitti dhiyaata.
- Irra caalaan qaama ardii Afrikaa naannoo qilleensa baramaa oo'aa (Tropical) keessatti argamuu fa'a.

## Baldhina Ardii Afrikaa

Ardii jechuun maali? Baldhinni ardii Afrikaa hammam ta'a jettee tilmaamta? Addunyaa irratti ardiileen meeqaa akka argaman tarreessuu dandeessaa?


Ardii jechuun qaama dachee baldhaa biyyoota baay'ee of keessaa qabuu dha. Addunyaa irratti ardiilee torbatu argamu. Ardiileen martinuu baldhina garaagaraa qabu. Baldhinnaan ardiin sadarkaa tokkoffaa irratti argamtu ardii Eeshiyaa yoo taatu ardiin Afrikaa ammoo sadarkaa lammaffaa qabattee argamti. Haala baldhina lafa isaaniitiin ardiilee addunyaa gabattee armaan gadii irraa ilaali.

**Gabattee 1.1: Baldhina lafa Ardiilee**

| Lakk. | Maqaa Ardiilee | Baldhina Lafaa $km^2$ |
|---|---|---|
| 1 | Eeshiyaa | 44,400,000 |
| 2 | Afrikaa | 30,200,000 |
| 3 | Ameerikaa Kaabaa | 24,200,000 |
| 4 | Ameerikaa Kibbaa | 17,800,000 |
| 5 | Antaartikaa | 14,000,000 |
| 6 | Awurooppaa | 10,800,000 |
| 7 | Awustiraalyaa | 8,490,000 |

**Maddaa: http://www.answers.com>wiki answer>categories**

Biyyi keenya ardii Afrikaa keessaatti argamti. Ardiin Afrikaa biyyoota 56tti qoodamti. Kaartaa siyaasaa ardii Afrikaa Fakkii 1.3 armaan gadii irraa ilaali.




**Fakkii 1.3.** Biyyoota Afrikaa

**Maqaa Biyyootaa fi Magaaloota Muummee Afrikaa**

| Lakk | Maqaa biyyaa | Magaalaa Muummee |
|---|---|---|
| 1 | Aljeeriyaa | Aljeersi |
| 2 | Angoolaa | Luwaandaa |
| 3 | Beenin | Portoo Noovoo |
| 4 | Botiswaanaa | Gaboroonee |
| 5 | Burkinaa Faasoo | Ogaaduguu |
| 6 | Burundii | Bujumburaa |
| 7 | Kaameeruun | Yaawundee |
| 8 | Keeppi Vardee | Piraa'iyaa |
| 9 | Rippubliikii Afrikaa Jiddu galeessa | Baanguyii |
| 10 | Chaad | Nijamiinaa |
| 11 | Komooroos | Moroonii |
| 12 | Rippublikii Dimookraatawaa Koongoo | Kinshaasaa |
| 13 | Rippublikii Koongoo | Biraazaaviil |
| 14 | Koot Divowaar | Abijaan |
| 15 | Jibuutii | Jibuutii |
| 16 | Ijipti (Misir) | Kaayiroo |
| 17 | Ikuwaatooriyal Giinii | Malaaboo |
| 18 | Ertiraa | Asmaraa |
| 19 | Itoophiyaa | Finfinnee |
| 20 | Gaaboon | Libraviil |
| 21 | Gaambiyaa | Baanjul |
| 22 | Gaanaa | Akraa |
| 23 | Giinii | Konaakirii |
| 24 | Giinii Bisaa'oo | Bisaa'oo |
| 25 | Keeniyaa | Naayiroobii |
| 26 | Lesseettoo | Maseeruu |
| 27 | Laaybeeriyaa | Monorooviyaa |
| 28 | Liibiyaa | Tiriippoolii |

| | | |
|---|---|---|
| 29 | Maadagaaskaar | Antananaariivoo |
| 30 | Maalaawii | Liloongulwee |
| 31 | Maalii | Bamaakoo |
| 32 | Mooritaaniyaa | Nokaachoot |
| 33 | Moorishees | Poort Luwiis |
| 34 | Moorokoo | Raabaat |
| 35 | Moozaambik | Maapuutoo |
| 36 | Naamiibiyaa | Wiindhook |
| 37 | Niijaar | Niyaamii |
| 38 | Naayijeeriyaa | Abujaa |
| 39 | Ruwaandaa | Kiigaalii |
| 40 | Saa'oo Tomee fi Piriinsippee | Saa'oo Tomee |
| 41 | Seneegaal | Daakaar |
| 42 | Siisheels | Viktooriyaa |
| 43 | Seraaliyoon | Firiitaawuun |
| 44 | Somaaliyaa | Moqaadishoo |
| 45 | Rippubliikii Afrikaa Kibbaa | Piritooriyaa |
| 46 | Riiyuuniyenii | Seenti Deenis |
| 47 | Seent Helenaa | Jemsitaawon |
| 48 | Sudaan | Kaartuum |
| 49 | Siwaazilaand | Mabaabaanee |
| 50 | Taanzaaniyaa | Dodamaa |
| 51 | Toogoo | Loomee |
| 52 | Tuniiziyaa | Tuniis |
| 53 | Sahaaraa Dhihaa | El-Ayuun |
| 54 | Ugaandaa | Kampaalaa |
| 55 | Zaambiyaa | Lusaakaa |
| 56 | Zimbaabuwee | Haraaree |


### Danaa Ardii Afrikaa

Danaa jechuun maali? Danaan ardii Afrikaa maal fakkaata? Garaagarummaa danaa ardii Afrikaa fi danaalee ardiilee biroo jidduu jiru himuu dandeessaa?

Danaa jechuun roga yookiin boca waan tokkooti, Danaan ardii Afrikaa ennaa ilaalamu korboo yookiin geengoo fakkaata. Waan kana ta'eef walakkaa ardii Afrikaa irraa kallattii kamiinuu gara qarqara qaamman bishaana'oo bira gahuuf fageenya 1500 km qaba.

Ardiin Afrikaa sarara Mudhii lafaatiin (0°) kaabaa fi kibbatti qoodamti. Qaama dachee ardii Afrikaa keessaa 2/3 kan ta'uu Naannoo Qilleensa Baramaa Oo'aa (Tropical) keessatti argama. Qaamni ardii Afrikaa sarara Mudhii lafaa irraa gara kaabaatti argamu baay'ee baldhaa yoo ta'u, qaamni ardii Afrikaa sarara Mudhii lafaa irraa gara Kibbaatti argamu ammoo qaldhaa fi xiqqaadha. Qarqarri ardii Afrikaa qaamman bishaana'oo daangeessu akka ardiilee biroo shesheellataa waan hin taaneef uumamaan buufata doonii mijaa'aa miti. Qaamni dachee ardii Afrikaa baldhaan sarara kaansarii (23½° ka) fi sarara Kaappirikoornii (23½° Ki) jidduutti argamu Qilleensa Barmaa Oo'aa (Tropical climate)qabdi.

Ardiin Afrikaa teessuma lafaa adda addaa qabdi. Teessumni lafa garagaraa kunis bakka sad gurguddootti qoodamu. Isaanis, gaarreen ol dheerina adda addaa qaban, Pilaastoowwanii fi tulluwwan, naannoolee lafa dakee fi sulullan laggeennii fi Sulula Qiinxamaa Guddaa fa'a. Kanas kaartaa fiizikaalaa Afrikaa armaan gadii irraa hubachuuf yaali. Kana malees, ardiin Afrikaa laggeen gurguddoo kallattiiwwan adda addaatti yaa'anii fi harawwan uumamaa fi nam- tolchees baay'inaan qabdi. Laggeen Afrikaa kunniinis amala mataa Isaanii qabu.





**Fakkii 1.4.** Haala teessuma lafa ardii Afrikaa

**Gabattee 1.2: Faca'iinsa Gaarreen Gurguddoo Baha Afrikaa**

| Lakk | Maqaa Gaarreenii | Ol dheerinna Sirrii galaanaa irraa meetiraan qaban | Biyya keessatti argaman |
|---|---|---|---|
| 1 | Kilimaanjaaroo | 5963 | Taanzaaniyaa |
| 2 | Keeniyaa | 5200 | Keeniyaa |
| 3 | Ruwaanzoorii | 5119 | Ugaandaa fi Rippubliikii Koongoo |
| 4 | Raas Daashen | 4620 | Itoophiyaa |
| 5 | Meeruu | 4567 | Taanzaaniyaa |
| 6 | Elgoon | 4320 | Ugaandaa fi keeniyaa |
| 7 | Baatuu/tulluu Diimtuu | 4307 | Itoophiyaa |
| 8 | Kaameeruun | 4070 | Kaameeruun |

**Madda: Ji'oogiraafii Kutaa 5ffaa Kitaaba Barataa**




**Fakkii 1.5.** Gaarreen Gurguddoo Afrikaa

Lafa dakee jechuun maali? Haalli teessuma lafa naannoo jireenya keetii maal fakkaata? Afrikaatti naannooleen lafa dakee eessa fa'atti argamu?

Lafa dakee jechuun bakka ol ka'iinsa haala teessuma lafa naannoo irraa gad bu'uudhaan argamuudha. Lafti dakee bakkeewwan akka qoriiwwanii, lafa baldheensaa/diriiraa fi sulullan of keessatti ammata. Qoriiwwan kan jedhaman qaama dachee baay'ee gad dhooqaa (golbataa) gama hundaan naannoolee lafa ol ka'ootiin marfamaniidha. Fakkeenyaf, Afrikaa keessatti irra caalaatti naannoolee qaraqara Garbawwanii, Galaanotaa fi Sulula Qiinxamaa Guddaa keessatti argaman fudhachuun ni danda'ama. Akka waliigalaatti lafti dakee bakkeewwan sirrii galaanaa irraa ol ka'iinsa meetira 1000 gadi qaban yoo ta'an naannoo Mudhii lafaa fi sulullan laggeenii keessattis ni argamu.

**Sulula**

Sululli maali? Sulullan bakka meeqatti qoodamu? Afrikaa keessatti akaakuuwwan sululaa meeqatu jiru?

**Sulula** jechuun bakka baay'ee gad dhooqaa fi gad fageenya guddaa qabuudha. Sulullan bakka gurguddoo lamatti qoodamu. Isaanis Sulula Qiinxamaa Guddaa (Rift Valley) fi Sulula lagaati.

**Sululli** Qiinxamaa guddaan sababa humna lafa keessattiin uumame. Kunis, sochii qaama dachee keessatti uumamuun qaamni dachee baqaquun ennaa gara bitaa fi mirgaatti addaan harkifamu qaamni jidduutti argamu gad liqimfamuudhaan sulula guddan uuma.

Sululli Qiinxamaa Guddaan Baha Afrikaa qaama sulula Guddaa Addunyaa biyya Sooriyaatii ka'uun baha Afrikaa keessa qaxxaamuruun hanga Moozaambikitti fulla'u dheerina hanga 6000 km ta'u qaba. Afrikaa keessatti sululli Qiinxamaa Guddaan kun naannoo Hara Turkaanaa ennaa gahu bakka lamatti qoodama. Naannoo Hara Viktooriyaa gara Dhihaa fi Bahaan marsuun erga naannoo hara Maalaawii gaheen booda walitti deebi'uun hanga biyya Moozaambikiitti fulla'eetiin argama.

Sululli lagaa kan uumamu laggeen naannoolee lafa gaarreenii fi pilaatoowwan keessaa maddan humna guddaan gara naannoo lafa dakeetti ennaa yaa'an qaama dachee bitaa fi mirga lagaatti argamu gad qotuun (nyaachuun) biyyee haranii ennaa deeman lafa qilee fi baay'ee gad dhooqaa (hallayyaa) ta'e uumu.

## Qaamman Bishaana'oo Afrikaa

Qaamman bishaana'oo Afrikaa maal fa'a? Qaamman bishaana'oo ardii Afrikaa marsanii fi keessatti argaman maqaa tarreessuu dandandeessaa? Laggeen gurguddoo Afrikaa hoo?

## Laggeen Afrikaa

Afrikaan qaamman bishaana'oon marfamtee argamti. Afrikaan kana malees, laggeenii fi harawwan baay'ee qabdi. Laggeen Afrikaa keessaa gurguddoon fakkeenyaaf Laga Naayil, Laga Koongoo, Laga Niijar, Laga Zaambeezii, Laga Gaambiyaa, Laga Limpoopoo, Laga Oreenjii fi Laga Jubbaa fa'a. Laggeen Afrikaa dheerina adda addaa qabu. Hammi bishaanii isaan of keessaa qabanis garaagara yoo ta'u, Lagni Naayilii dheerinaan sadarkaa tokkoffaa irratti argama. Lagni Koongoo waan naannoo Mudhii lafaa qilleensa baramaa oo'aa jiidhaa rooba guddaa waggaa guutuu argatu keessatti argamuuf bishaan guddaa qaba.

Laggeen Afrikaa haallan teessuma lafa adda addaa keessaa madduun gara kallattiiwwan adda addaatti yaa'u. Fakkeenyaaf, Laggeen gara Garba Guddaa Hindiitti yaa'an Laga Waabii Shabalee, Laga Gannaalee, Laga Tanaa, Laga Ruvumaa, Laga Zaambeezii fi Laga Limpooppoo fa'a. Laggeen gara Garba Guddaa Atilaatikiitti yaa'an Laga Ooreenjii, Laga Kuneen, Laga Koongoo, Laga Niijar, Laga Vooltaa, Laga Gaambiyaa fi Laga Senegaal fa'a yoo ta'an lagni Naayil gara Galaana Meediteraaniyaatti gala.




**Fakkii 1.6.** Laggeen Gurguddoo Afrikaa

### Amallan Laggeen Afrikaa

Laggeen Afrikaa amallan adda addaa qabu. Isaanis:

A. **Fincaa'aa fi gootuuwwan qabu:** Laggeen Afrikaa naannoolee ol ka'iinsa guddaa keessaa madduun humnaa fi saffisa guddaan yaa'uun biyyee haruun hallayyaa (qillee) guddaan akka uumamu taasisu. Laggeen Afrikaa haala kanaan yaa'an kanniin geejjibaaf mijaa'ina dhabanis humna elektiriikii maddisiisuuf tajaajila guddaa kennu.

B. **Baay'ina bishaanii bonaa-ganna wal qixa hin qaban:** Laggeen Afrikaa waqtii gannaa bishaan baay'ee, waqtii bonaa bishaan xiqqaa qabaatu. Haalli kunis, tajaajila geejjibaa akka hin kennine isaan taasisee jira. Humna elektiriikii maddisiisuu fi qotiisa jallisii babaldhisuu irrattis dhiibbaa uumu.

C. **Seensa garbaa/galaanaa irratti maansa kuusuu:** Laggeen Afrikaa gurguddoo ennaa gara Garboota Gurgoddoo fi Galaanootaatti galan haalli teessuma lafaa baay'ee diriiraa yookiin baldheensa (Plains) waan ta'uuf biyyeen naannoolee lafa olka'oo keessaa humna bishaaniitiin haramee dhufe baay'inaan kuufamee argama. Biyyeen kunis gabbina waan qabuuf tajaajila qotiisaaf faayidaa guddaa kenna. Fakkeenyaaf, Laga Naayil fudhachuun ni danda'ama.

### Harawwan

Hara jechuun maali jechuudha? Afrikaa keessatti harawwan akaakuu meeqaatu jira?

**Hara** jechuun qaama bishaan baldhina murtaa'e qabu kan kallatti hundaan qaama dacheetiin marfamee argamuudha. Afrikaan harawwan uumamaa fi nam-tolchee baay'ee qabdi. Harawwan uumamaa harawwan Sulula Qiinxamaa Guddaa keessatti argamanii fi harawwan Sulula Qiinxamaa Guddaan alatti bakkeewwan lafa ol ka'oo irratti argaman jedhamuun bakka lamatti qoodamu.

Harawwan Sulula Qiinxamaa Guddaa keessatti argaman eenyu fa'a? Harawwan Sulula Qiinxamaa Guddaa alatti argaman kam fa'a? Faayidaan harawwanii maal fa'a?

Harawwan Sulula Qiinxamaa Guddaa keessatti argaman: Hara Taangaanikaa, Maalaawii, Kivuu, Edwaard, Albarti, Turkaanaa, Shaallaa, Laangannoo, Zuwaay (Danbal), Abjaataa, Hawaasaa fi Caamoo fa'a.

Harawwan Sulula Qiinxamaa Guddaan alatti argaman Hara Viktooriyaa, Xaanaa, Nagaamii, Chaadii fi Okovangoo fa'a.

Harawwan sulula Qiinxamaa Guddaa keessatti argaman gad fageenyaa fi gara dalgaattis dheerina waan qabaniif tajaajila geejjibaa ni kennu. Harawwan Afrikaa keessaa baldhina guddaa kan qabuu fi naannoo lafa ol ka'oo ta'e irratti kan argamu hara Viktooriyaatti. Harri Viktooriyaa baldhina 83,000 $km^2$ kan qabu yoo ta'u, biyyoota Baha Afrikaa Taanzaaniyaa Keeniyaa fi Ugaandaa jidduutti argama.Harri kun tajaajila geejjibaas ni kenna.

Harawwan nam-tolchee maali? Naannoo jiraattu keessa harri nam-tochee jiraa? Yoo jira ta'e tajaajila maalii kenna?

Hara nam-tolchee jechuun Laggeen gurguddoo irratti namoonni hidhaa laga irratti ijaaruun bishaan baay'inaan akka kuufamu godhuun hara uumamu jechuudha. Afrikaan Hara nam-tolchees baay'inaan qabdi. Harri nam-tolchee kunniinis, humna elektiriikii maddisiisuuf, bishaan dhugaatiif, horsiisa qurxummiif, qotiisa jallisiif, geejjibaa fi tajaajila bashannanaa kennuun guddina misooma dinagdee keessatti gumaacha guddaa qabu.

**Gabatee 1.3: Harawwan Nam-tolchee Afrikaa Muraasa**

| Maqaa | Biyya keessatti argamu | Hara nam-tolchee | Laga irratti hojjatame | Tajaajila kennu |
|---|---|---|---|---|
| Haayi Asawaan | Ijipti | Naasir | Naayil | Madda humna elektiriikii fi qotiisa jallisiiti |
| Owen Falls | Ugaandaa | | Naayil Adii | Humna Elektiriikii |
| Xiis Abbaayi | Itoophiyaa | | Abbayyaa | Humna Elektiriikii |
| Qooqaa | Itoophiyaa | Qooqaa | Hawaasii fi Qooqaa | Humna Elektiriikii fi qotisa jallisiif |
| Akosomboo | Gaanaa | Voaltaa | Voltaa | Humna elektiriikii, Qotiisa jallisii fi geejjibaaf |
| Kaindjii | Naayijeeriyaa | Kaindjii | Niijar | Humna Elektiriikii |
| Ingaa | Koongoo | | Koongoo | Humna Elektiriikii |
| Kaaribaa | Zaambiyaa fi Zimbaabuwee | Kaaribaa | Zaambeezii | Humna Elektiriikii fi Qotisa jallisiitiif |
| Kaaboraa Baasan | Moozaambiki | | Zaambeezii | Humna Elektiriikii |

**Madda: Kitaaba Barataa Ji'oograafii Kutaa 11**

Harawwan nama tolche kunniin dabalataan tajaajila geejjibaa, horsiisa qurxummii, bishaan dhugaatii fi bakkeewwan bashannanaa ta'uun faayidaa guddaa biyyootaaf kennu.

**Lafa Caffaa'aa:** Afrikaan lafa caffaa'aas baay'inaan qabdi. Lafti caffaa'aan Afrikaa baay'inaan naannoolee lafa dakee fi sulullan laggeenii keessatti argamu. Lafti caffaa'aan guddaan Afrikaa **Okovangoo** yoo jedhamu, jiddu-galeessa Kibba Afrikaa keessatti argama. Lafa caffaa'aa sulullan laggeenii keessatti argaman keessaa **Suud** yaa'a jidduu Laga Naayilitti argamuu fi lafa caffaa Laga Jubbaa keessatti argamu akka fakkeenyaatti fudhachuun ni danda'ama. Naannoolee lafa caffaa'aa sirnaan itti fayyadamnaan madda bishaan tajaajila adda addaa ta'uu danda'u. Sirnaan itti fayyadamuu baannaan bakka wal hormaata bookee busaa ta'uun miidhaa guddaa geessisuu danda'u.

## GOCHA 1.1

**Gocha mirkaneeffannaa**

1. Wixine kaartaa Fiizikaalaa ardii Afrikaa agarsiisuu dabtara (yaadannoo) kee irraatti kaasuun maqaa fiixeewwan afran Kaabaa, Bahaa, Kibbaa fi Dhiha irratti argaman agersiisi. Akkasumas fageenya bakkeewwan kanneenii safara kufaa (digriin) kaa'i.
2. Wixine kaartaa siyaasaa Afrikaa agarsiisu kaasuun barsiisaa yookiin barsiistuu keetti agarsiisi.

## GILGAALA 1.1

### Gaaffiilee gaggabaabaa

1. Argamni ardii Afrikaa karaa meeqaan ibsama?
2. Argama bir qabaa jechuun maali?
3. Qaamman bishaana'oon ardii Afrikaa daangeessan tarreessi.
4. Ardiilee addunyaa isa xiqqaa irraa gara isa guddaatti wal duraa duubaan tarreessi.
5. Haalli teessuma lafaa ardii Afrikaa bakka meeqatti qoodama?
6. Garaagarummaan Sulula Qiinxamaa Guddaa fi sulullan laggeenii maali?
7. Bakka Baab-Eel Mandab jedhamutti ardiin Afrikaa ardii Eeshiyaa irraa hammam addaan fagaatti?
8. Danaan ardii Afrikaa maal fakkaata?
9. Gaarri Rowaanzoorii akkamiin uumame? Eessatti argama?
10. Biyyoonni fiixxeewwan ardii Afrikaa irratti argaman eenyu fa'a?

## 1.2. SARARRAN DAGALEE FI GADEE

### Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura barnoota mata duree kana booda:


- Hariiroo jechoonni sararran dagalee fi gadee, sararran waltarree (Parallels) fi sararran Meeridiyaanii (Meridians) waliin qaban ni ibsita.
- Maalummaa fi faayidaa sararran Dagalee fi Gadee ni ibsta.
- Faayidaa sararran Dagalee fi sararran Gadee ni ibsita.

### Sararran Dagalee

Sararran Dagalee maali? Sararran Dagalee qaama lafaa irratti argamu jettee yaaddaa? Faayidaan sararran Dagalee maali?

Sararran Dagalee sararran yaadaa giloobii fi kaartaa irratti dhihaa gara bahaatti yookiin bahaa gara dhihaatti sararamanii argamaniidha. Sararran dagalee fuula lafaa irratti hin argaman. Sararran dagalee fageenya Mudhii lafaa irraa gara bantii Kaabaa fi bantii Kibbaatti argamu ittiin safaruuf fayyadda.

Sararran Dagalee keessaa beekamoon sarara Mudhii lafaa (0°), sarara Kaansarii 23½° ka fi Sarara Kaappirikoornii 23½° ki fa'a. Sararri Mudhii lafaa qaama lafaa hemisfeera Kaabaa fi Kibbaatti bakka lama wal qixa ta'etti qooda. Sararri Mudhii lafaa fageenya gara bantii kaabaa fi bantii Kibbaatti argamu safaruuf akka ka'umsaatti tajaajila. Fageenyi Mudhii lafaa irraa hanga Bantii kaabaattis ta'ee hanga Bantii Kibbaatti jiru 90° ta'a. Sararran Dagalee akkuma Mudhii lafaa irraa garaa Kaabaa fi Kibbaatti deemamuun dheerinni isaaniis gaggabaabbataa deema. Sararran Dagalee sararran waltarree ennaa ta'an, hundi isaaniituu wal hin tuqan.





**Fakkii 1.7.** Sararran Dagalee

### Sararran Gadee

Sararran Gadee maali? Sararran Gadee fuula lafaa irratti argamuu? Faayidaan sararran Gadee maali?

Sararran Gadee akkuma sararran Dagalee sararrann yaadaa ennaa ta'an, giloobii fi kaartaa irratti malee fuula lafaa irratti hin argaman. Sararran Gadee Kaabaa gara Kibbaatti yookiin Kibbaa gara kaabaatti kan sararamanii argaman yoo ta'an, bantilee irratti waltuqu. Sararran Gadee martinuu gartokkee Korboo (geengoo) guddaa uumu. Sararran Gadee keessaa kan akka ka'umsaatti tajaajilu Piraayim Meeridyaanii (0°) jedhama.

Sarara Piraayim Meeridyaanii (0°) irraa gara bahaatti fageenyi jiru 180° fi gara dhihaattis kan jiru 180° ennaa ta'u walumaa galatti fiixxeen bahaa fi dhihaa 360° addaan fagaatu. Dheerinni sararran Gadee hundinuu wal qixa. Baldhinni sararran Gadee jidduutti argamu naannoo Mudhii lafaatti baldhaa fi akkuma gara bantii Kaabaa fi Kibbaatti dhiyaataa deemaniin walitti dhiphachaa deemu. Fageenyi sararran Gadee jidduutti argamu digridhan yoo safaramu, Sararran Gadee fageenya gara bahaa fi dhihaatti sarara Piraayim Meeridyaanii (0°) irra argamu shallaggii yerootiif tajaajila guddaa kennu.




**Fakkii 1.8.** Sararran Gadee

Sararri Piraayim Meeridyaanii (Giriinwich Meeridiyaanii) (0°) biyya Gaanaa Magaalaa Akraa keessa qaxxaamuruun biyya Ingilizii London keessa fulla'a. Sararri Piraayim Meeridiyaanii qaama lafaa bahaa-dhihatti bakka gurguddoo wal qixa ta'an lamatti qooda. Faayidaan sararran Gadee Sararran Dagaleetiin walitti qindeeffamuun argama bakka, naannoo, magaalaa fi biyya tokkoo ibsuu fi shallagii yeroo beekuudhaaf gargaaru.

> Sararri Mudhii lafaa qaama lafaa kaabaa fi kibbatti bakka lama wal qixa ta'etti qooda. Qaamni lafaa Mudhii lafaa (0°) irraa gara kaabaatti argamu hemisfeeraa kaabaa ennaa jedhamu, qaamni lafaa Mudhii lafaa irraa gara kibbaatti argamu hemisfeera Kibbaa jedhama. Akkasumas qaamni lafaa sarara Piraayim Meeridyaan irraa gara bahaatti argamu hemisfeera Bahaa ennaa jedhamu, qaamni lafaa gara dhihaatti argamu ammoo hemisfeera Dhihaa jedhama.

Sararran Gadee akkamitti shallaggii yerootiif tajaajilu? Akkuma beekamu danaan lafaa korbootti dhiyaata. Waan kana ta'eef lafti yeroo tokko ofirra naanna'uuf 360° itti fudhata jechuudha. Lafti si'a tokko of irraa naanna'uuf sa'aatii 24:00 itti fudhata. Kanaafuu, 360° yoo sa'aatii 24:00 qoodne 15° arganna. Tokkoo tokkoon sararran Gadee 15° wal irraa fagaatanii argamu. Kana jechuun ammoo 15° = sa'aatii 1:00 ta'a jedhuudha. Karaa biraatin ennaa ilaalamu kun kan agarsiisu lafti dheerina sa'aatii 1:00 keessatti 15° of irra naannoofti jechuudha. Sababa sochii lafaatiin biiftuun karaa kallatti bahaa baatee gara dhihaatti lixxi.

Sararran Gadee shallagii yerootiif gargaaru. Biyyoonni addunyaa Meeridiyaanii guddaa irraa fageenya digrii adda addaa irratti argaman sa'aatii adda adda lakka'a'atu. Yeroon karaa lamaan himama. Inni tokko ("A.M" fi "P.M") yoo jedhamu inni lammataa ammoo "GMT" jedhama. "A.M" (anti meridian) kan jedhamu dheerina yeroo walakkaa halkanii irraa kaasee hanga walakkaa guyyaatti (Sa'aatii 12:00) jiru agarsiisa. "P.M" (Post Meridian) kan jedhamu ammoo dheerina yeroo walakkaa guyyaa irraa kaasee hanga walakkaa halkaniitti (sa'aatii 12:00) jiru agarsiisa.

Haalli yeroon itti ibsamu kan lammaffaa ammoo "GMT" (Greenwich Mean Time) jedhama. Kunis dheerina yeroo walakkaa halkanii irraa kaasee hanga walakkaa halkan guyyaa lammaffaatti walitti fufinsaan (Sa'aatii 24:00) jiru agarsiisa.

Garaagarummaa sa'aatii biyyoonni adda addaa lakkaa'atan fakkeenya magaalaa Londonii fi Finfinnee haa ilaalluu.

1. **Magaalaan London (0°) irratti argamti.** Magaalaan Finfinnee ammoo 45° Baha irratti argamti. Garaagarummaan sa'aatii Magaalaa Londonii fi Finfinnee jidduu jiru meeqa ta'a? Deebii gaaffii kanaa argachuuf haallan armaan gadii hordofuu qabda.

A. Dursitee garaagarummaa fageenya digrii sararran Gadee lamaan jidduu jiru barbaadi. Kana barbaaduuf:
   - Yoo bakkeewwan lamaan ibsaman Hemisfeera tokko keessatti kan argaman ta'e diggrii lakkoofsa guddaa qabu irraa digrii lakkoofsa xiqqaa qabu hirdhisi.
   - Yoo bakkeewwan lamaan ibsaman Hemisfeerota adda addaa keessatti kan argaman ta'e lakkoofsa digriiwwan sararran Gadee lamaanituu walitti ida'i.

B. Garaagarummaa Sararran Gadee "A" irratti argatte gara sa'aatiitti jijjiirta. Kana raawwachuuf waan shallagdee argatte 15°f qoodi.

C. Sa'aatii shallagdee argatte kana ammoo haala armaan gadii kanaan mirkaneeffadhu.
   - Bakki sa'aatiin isaa akka beekamu barbaadame sun bakka ka'umsaa irraa gara bahaatti kan argamu yoo ta'e sa'aatii bakka ka'umsaatiif kenname irratti sa'aatii shallagdee argatte ida'i.
   - Bakki sa'aatiin isaa akka beekamu barbaadame sun bakka ka'umsaa irraa gara dhihaatti kan argamu yoo ta'e, sa'aatii bakka ka'umsaatiif kenname irraa sa'aatii shallagdee argatte hirdhista.

Haaluma kanaan London 0° irratti yoo argamtu, Finfinneen 45° Baha irratti argamti. Garaagarummaan sa'aatii isaanii 45° – 0° = 45°. Akkuma arman olitti hubatte, 15° = 1:00 waan ta'uuf 45° ÷ 15° = sa'aatii 3:00 ta'a.


Finfinneen Magaalaa London irraa gara bahaatti waan argamtuuf sa'aatii London (0°) kenname 7:00PM irratti sa'aatii 3:00 idaana. Haala kanaan magaalaa Finfinnee irratti sa'aatii 10:00 P.M. ta'a jechuudha.

Magaalaan "B" 45° Baha irratti sa'aatiin 6:00 AM yoo ta'e, magaalaan "C" 30° Dhiha irratti sa'aatii meeqa ta'a? Magaalonni (bakkeewwan) lamaanuu Hemisfeerota adda addaa keessatti waan argamaniif fageenya jidduu isaanii jiru digriin kenname walitti ida'i. Kunis 45° + 30° = **75°** ta'a. Kanas haala armaan gadiitiin shallagi

$$\begin{aligned} 15^\circ &= 1{:}00 \\ 75^\circ &= ? \end{aligned} \quad \Rightarrow \quad \frac{75^\circ}{15^\circ} = 5{:}00 \text{ ta'a}$$

Bakki sa'aatiin isaa akka beekamu barbaadame bakka sa'aatiin ka'umsaa kennameef irraa gara dhihaatti waan argamuuf sa'aatii shallagamee argame kana sa'aatii bakka ka'umsaa irraa hirdhisita. Kunis, 6:00 AM – 5:00 = 1:00 P.M ta'a jechuudha.

**Gabatee mala Lakkoofsa sa'aatii Greenwich (0°) irra gara Bahaa fi Dhihaatti shallaguuf gargaru.**




## GOCHA 1.2

**Gocha mirkaneeffannaa**

1. Dabtara kee irratti wixinee kaartaa Afrikaa kaasuun sararran Dagalee fi Gadee kaasi. Sararran Dagalee beekamoo fi sarara Giriinwichii maqaa irratti barreessuun agarsiisi.
2. Burtukaana guddinni isaanii wal qixa ta'e lama fudhachuun tokko dalga wal qixatti muruun sararran Dagalee ilaaluuf yaali. Kan lammataa ammoo irraa gadee bakka wal qixa ta'anitti baqaqsuun sararran Gadee ilaali. Gocha kana irraa maal hubatte?

## GILGAALA 1.2

### Gaaffiilee gaggabaabaa

1. Faayidaan Sararran Dagalee maali? Kan Sararran Gadee hoo?
2. Ardii jechuun maali?
3. Addunya irratti Zoononni yeroo meeqatu jira?
4. Argamni ardii Afrikaa mala argama dhugaatiin (absolute location) akkamitti jira?
5. Sararran Dagalee beekamoon eenyu fa'a?

## 1.3. MAATII AFAANOTA GURGUDDOO AFRIKAA FI FACA'IINSA ISAANII

**Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Kutaa kana erga xumurtee booda:

- Naannoo maatiiwwan afaanota gurguddoo Afrikaa keessatti dubbataman ni himta,
- Maatiiwwan Afaanota Afrikaa gurguddoo ni tarreessita.

Afaan mallattoolee sagalee fi barreeffamaatti fayyadamuun karaa ittiin wal qunnamtiin ummata jidduutti uumamudha. Mallattoolee fi barreeffamoota kana dhala namaa qofatu itti fayyadama. Kunis dandeettiiwwan dhalli namaa qabu isaan gurguddoo keessaa isa tokkoo fi kan bineeldota biroo irraa adda baasuudha. Baay'inni afaanota Afrikaa keessatti dubbatamanii 1000 oli ta'a. Kunis sadarkaa addunyaatti Afrikaan ardii afaanonni baay'een keessatti dubbataman taasiseera.

Jaarraa 20ffaa keessa qo'annaan bal'aan Afaanota Afrikaa keessatti dubbataman irratti gaggeeffamaa tureera. Hayyoota afaanii beekamoo qo'aanna kana gaggeessan keessaa inni tokkko lammii Ameeriikaa Jooseef Giriinbergi jedhama. Innis afaanota Afrikaa akkaataa walitti dhufeenya isaaniitti garee afuritti qoodeera. Isaanis:

## A. Afaanota Afroo-Eeshiyaa

Maatii guddaan afaanota Afrikaa kun gara Kaaba-Dhihaa fi Kaaba-Baha Afrikaa hanga Gaafa Afrikaatti kan dubbatamudha. Innis tilmaamaan afaanota 375 of keessatti kan hammatu ta'uu isaatii fi namoota miliyoona 350tti lakkaa'amuun kan dubbatamu ta'uun isaa ni beekama. Maatii afaanii Afroo-Eeshiyaa keessaa inni bal'aan afaan Arabaa yoo ta'u namoota lakkoofsi isaa miliyoona 280 ta'uun dubbatama. Afaan kun Baha Misir irraa eegalee hanga Baha Moritaaniyaatti dubbatama.

Maatiin afaanota Afroo-Eeshiyaa garee afaanota armaan gadii of keessatti hammata:

- **Misir Durii;** afaanota ummata Misir duriitiin dubbatamu kan of keessatti qabatu yammuu ta'u, ragaaleen waa'ee garee afaanota kanaas kan argamu barreeffama hayiroogiliifiksii Misir durii keessatti.
- **Barbar;** Afaanonni Barbar kaaba Afrikaa, naannoo Maagriib biyyoota akka Moorokoo, Aljeeriyaa, Tuunisiyaa fi Liibiyaa keessatti dubbatamu.
- **Chaadikiin** afaan Naayjeeriyaa, Niijar, Chaad, Rippaablikii Afrikaa Jiddu-Galeessaa fi Kaameeruun keessaatti dubbatamu.
- **Kushitikiin** ammoo bal'inaan Afrikaa Bahaa keessatti kan dubbatamu yammuu ta'u maatiiwwan xixiqqoo armaan gadii of keessatti hammata.
  - Kushitikii Kaabaa kan akka afaan Beejjaa, Ertiraa fi Sudaan keessatti dubbatamu,
  - Kushitikii Giddu-Galeessaa kan Agawu, Bileen Qimaantii fi Awwinyiidhaan bakka bu'amuu fi kan Itoophiyaa keessatti argamu,
  - Kushitikii Bahaa kan afaanota Itoophiyaa akka Affaar, Saahoo, Somaalii, Tsamaay, Afaan Oromoo fi Koonsoo of Keessatti hammata,
  - Kushitikii Baddaa-kan afaanota Itoophiyaa Kambaataa, Haadiyyaa, Sidaamaa fi Geedewoodhaan bakka bu'amudha,
  - Kushitikii Kibbaa-kan Taanzaaniyaa keesatti dubbatamu
- **Omootikii** maatii afaanota Afroo-Eeshiyaatti ramadaman keessaa isa tokko yammuu ta'u, kan bal'inaan dubbatamus kibba-dhiha Itoophiyaa naannoo Sulula Laga Oomoo keessatti. Afaanota maatii kana jalatti ramadaman keessaa Baambaasii, Caaraa, Meloo fi Amsaatu argama.
- **Seemitikii** Afaanota Seem Bahaa fi Seem Dhihaa jechuun bakka lamatti qoodamu. Baabiloonii fi Asiiriyaan Seem Bahaa keessatti yammuu ramdaman afaanonni Seem Itoophiyaa keessatti dubbataman ammoo Seem Dhihaa jalatti ramadamu. Isaanis akka armaan gadiitti bakka lamatti hiramu:
  - Garee Seem Kaabaa kan Afaanota Tigraay, Tigre fi Gi'iz of keessatti hammatuu fi
  - Garee Seem Kibbaa afaanota Amaaraa, Guraagee, Argobbaa, Hararii fi Zayiin kan of keessatti hammatuudha.

### B. Afaanota Naayiloo-Sahaaraa

Afaanonni maatii guddaa Naayiloo-Sahaaraa jedhamu jalatti ramadaman kun Afrikaa keessatti kaaba Niijar-Koongoo naannoolee laggeen Naayilii fi Chaariitti dubbatamu. Maatiin afaanii guddichi kun maatiiwwan xixiqqaa jahatti addaan qoodama. Isaanis:

- **Chaarii**-Naayil kan afaanota Anyuwaak, Bartaa, Kunaamaa, Mazyangir, Mi'een, Mursii fi Nuweer fa'a kkf of keessatti hammatudha.
- Soongaay naannoo Laga Niijaritti biyyoota Maalii fi Niijar keessatti dubbatama.
- Sahaaraan afaanota Afrikaa dhihaa keessatti dubbataman kan akka Kaanurii, Tedaa fi Zaaguwaa of keessatti hammata.
- Maabee kan Chaad keessatti dubbatamu
- Kooman daangaa Sudaanii fi Itoophiyaa irratti kan dubbatamu yammuu ta'u, afaanota akka Gumuz, Keree fi Laangaa of keessatti hammata.
- Fur ammoo Sudaan, Daarfuur keessatti dubbatama.

### C. Afaanota Niijar-Kordofaanii

Bal'inni lafaa maatiin afaanii kun keessatti dubbatamu Afrikaa keessaa isa guddaa dha. Naannoolee muraasa akka Itoophiyaa, Somaaliyaa fi Afrikaa Dhihaa irraa kan hafe, dubbattoonni garee afaanichaa ardicha hunda keessatti argamu. Afaanota hanga 900 ta'an kan of keessatti qabatuu fi naamoota miliyoona 500 ta'uun dubbatama. Niijar-Kordofaaniin garee lamatti qoodama. Isaanis Niijar-Koongoo fi Kordofaanii jedhamu. Gareen Kordofaanii jedhamu kun kan dubbatamu Sudaan keessatti kutaa Kordofaan keessatti yammuu ta'u, maqaan isaas kan argate kanuma irraati.


Niijar-Koongoon damee isa guddaa yammuu ta'u, dameewwan xixiqqaa jaha of keessatti hammata. Isaanis:

- Atlaantik Dhihaa afaanota afurtamii sadii kan of keessatti qabatuu fi Afrikaa Dhihaa, Giinii fi Seneegaal, keessatti dubbatama. Kanneen keessaa Wolofii fi Fulaaniitu argama.
- Gareen afaanii Maandee jedhamu afaanota digdamii jaha of keessatti yammuu qabatu kan dubbatamus naannoo Seeraa Liyoon, Giinii fi Maaliitti.
- Voltaayiki kan dubbatamu Burkiinaa Faasoo, Gaanaa fi Koot-Divuwaar keessatti yammuu ta'u, akka waliigalaatti afaanota torbaatamii sagal qaba. Isaan keessaa Mosiin isa baay'ee beekamaadha.
- Kuwaan afaanota torbaatamii sadii qaba. Kan dubbatamus Afrikaa Dhihaa keessaatti. Afaanonni Gaa, Yoorubaa fi Igboon keessatti argamu.
- Beenuu-Koongoon Naayijeeriyaa irraa kaasee hanga Kibba Afrikaatti kan dubbataman afaanota dhibba shanii fi shantamii torba of keessatti hammata. Kanneen keessaa Baantuun isa guddicha.
- Adamaawaan ammoo afaanota dhibba tokkoo fi kudha lama Afrikaa Giddu-Galeessaa, Kaameeruunii fi Koongoo D.R. keessatti dubbataman of keessaa qaba.

### D. Afaanota Kooysaan

Maqaan kun kan dhufe ummattoota Kooyi-Kooyii fi Saan kan bara durii eegalee Afrikaa Kibbaa keessa jiraataa turan irraati. Maatiin guddaan kun Kooysaan Kaabaa, Kooysaan Giddu-galeessaa fi Kooysaan Kibbaa jedhamuudhaan bakka sadiitti addaan qoodama. Afaanonni kunniin balaa guddaa irra jiru. Sababiin isaas garee ummata horsiisee bulaa baay'ee duubatti hafaa ta'een qofa waan dubbatamanii fi dadhabaa kan jiran waan ta'aniifi. Kooysaan keessaa afaan irra caalaa beekamaan afaan Naamaa jedhamuu fi Naamiibiyaa keessatti dubbaatamu dha. Afaan kun dubbattoota hanga 250,000 qaba.

Maatiiwwan gurguddoo armaan olitti eeramaniin alatti Maalayoo-Polineeshiyaan (Awustironeeshiyaan) maatii afaanii ummattoota cittuu Maadagaaskaar keessatti argamaniin kan dubbatamudha. Ummattoonni kun sababa walitti makamuu ummata cittuu kana irra jiraachaa turee fi ummatoota Eeshiyaadhaa dhufaniin kan uumamanidha.




**Fakkii 1.9.** Faca'iinsa Maatiiwwan gurguddoo Afaanota Afrikaa

**GILGAALA 1.3**

**Gaaffiilee gaggabaabaa**

1. Biyya kam keessatti afaanonni Naayiloo-Sahaaraa bal'inaan dubbatamu?
2. Biyyoota Afrikaa Kibbaa afaanonni Kooy-Saan keessatti dubbataman lama tarreessi.

## 1.4. QAROOMMAN AFRIKAA DURII

### Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Kutaa kana erga xumurtee booda:

- Faayidaa qaroomina Afrikaa durii ni ibsita,
- Wiirtuulee qaroomina Afrikaa durii ni eerta,
- Bakkeewwan qaroomina Misirii fi kaarteeji ni argisiifta.

### A. Misir Durii

Qaroomni Misir durii bu'aa qonnaa, ijaarsaa, wal qunnamtii fi gurmaa'ina isaatiin sadarkaa addunyaatti hedduu dinqisiifamaa ture. Dh.K.D. bara 5000-4000 jidduutti qonnaan bultoonni Misir sulula Naayil keessa qubatanii jiraachuu jalqaban. Bishaan laga kanaatti fayyadamanii midhaan oomishuu itti fufan. Bakki isaan keessa jiraatan gara bulchiinsa gandaa **Nooms** jedhamutti dhawaata dhawaataan guddataa dhufe. Mootummoonni gandaa kunniin bulchitoota naannoo **Noomaarkis** jedhamaniin hogganmu turan.

Dh.K.D. bara 3500, bakka amma Misirii fi Sudaan Kaabaa jedhaman mootummoota lamatu turan. Isaanis Mootummaa Misir Olii (Kibbaa), kan gonfoo adiin bakka bu'uu fi Misir Gadii (Kaabaa), kan gonfoo diimaan bakka bu'u turan. Gonfoo dachaan Pisheent (Pschent') jedhamu seenaa dheeraa Misir keessatti mallattoo aangoo mootummaa ture. Mootichi Misir Naarmer (Meenes) jedhamu Dh.K.D. bara 3100 mootumnoota lamaan walitti make jedhamee amanama. Hojiin isaas gorsitoota isaa **Viizeroota** jedhamaniin gargaaramee hojjachaa ture. Isaanis mootummaa Misir isa jalqabaa magaalaa guddoo Meemfiis jedhamuutti akka hundeeffatu isa gargaaran. Kunis jalqaba qarooma Misiri kan waggaa 3000 ol ture jedhamee amanama. Barri kun sadarkaa sadiitti yammuu qoodamu isaanis bara Mootummaa Moofaa (Dh.K.D. 3000-2200), bara Mootummaa Giddu-Galeessaa (Dh.K.D. 2052-1800) fi bara Mootummaa Haaraati (Dh.K.D. 1550-1080). Baroottan kana mootummonni isaanii hoggantoota Fara'oonotaan jedhamaniin gaggeeffamaa turan.

Dh.K.D. jaarraa 8$^{ffaa}$ irraa eegalee qaroomni Misir dadhabuu jalqabe. Kanaafis sababni guddaan weerara biyyoota akka Nuubiyaa, Asiiriyaa fi Pershiyaati. Dh.K.D bara 332, yeroo weerara Girikii Aleksaander Guddichaan gaggeeffame qaroomni Misiri baay'ee gad bu'e. Ol'aantummaan Giriik Misiri keessa kan ture hanga weerara Roomaanotaa Dh.K.D. jaarraa tokkoffaatti.

### Bu'aa Qaroma Misir Durii

Qaroominni Misir durii jireenya hawaasaa kan ammayyaa keessatti illee iddoo guddaa qaba. Sababiin isaas argannoowwan, haalli ijaarsa Piiraamiidii, hojii qonnaa, hariiroon hawaasummaa, fi akkaataan jireenya isaanii hawaasa addunyaa birootiin fudhatamuu isaaniiti.



**Fakkii 1.10.** Piiraamiidii Misir

### Qonnaa fi Daldala

Ummanni Misiri durii kallattii biiftuu, ji'aa fi urjiiwwan waggaa guutuu keessatti qorachuun sochii isaan taasisan irratti hundaa'uudhaan ta'eewwan gara fuulduraa raaguu (himuu) danda'aniiru. Keessattuu, lagni Naayil waggaa waggaan akka guutee dhufu himuun danda'ameera. Kunis biyyee gabbataa baay'inaan argamsiisuun qonna sadarkaa ol'aanaatti guddiseera. Mala kanaan Misiroonni durii sirriitti beekanii galaana waggan dhufu sannaaf of qopheessuu danda'aniiru.

Karaa daldalaatiinis sadarkaa ol'aanaa irra kan turan ta'uun isaanii ni beekama. Kanumaan wal qabatee biyya keessaa fi alatti sochii daldalaa gochaa turaniiru. Meeshaalee daldalaa kanneen akka faayotaa oomishanii biyyoota alaatti gurguraa turan.

### Barnootaa fi Amantii

Ummattoonni Misir durii barnootaa fi amantiidhaaf xiyyeeffannaa guddaa kennaa turan. "waaqota" adda addaa kan akka Raa fi waaqa aduu, gabbaraa turuun isaaniis ni beekama. Kaayiroo ammaa cinaatti kan argamtu magaalaan **Heliippoliis** wiirtuu barnootaa fi amantii turte. Barreeffamni ummata Misir durii barreeffamoota addunyaa umrii dheeraa qaban keessaa isa tokko. Innis **Haayroogiliifiksii** jedhamuudhaan beekama. Haayroogiliifiksiin sirna barreeffamaa mallattoolee yookiin fakkiiwwanitti fayyadamuudhaan yaada yookiin sagalee ittiin ibsanidha. Meeshaan irratti barreeffamu ammoo **Paappiiras** jedhama.



**Fakkii 1.11.** Barreeffama Haayroogiliifiksii Paappiiras irratti

## B. Qarooma Kaarteej Durii

Kaarteej kan hundeeffamte Dh.K.D. bara 850tti yammuu ta'u, naannoo Kaaba Afrikaa Tuuniisiyaa ammaa keessatti. Qarqara Meediteraaniyaanitti argamuun ishee daldala galaanicha irratti adeemsifamu ol'aantummaadhaan to'achuu akka dandeessu ishee taasiseera. Kunis cimina isheetiif sababa ta'eera. Gara kibbaatti Kaarteej daldala gammoojjii Sahaaraa qaxxaamuru irratti hirmaachaa turte.

Magaalaa Kaarteej keessatti buufatawwan doonii gurguddoo lamatu ture. Inni tokko dooniiwwan waraanaa 220 kan keessummeessu yammuu ta'u, inni lammaffaan buufata dooniiwwan daldalaati.

Magaalattiin dallaa 37 km dheeratuun marfamtee turte. Dallaan kun kallattii adda addaatiin magaalattii weerara diinaa irraa dhoowwaa ture. Hambaawwan bu'aa qarooma Kaarteej isaan biroo keessaa bakkeewwan awwaalaa, amantii fi gabaa akkasumas galmawwan tiyaatiraatu argamu. Dahannoo Biirsaa (*Byrsa*) jedhamus handhuura magaalattii keessatti ijaaramee ummanni keessa dhokachuudhaan diina irraa of eegaa ture. Magaalaan Kaarteej magaalaa Misir, Aleksaandiriyaatti aantee magaalota naannichatti argaman keessaa ishee guddoo turte.



**Fakkii 1.12.** Hambaa qaroomaa Kaarteej "UNESCO"dhaan galmaa'e

Qaroomni Kaarteej Dh.K.D. jaarraa 3ffaa irraa kaasee dadhabaa dhufeera. Sababni isaa inni guddaan waraana Roomanota wajjin adeemsifameedha. Yeroo jalqabaa, Roomanonni Kaarteej wajjin michoomanii Giriikiin waraanuudhaan Dh.K.D. bara 275tti injifannoo argataniiru. Booda garuu, fedhii guddaa naannicha to'achuu barbaaduu irraa kan ka'e Kaarteeji irratti waraana banan. Waraanni kun waraana Piyuunik yammuu jedhamu innis sadarkaa sadarkaadhaan akka armaan gadiitti dhiyaateera:

### Waraana Piyuunik Tokkoffaa (Dh.K.D. 264-241)

Waraana kana keessatti loltoonni Kaarteej yeroo jalqabaa ol'aantummaa argatanii Roomanota irraa qabeenya akka boba'aa fi oomishoota qonnaa adda addaa fudhataniiru. Haa ta'u malee, Dh.K.D bara 241tti mo'amaniiru.

### Waraana Piyuunik Lammaffaa (Dh.K.D. 218-202)

Waraana Piyuunik isa tokkoffaa booda Roomanonni Kaarteej irraa Sardiiniyaa erga fudhatanii booda koloniiwwan ishee Ispeen keessa jiran irratti waraana banan. Yeroo kana Kaarteej waraana ishee nama Haniibaal jedhamuun hogganamu Roomaanota irratti duulchifte. Lola waggaa kudha shanii oli gaggeeffameen booda garuu Dh.K.D bara 202tti Haniibaal loltoota Room Jeneraal Siipiyootiin hogganamaniin dirree waraanaa Zaamaatti injifatame.

### Waraana Piyuunik Sadaffaa (Dh.K.D. 149-146)

Kaarteej waraanota tokkoffaa fi lammaffaa keessatti haa mo'amtu malee karaa daldalaa ol'aantummaa ishee hin dhabne. Dh. K.D bara 149tti garuu, Roomaanonni waraana banuudhaan Kaarteejiin weeraraniiru. Lolli Piyuunik sadaffaa jedhamu kunis Dh.K.D. bara 146tti injifannoo Roomaatiin xumurame. Sababa waraana kanaatiin ummanni Kaarteej gabroomeera. Dahannoowwanii fi magaalonni ishee barbadaa'aaniiru. Akkasumas Kaarteej ol'aantummaa daldalaa ishee dhabdeetti.



**Fakkii 1.13.** Hambaa Qarooma Kaarteej waraanan barbadaa'e

**GILGAALA 1.4**

## Gaaffiilee gaggabaabaa

1. Sadarkaalee sadan qaroomni Misir durii itti qoodamu tarreessi.
2. Magaalaan Kaayiroo cinaatti argamtuu fi wiirtuu barnootaa fi amantii Misir durii turte kami?
3. Dahannoon Biirsaa eessatti argama?

## 1.5. MOOTUMMOOTA AFRIKAA SIRNA KOLONIIN DURAA

**Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Mata dure kana erga xumurtee booda:

- Bu'uura dinagdee biyyoota Gaanaa, Maalii fi Soongaay ni xiinxalta,
- Bu'aa hojii ijaarsaa ummata Zimbaabuwee ni dinqisiifatta,
- Bakka mootummaa Funji koloniin duraa ni agarsiifta.

### A. Gaanaa

Mootummaan Gaanaa kan hundeeffame Dh.K.B. jaarraa 4$^{ffaa}$ keessatti yammuu ta'u, magaalaa gudditti in isaa Kumbii Saaleh jedhama. Mootummaan kun kan argamu Gaanaa ammaa irraa kallattii Kaaba-bahaatti ennaa ta'u, kibba Mooritaaniyaa fi Maalii ammaa of keessatti qabata.

Ummatoota Gaanaa keessaa ummanni Soonikee naannoo albuuda warqiitiin beekamaa ta'e, Waangaraa, keessa jiraataa ture. Naannooleen albuuda kanaan beekaman biroon kanneen akka Buree fi Baambuk, naannooleen oomisha ashabootiin beekaman ammoo Takeedaa, Tagaazaa fi Gadames akkasumas daandiiwwan daldalaa Taadmekaa fi Awudagos to'annoo Gaanaa jala turan. Ummanni Gaanaa hojii sibiilaatiin beekamoo turan.

Ciminni Gaanaa sdarkaa ol'aanaa irraa kan gahe Dh.K.B. naannoo bara 1000 ture. Mootonni Gaanaa **Kaayaa Magan** jedhamanii waamamaa turan. Innis abbootii (gooftota) warqii jechuudha. Mootonni kun impaayera bal'aa hundeessuu danada'niiru. Haa ta'u malee, impaayerri kun jaarraa 11$^{ffaa}$ tti kufuu jalqabe. Sababban isaas:

- Weerara Almooraaviidotaa Abuubakar Ben Umariin hogganamee fi
- Fincila biyya keessaa kan akka ummatoota Sosoo fi Mosiiti.

Bara 1240tti mootichi Gaanaa Sumaanguruu jedhamu humna waraanaa Maaliinkee, Sundiyaataa Keetaatiin hogganamuun dirree waraanaa **Kirnaa** jedhamutti injifatameera.

### B. Maalii

Impaayerri Maalii Afrikaa Dhihaa keessatti Sundiyaataa Keetaatiin 1230–1255 hundeeffame. Impaayerri ummata Maandiinkaa kun mootota qabeenya hedduu qabaniin hogganamaa ture. Kanneen keessaa inni baay'ee sooressi mooticha Maansaa Muusaa (1307–1337) jedhamudha. Bara bulchiinsa isaa Maaliin addunyaa irratti impaayeroota baay'ee ciccimoo fi gurguddoo turan keessaa ishee tokko taatee turte. Bal'nni lafa isheetiis ardii Awurooppaa caaluu danda'eera.

Aadaan, afaanii fi seerri ummata Maalii Afrikaa Dhihaa keessatti keessumaayyuunaannoo sulula Laga Niijaritti babal'achuu danda'eera. Babal'ina amantii Islaamaatiin wal qabatee Maansaa Muusaa mataan isaa bara 1324tti gara Makkaatti adeemsa Hajjii (pilgrimage) godheera. Gaa'oo fi Timbuktuu keessatti masgiidonni hedduun ijaaramaniiru. Timbuktuunis handhuura barnootaa fi aadaa Islaamaa ta'uu dandeesseetti.

> Dinagdeen Maalii qonna, hojii sibiilaa fi daldala irratti kan hundaa'e ture. Albuunni warqii meeshaa daldalaa isa guddaa ture. Sababa qabeenya warqii kanaatiif Maaliin El-Doraadoo jedhamtee waamamaa turte. Kana jechuunis madda warqii jechuudha. Yeroon booda maddoota warqii Gaanaa kan turan Waangaraa fi Baambukiin to'achuu dandeesseetti.

Bara 1446 Maaliin waraana Soongaayiin injifatamteetti. Dadhabinaa fi kufaatii Maaliitiif sababa kan ta'e impaayera bal'aa kana haala gaariitiin bulchuu dadhabuu isheeti.

## C. Soongaay

Argamni Soongaay naannoo giddu-galeessa Naayijeeriyaa ammaatii kaasee hanga qarqara Atlaantikitti ture. Hundeeffama Soongaayiif bu'uura kan buusan Suleemaan Tarii fi Alii Kolon turan. Yeroo dheeraadhaafis mootummaa sanyii Diyaa warra Tuwaaregin bulaa turte.

Dinagdeen ummata Soongaay kan hundeeffame qonna, qurxummii qabuu fi daldala irratti ture. Bulchiinsa Soongaay keessatti hoggantoonni baay'ee beekamoon Suunii Alii (1464-1492) fi Askiyaa Mahaammad Turee, akkasumas, Askiyaa 1$^{ffaa}$ yookiin Askiyaa Guddicha (1492-1519) turan. Bara bulchiinsa Askiyaa 1$^{ffaa}$ ciminni Soongaay sadarkaa ol'aanaa irra yammuu gahu daldallii fi amantiin Islaamaas babal'ataniiru. Bara 1591 garuu, hogganaan Moorokoo, El-Mansuur, loltoota isaa erguudhaan Soongaayiin dirree waraanaa **Toondibiitti** injifateera. Kunis kufaatii isheetiif sababa ta'eera.

## D. Zimbaabuwee

Zimbaabuween giddu-galeessa kibba Afrikaa keessatti laggeen Zaambeezii fi Limpooppoo gidduutti argamti. Qabeenya uumamaatiin badhaatuu ta'uun ishee fi qilleensa mijaa'aa qabaachuun ishee jireenya ilma namaatii fi horsiisa horiitiif mijooftuu akka taatu ishee gargaareera. Ilkaan arbaa,warqii fi albuudota biroo hedduus qabdi turte. Maddi cimina mootummaa kanaa guddichi galii daldala warqii irraa argamu ture. Yeroo tokko tokko waggaatti warqii hanga toonii tokkootu oomishama ture. Akka waliigalaatti daldalli bu'uura dinagdee biyyattii kan ture yammuu ta'u, Maapungubween ammoo, sulula Laga Limpooppootti wiirtuu daldalaa ishee jalqabaa turte.

Karaa biraa ammoo Zimbaabuween gamoowwan isheetiin beekamti turte. Gamoowwan kunniinis akka manneen jireenyaa hoggantootaa fi gargaartota isaaniitti fayyadaa turan. Kan marfamanis dallaa dhagaadhaan ijaaramaniin turan.

> Gamoowwanii fi dallaawwan kunniin mallattoo fi ragaa seenaa ummata Zimbaabuwee qofa osoo hin taane sadarkaa guddina ijaarsaa Afrikaanotaallee ni agarsiisu. Kan ijaaramanis ummata Shoonaa, afaan Baantuu dubbataniin jedhamee amanama. Kanaafuu, afaan Shoonaatti Zimbaabuwee jechuun "manneen dhagaadhaan ijaaraman" jechuudha. Yeroon ijaarsa isaanii jaarraa 13$^{ffaa}$ fi 14$^{ffaa}$ keessa yammuu ta'u, innis yeroo ciminni Zimbaabuwee sadarkaa ol'aanaa irra gahe ture.

Jaarraa 13$^{ffaa}$–17$^{ffaa}$tti Zimbaabuween gara impaayera bal'aatti guddatte. Kanaaf ammoo sababni inni guddaan galii daldala warqii Arabootaa wajjin adeemsifamaa ture irraa argamu. Jaarraa 16$^{ffaa}$ irraa eegalee garuu Poorchuugaalonnii fi ummanni Zuuluu Zimbaabuwee to'achuuf socho'uu jalqaban. Sababa kanaan Zimbaabuween dadhabaa dhuftee jaarraa 17$^{ffaa}$ keessatti Poorchuugaaliin qabamte.

## E. Funji

Funjiin kan hundeeffamte Umar Dunqaatiin yammuu ta'u, bakki isheen itti hundeeffamtes Sudaan ammaa keessa daangaa Itoophiyaa cinaatti. Naannoolee akka Fazooglii fi Jaziiraa kan of keessatti hammatu yammuu ta'u, magaalaa gudditiin ishee Senaar jedhamti. Senaar wiirtuu daldalaa yammuu taatu, warqii Itoophiyaa fi ilkaan arbaa ammoo Sudaan keessaa gara Jiddaatti erguudhaan uffata Hindiitti oomishame bitaa turte.

Ummanni Funji amantii Islaamaa hordofaa ture. Jalqabbii fi Babal'inni amantii kanaa Mahaammad Al-Arakii nama jedhamuun kan wal qabatu yoo ta'ellee, dhufaatiin Beduwiinota Misir amantiin kun daran akka babal'atu taasiseera.

Jaarraa $16^{ffaa}$ hanga jaarraa $17^{ffaa}$ Funjiin daangaa ishee gara dhihaatti babal'ifatte. Jaarraa $18^{ffaa}$ tti ammoo Itoophiyaa wajjin waraana adeemsifte. Baay'een loltoota ishee garboota turan.

Akka namichi Iskootlaandi Jeemsi Biruus ibsetti naannoo bara 1770tti Funji loltoota fardaan waraanan (cavalry) 1800 fi loltoota lafoo (infantry) 14000 qabdi turte. Haa ta'u malee, walitti bu'iinsa biyya keessaa irraa kan ka'e Funji waan dadhabaa dhufteef naannoo Kordofaan gadi dhiifte. Naannoo bara 1821tti ammoo loltoota Misiriin weeraramte qabamtee jirti.

**GILGAALA 1.5**

**Gaaffiilee gaggabaabaa**

1. Sulula Laga Limpooppoo keessatti handhuurri daldalaa Zimbaabuwee inni jalqabaa kami?
2. Wantoota kufaatii Maaliitiif sababa ta'an maal fa'a. Ibsi.
3. Bu'uurri dinagdee Gaanaa maali?

## 1.6. DALDALLI KARAA DHEERAA UMMATA ITOOPHIYAA WALQUNNAMSIISUUF SABABA TA'UU ISAA

### Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barnoota mata duree kanaa erga xumurtee booda:

- Gahee daldalli karaa dheeraa Itoophiyaa ummata wal qunnamsiisuu keessatti taphate ni ibsita,
- Daandiiwwan daldalaa gurguddoo jaarraa $19^{ffaa}$ Itoophiyaa addaan ni baafta,
- Meeshaalee daldalaa gurguddoo ni tarreessita.

Hojiiwwan dhalli namaa yeroo jalqabaaf hojjachaa ture keessaa daldalli isa tokko. Innis kan jalqabe hawaasa ollaa gidduutti yammuu ta'u, suuta suuta garuu gara sochi dinagdee hawaasota fagoo gidduutti guddateera. Kanaafuu, daldalli hawaasota fagoo fi dhiyoo jiraachaa turan wal qunnamsiisaa tureera.

Naannoo Itoophiyaa fi Gaafa Afrikaatti sochiin daldalaa barootta mootummaa Aksumiin duraa irraa eegalee adeemsifamaa tureera. Ummata naannoo kanaa ummatoota addunyaa kanneen akka ummatoota Arabiyaa Kibbaa fi Impaayera Roomaa wajjin akkasumas ummatoota biyya keessaa adda addaa wal qunnmsiisaa tureera.

Kitaaba isaa "**Kiristiyaan Tooppoogiraafii**" jedhamu keessatti Koosmos akka ibsetti daldaltoonni Aksum Saasuu wajjin hariiroo qabaachaa turan. Horii, ashaboo fi sibiila Saasuutti geessanii warqiidhaan jijjiiraa turan. Daldaltoonni kun afaan walii waan hin beekneef mallattoodhaan waliigalaa turan. Kanaafuu, daldalli kun daldala sagalee malee (silent trade) jedhame. Hariiroon ummatoota gidduutti sababa daldala karaa dheeraatiin uumame kun michummaa qofaaf osoo hin ta'in walitti bu'iinsaafis sababa ta'eera.

Bakka Saasuun itti argamu beektaa? Saasuun Dhiha Itoophiyaa ammaa Beenishaangul-Gumuzitti argama.


Naannooleen daldalli keessatti adeemsifamaa ture karaa siyaasaa, hawaasummaa fi dinagdeetiin fooyya'iinsaa fi guddina agarsiisaniiru. Babal'inni daldalaa hundeeffama mootummoota duriitii fi guddina magaalotaatiinis wal qabata. Maagaalota sababa daldalaatiin guddatan keessaa Gondar ishee

tokko. Ummatoonni adda addaa meeshaalee wal irraa bituu fi walitti gurguruuf magaalaa kana keessatti wal qunnamaa turan. Kiristiyaanonni daldaltoota Musliimaa (Jabartii) wajjin daldalaa turan. Kanaafuu, daldalli ummatoota aadaa, afaanii fi amantii adda addaa wal qunnmsiisuu danda'eera.

Jaarraa 19ffaa keessa ummatootaa fi naannoolee adda addaa Itoophiyaa fi Afrikaa kan wal qunnamsiisan daandiiwwan daldalaa gurguddootu turan. Isaanis kibba-dhiha Itoophiyaa ammaa naannoo Gojab-Gibeetii ka'uudhaan naannicha biyyoota biroo wajjin walitti fidaa turan.

Karaan daldalaa Boongaa (Kafaa) irraa ka'uudhaan Hirmaataa (Jimmaa), Saqqaa (Limmuu), Asandaaboo (Horroo-Guduruu), Baasoo (Goojjam), Yifaag (Begemidir) keessa kutuudhaan Gondariin gala. Gondar irraa inni tokko karaa Cilgaa dabree Matammaa/Galabaat gahuudhaan daldaltoota Sudaan Jallabaa jedhaman wajjin wal qunnamsiisa. Inni biraa ammoo karaa Aduwaa gara Masawwaatti geessa. Dameen inni biraan kan maqu Baasoo irratti yammuu ta'u, Anchaarroo fi Daawwee (Wallo) keessa darbuudhaan karaa Awusaa gara Taajuraa, Obokii fi Raheetaa gala.

Dameen guddichi inni lammaffaanis Boongaa irraa ka'ee Jimmaan yeroo gahu gara bahaatti maquudhaan Sooddoo keessa dabree Aliyyuu Ambaa erga gahee booda kallattii lamatti addaan baha. Inni tokko karaa Awusaa gara Taajuraatti yammuu galu, inni biraa ammoo karaa Harar Zayilaa fi Barbaraatti gala.




**Fakkii 1.14.** Itoophiyaatti Daandiiwwan daldalaa gurguddoo Jaarraa 19ffaa

Meeshaaleen biyyoota alaatti ergaman gurguddoon wantoota uumamaan argaman kanneen akka warqii, jirbii fi ilkaan arbaa yammuu ta'an, kanneen biyyoota alaa irraa seenan ammoo meeshaalee warshaa keessatti oomishaman kanneen akka faayotaa, huccuu fi meeshaalee nyaataa fi dhugaatiiti.

Daldala Itoophiyaa jaarraa 19ffaa keessatti wantoonni bittaa fi gurgurtaadhaaf akka giddu-galeessaatti fayyadaa turan soogidda (amoolee), sibiilota, abujadii fi qarshii Mariyaa Tireezaa jedhamu fa'a. Maariyaa Tireezaan jaarraa 18ffaa tti Awurooppaa (Oostiriyaa)dhaa Itoophiyaa keessa seene. Soogiddi kan omishamu naannoo daangaa Tigraayii fi Affaaritti to'annoo Baalgadaa (murteessitoota gibiraa) jalatti.

**GILGAALA 1.6**

**Gaaffiilee gaggabaabaa**

1. Itoophiyaa keessatti daldalli karaa dheeraa yeroo akkamii jalqabe?
2. Jechoota armaan gadii irratti ibsa kenni:
   A. Jabartii
   B. Jallabaa
   C. Baalgadaa

## 1.7. UMMATA AFRIKAA

### A. Qubannaa fi Faca'iinsa Ummataa

#### Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura barnoota mata duree kanaa booda:

- Dhimmota faca'iinsa ummataa murteessan ni himta.
- Hariiroo dhimmoota faca'iinsi ummataa fi qubannaa ummataatiin waliin qabu ni ibsita.
- Faca'iinsa ummataa kaartaa irraa ni agarsiifta.
- Sababoota gurguddoo faca'iinsaa fi haala jireenya ummataa irratti dhibbaa uuman ni ibsita.

#### Ummata

Kutaalee dabran keessatti waa'ee ummataa ilaalchisee wanti baratte kan yaadattu jiraa? Akka ragaaleen seenaa ibsanii fi argannoowwan arkiyooloojii mirkaneessanitti ardiin Afrikaa bakka jalqabaaf sanyiin dhala namaa itti argame jedhamee amanama. Ardiin Afrikaa naannoolee qoroomman addunyaa keessatti maddan keessaa tokko ta'uu ishii meeshaaleen naannoolee Afrikaa adda addaa keessatti argaman ragaa qabatamaa ta'uunis ni mirkaneessu.

Hallan faca'iinsa fi qubannaa ummataa biyya tokkoo murteessan maal fa'a? Faca'iinsaa fi qubannaan ummata naannoo ati jirtuu maal fakkaata? Sadarkaa addunyaa, Afrikaa fi Itoophiyaatti haallan faca'iinsaa fi qubannaa ummataa murteessan gurguddoon kanniin armaan gadi fa'a.

#### Haallan Faca'iinsa Ummataa to'atan

**Haala qilleensa baramaa:** namoonni naannoolee, oo'aa, gogaa, diilallaa'aa fi bubbeen midhaa geessisu keessa jiraachuu hin barbaadan. Kana irraa wanti hubatamu namoonni naannoo qilleensa baramaa jireenya isaaniitiif mijaa'ina qabu keessa jiraachuu kan barbaadan ta'uudha.

**Haala teessuma lafaa:** naannoolee lafa hallayyaa /qilee/, caffaa'aa, bakka bu'aa fi ba'iin itti baay'atu keessa namoonni jiraaduu hin barbaadan. Naannoolee lafa diriiraa, tabbaa gaarreenii, qarqara galaanotaa fi sulullan jireenya ummataaf, hojii qonnaa fi geejjibaatiif mijaa'ina waan qabaniif ummanni baay'inaan keessatti quabatee argama.

**Biyyee fi biqiltoota:** Naannooleen biyyee gabbataa fi biqiltoota adda addaa qaban hojii qotiisaaf baay'ee mijaa'aa waan ta'aniif ummanni baay'inaan keessa jiraata.

**Albuuda:** Naannoolee qabeenyi albuudaa baay'inaan keessatti argamu irratti ummanni heddumminaan qubatee argama.

**Naannoolee ilbisonni** miidhaa fi dhibeewwan adda addaa nama qabsiisuu danda'an keessa ummanni baay'inaan qubatee hin argamu.

Heddummina ummataa jechuun maali? Heddummina ummataa jechuun baay'ina ummata naannoo (bakka) murtaa'aa ta'e tokko irra qubatee jiraatu jechuudha. Heddummina dimshaashaa ummataa naannoo tokkoo beekuuf baay'ina ummataa baldhina lafa (naannoo) ummatichi irra qubatee argamuuf qooduun shallagama.

$$\text{Heddummina Dimshaashaa Ummataa} = \frac{\text{Baay'ina ummata biyya keessa jiraatan}}{\text{Baldhina lafa biyya sanaa (Km}^2\text{)}}$$

Fakkeenyaf, biyya baldhina lafaa iskuweer Kiiloomeetira 600,000 qabdu irratti ummanni 50,000,000 yoo jiraatan heddumminni ummata biyya sanii meeqa ta'a?


$$\text{Heddummina Dimshaashaa Ummataa (HDU)} = \frac{50,000,000}{600,000\ (\text{Km}^2)}$$

$$= 83.3\ \text{N/km}^2$$

Kana jechuun lafa baldhinni ishii iskuweer kiiloomeetira tokko ($1\text{km}^2$) irra namoota 83.3 ta'utu qubatee argama jechuudha.

Afrikaa keessatti haallan ummanni naannoo tokko heddumminaan akka qubatan taasisan teessummaa lafaa mijaa'aa, qilleensa baramaa, oo'aa fi rooba gahaa oomishaaf mijaa'ina qabu. Biyyee gabbataa, bishaan gahaa, bakka ilbiisonni dhibee fidan hin jirre, bakkeewwan qabeenya albuudaa, sochiin hojii daldalaa fi haalli geejjibaa mijaa'aa qaban fa'a. Waan kana ta'eet Afrikaatti naannoon sulula Laga Naayil, qarqara Kaabaa fi Dhiha Afrikaa, naannoolee harawwanii fi lafa ol ka'oo Baha Afrikaa irra ummanni baay'inaan qubatee argama.

Karaa biraatiin ammoo mijaa'ina dhabinsa haallan armaan olitti ibsaman irraa kan ka'e Afrikaa keessatti naannooleen ummanni haphinaan irra qubatee argamu naannoo bosona roobaa Mudhii lafaa, Gammoojjii oo'aa Sahaaraa, Kalahaarii, Somaaliyaa fi fiixeewwan gaarreen Kilimaajaaroo fi Keeniyaa fa'a.




**Fakkii 1.15.** Kaartaa Faca'iinsa Ummata Afrikaa Agarsiisuu

## B. Haala jireenya ummata Afrikaa

### Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura barnoota mata duree kanaa booda:

- Haallan jireenyaa ummataa biyyoota Afrikaa keessatti baay'inaan beekaman ni ibsita.
- Haallan jireenyaa kanniin haala qilleensa baramaa fi biqiltootaa wajjiin wal bira qabuun ni ibsita.
- Daandiiwwan geejjiba adda addaa Afrikaa keessatti argaman ni himta.

Haallan jireenya ummata Afrikaa maal akka fakkaatu ibsuu dandeessaa? Haalli jireenya ummata naannoo keessa ati jiraattuu maal fakkaata? Ummanni naannoo keetii hojiiwwan akkamii irratti bobba'ee argama?

Ummanni Afrikaa haallan jireenyaa sadarkaa adda addaa keessatti argama. Ummanni Afrikaa hojiiwwan dameelee dinagdee adda addaa irratti bobba'ee argama. Dameeleen dinagdee kunniin bakka sadi gurguddootti qoodamu.

**Isaanis:**

a. **Sochii dinagdee sadarkaa duraa** kan jedhaman Qonna, Qurxummii kiyyeessuu, Qabeenya bosonaa fi Albuuda baasuu,

b. **Sochii dinagdee sadarkaa lammaffaa:** oomisha industirii

c. **Sochii dinagdee sadarkaa sadaffaa:** kan jedhaman daldala, sirna geejjibaa fi Tuurizimiidha.

Irra caalaan ummata Afrikaa baadiyaa keessa jiraata. Ummanni Afrikaa wantoota jireenya isaaniitiif barbaachisan maddoota garaagaraa irraa argata. Qabeenyi uumamaa naannoolee hundattuu wal qixa faca'ee hin argamu. Naannooleen Afrikaa qilleensa baramaa adda addaatii fi qabeenya uumamaa yookin leecalloowwan garaagaraa qabu. Bakkeewwan tokko tokko oomisha qotiisa midhaan adda addaatiif mijaa'ina qabu. Gariin ammoo horsiisa beeyiladootaatiif tolu. Fakkeenyaaf, naannoon Sulula Qiinxamaa Guddaa horsiisa horiitii fi oomisha midhaan adda addaatiif mijaa'aadha. Itoophiyaan harawwan baay'ee waan qabduuf qurxummii kiyyeessuun (qabuun) namoonni baay'een waan sooratan argatu. Ummanni Afrikaa baay'een hojiiwwan sadarkaa duraa qonna, qurxummii kiyyeessuu, qabeenya bosonaatti fayyadamuu fi mala aadaatiinis albuuda baasuu irratti babba'ee argama.

Naannoo lafa dakee Mudhii lafaatti leecalloowwan adda addaa ni argamu. Itoophiyaa keessatti lafa qotuun midhaanii, fuduraa fi muduraa adda addaa oomishuu, horii horsiisuu fi qurxummiin baay'inaan kiyyeeffama. Biyyi Naayijeeriyaa qabeenya Zayita boba'aa, Paalmii, Kokonaatii fi midhaan nyaataa, fakkeenyaf Kaasaauaa fa'a oomishuun beekamtuudha.

Afrikaatti naannooleen lafa marga dhedheeroo horsiisa horiitiif mijaa'ina waan qabaniif beeyiladonni baay'inaan horsiifamu. Fakkeenyaaf, Itoophiyaa fi Keeniyaa fudhachuun ni danda'ama. Itoophiyaan horsiisa horiitiin Afrikaa keessatti sadarkaa tokkoffaa irratti argamti.

Kana malee, ardiin Afrikaa haala teessuma lafaa kan adda addaa qabdi. Naannooleen lafa ol ka'oo fi pilaatoowwanii oomishota midhaan gosa adda addaatiif mijaa'ina qabu. Naannooleen lafa ol ka'oo naannoo Mudhii lafaatti argaman oomisha midhaan adda addaa, bunaa, biqiltuu shaahii, abaaboo, kuduraa fi muduraa guddisuu fi oomisha aananiitiif baay'ee mijaa'oodha.

Qonna jechuun ogummaa lafa qotuun midhaan gosa adda addaa oomishuu fi beeyiladoota horsiisuudha. Itoophiyaa keessatti qonni madda midhaan nyaataa, meeshaalee dheedhii warshaalee industirii, oomisha gara gabaa biyya alaatti ergamanii fi madda hojii ummanni baay'een irratti bobba'ee ta'uun hojjatu faayidaa guddaa kenna.

Industiriiwwanii fi warshaaleen Afrikaa keessatti akka biyyoota misooma dinagdeetiin guddatanii sadarkaa ol aanaa irratti argamanii ta'uu baatus sochiin misooma industirii ni jira. Daandiiwwan makiinaa fi baaburaa dheerina adda addaa qabanii fi sadarkaa adda adda irratti argaman biyyoota Afrikaa keessatti ni argamu. Hojiiwwan daldalaa biyyoota Afrikaa keessatti ni adeemsifamu. Biyyoonni

Afrikaa damee Tuuriizimii irraas galii ni argatu. Fakkeenyaaf, biyyoonni akka Taanzaaniyaa, Keeniyaa fi Itoophiyaa damee Tuuriizimii irraas galii guddaa argatu.

Faayidaa guddaan geejjibaa naannoolee wal qunnamsiisuu, sochii misooma dinagdee qindoomina qabu saffisiisuu, misoomni dinagdee akka babaldhatu sissi'eessuu fi walitti dhufeenya ummatoota biyyoota adda addaa jiddu jiru cimsuu fi hubannoo wal fakkaataa akka qabaatan taasisuun tajaajila guddaa kennuudha.

## C. Dhimmoota faca'iinsa, qubannaa fi haala jireenya ummataa murteessan

### Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

- Qubannaa magaalotaatiif kanneen sababoota ta'an ni ibsita. Fakkeenyas ni kennita.
- Daandiiwwan geejjibaa ijoo ta'an addaan baafatta.
- Dhiibbaa nageenya dhabuu fi jeequmsi geejjiba irratti qabu ni ibsita.

Dhimmoonni faca'iinsa, qubannaa fi haala jireenya ummataa murteessan maal fa'a? Ati naannoo baadiyaa moo magaalaa keessa jiraatta? Yoo magaalaa keessa kan jiraattu ta'e haalli jireenya ummata magaalaa maal fakkaata?

Haallan gurguddoon faca'iinsa, qubannaa fi haala jireenya ummataa murteessan haala teessumma lafaa, qilleensa baramaa, biyyee, bishaan, biqiltoota, qabeenya albuudaa fa'a. Haallan kunniinis hundeeffama magaalotaatiifis gumaacha guddaa qabu. Ummata Afrikaa keessaa hammi tokko magaalota sadarkaa adda addaa keessa qubatee argama. Fakkeenyaaf, ummata Itoophiyaa keessa 16% ta'u magaalota biyyattii kanniin sadarkaa adda addaa keessa jiraatu jedhamee tilmaamama. Ummanni Afrikaa magaalota keessatti argamu hojiiwwan adda addaa irratti bobba'ee argama. Hojiiwwan kanniin keessaa gurguddoon hojii daldalaa, tajaajilaa fi hojiiwwan oomisha meeshaalee industirii kanneen adda addaa fa'a irratti bobba'uun wantoota jireenya isaaniitiif barbaachisan argatu.

Babaldhinni magaalotaa haala jireenya ummataa irratti dhiibbaan uumu jiraa? Babaldhinni daandiiwwan geejjibaa haala jireenya ummata magaalaatiif faayidaan kennu jiraa?

Wantoonni nageenya magaalotaa irratti dhiibbaa geessisuu danda'an maal fa'a? Sochii ummataa fi tajaajila geejjibaa irratti wantoonni dhiibbaa uumuu danda'an maal fa'a jettee yaadda? Naannoolee magaalotaa keessatti ummanni heddumminaan qubatee argama. Magaalonni madda qaroominaa qofa osoo hin taane bakka dameewwan hojiiwwan adda addaa keessatti babaldhatanii argamaniidha. Jiraachuun hojiiwwan adda addaa haala jireenya ummataa irratti dhiibbaa ni uuma. Babaldhinni daandinwwan geejjibaa naannooleen magaalotaa fi baadiyaa akka haala cimaan walitti hidhaman taasisa. Magaalota keessatti hojiin daldalaa akka babaldhatu gargaara. Fakkeenyaaf, magaalaa Finfinnee fi Mombaasaa fudhannee haa ilaallu.

Magaalaan Finfinnee magaalaa muummee Itoophiyaa yoo taatu lafa gabbataa irratti hundooftee argamti. Magaalaa Finfinneetti hojjataa hojii buna saamsuu irratti bobba'ee fi Mombaasaa keessatti ammoo hojjataa hojii buufata doonii keessatti hirmaatu fudhachuun wal bira qabuun ilaali.

Sochii ummata maggalaas ta'ee baadiyaa irratti wantoonni dhiibbaa uuman waraanaa fi jeequmsa fa'a. Waraannii fi jeequmsi yoo jiraatan ummanni nageenya dhabuun rakkina keessa seena. Sochiin misooma dinagdee ni gufata. Tajaajilli geejjibaa ni dhaabata. Wal qunnamtiin hawaasa magaalaatii fi baadiyaa addaan cita. Haalli kunis sochiiwwan misooma dinagdee magaalaa fi baadiyaas akka qancaru taasisa.

## GOCHA 1.3

**Gocha mirkaneeffannaa**

1. Haala jireenya (hojiiwwan hojjatanii ittiin jiraatan) ummata naannoo at jiraattutti argaman keessa jiraatanii irratti odeeffannoo funaannachuun gabaasa qopheeffadhu.
2. Kaartaa faca'iinsa ummata Afrikaa kaasuun naannoolee Afrikaa ummanni heddumminaa fi bakke bakkee irra qubate agarsiisi.

## GILGAALA 1.7

### Gaaffiilee gaggabaabaa

**I. Himoota armaan gadii Dhugaa yookiin Soba jechuun deebisi**

1. Faca'iinsi fi qubannaan ummataa qilleensa baramaa wajjin wal qabata.
2. Afrikaatti naannoon bosona roobaa Mudhii lafaatii fi gammoojjiiwan heddumina ummataatiin guddaa ta'uun beekamu.
3. Akka ragaaleen arkiyooloojii ibsanitti sanyiin namaa Hoomoo Saappiyaanii jedhamu Afrikaa keessatti argame jedhama.
4. Waraanaa fi jeequmsi haala jireenya ummataa irratti miidhaa hin geessisu.

**II. Gaafilee armaan gadiitiif deebiiwwan gabaabaa kenni**

1. Haallan baay'ina lakkoofsa ummataa akka dabalan taasisan maal fa'a? Tarreessi.
2. Baqa jechuun maal?
3. Haallan faca'iinsaa fi qubannaa ummataa murteessan maal fa'a?

**III. Gaafiilee armaan gadii hojjachuun deebisi**

1. Biyyi "A" ummata 40,000,000 yoo qabaattu baldhinni lafa ishii 200,000 km$^2$ yoo ta'e, heddumminni ummata biyya "A" meeqa ta'a?
2. Hammi dhalataa biyyaa "A" $\frac{40}{1000}$ fi hammi du'aa ammoo $\frac{15}{1000}$ yoo ta'e ummanni biyya "A" waggaatti dhibbeentaa meeqaan dabala?

## Cuunfaa

Qabxiin inni duraa boqonnaa kana jalatti xiinxalame waa'ee argama, baldhina fi danaa ardii Afrikaa yoo ta'u isa kana jalattis argama bir-qabaa, danaa, hammaa fi bal'ina ardichaaf xiyyeeffannoon kennameera. Dabalaataanis, Afrikaan teessuma lafaa adda addaa qabaachuun ishee ibsameera. Isaan keessaas bakkeewwan ol ka'oo, lafa dakee fi sululatu argama. Qaamman bishaana'oo Afrikaa ammoo laggeenii fi harawwan adda addaa of keessatti haammatu. Boqonnaan kun waa'ee qilleensa baramaa Afrikaa fi sararran dagalee fi gadees xiinxaleera.

Ummattoonni ardii Afriikaa keessa jiraatan afaanota adda addaa dubbatu. Afaanonni kunniinis maatiiwwan afaanii gurguddoo afuritti addaan qoodamu. Isaanis Afroo-Eeshiyaa, Niijar-Kordofaanii, Naayloo-Sahaaraa fi Kooysaan jedhamu. Maatiiwwam gurguddoon kunniinis dameelee xixiqqoo adda addaatti qoodamu. Cittuu Maadagaaskaar keessatti ammoo afaan Maalaagaasii ummata Maalayoo-Poliineeshiyaan jedhamuun dubbatama.

Qabiyyeen biraa boqonnaa kana keessatti xiyyeeffannan kennameef ammoo waa'ee qaroomman Afrikaa, keessumaayyuu, qarooma Misirii, Kaarteejii fi bu'aa isaaniiti. Dabalataanis seenaan mootummoota Afrikaa koloniin duraa kanneen akka Gaanaa, Maalii, Soongaay, Zimbaabuwee fi Funji xiinxalameera. Dabalataanis daldalli karaa dheeraa Itoophiyaa jaarraa 19ffaa ummatoota wal qunnamsiisuu keessatti gahee guddaa taphachuun isaa boqonnaa kana keessatti ibsameera.

Dhumarrattis mata duree qubannaa fi faca'iinsa ummataa jedhu jalatti hariiroo dhalataa fi du'a gidduu jiru, haallan faca'iinsa ummataa to'atanii fi akkuma walii galaatti haalli jireenya ummata Afrikaa xiinxalameera. Haaluma kanaan, jireenyi ummattoota Afrikaa gosoota dinagdee sadarkaa tokkoffaa, sadarkaa lammaffaa fi sadarkaa sadaffaa jedhaman irratti kan hundaa'e ta'uun isaa ibsameera.

## GAAFFILEE XUMURA BOQONNAA 1

### Kutaa I: Yoo himoonni armaan gadii sirrii ta'an Dhugaa yookiin dogoggora ta'an ammoo Soba jechuun deebsi.

1. Afaanota Afroo-Eeshiyaa keessaa afaan hunda caalaa ummata hedduutiin dubbatamu afaan Arabaati.
2. Kooysaan maatii afaanii guddaa badiidhaaf saaxilamaa jiru.
3. Misir Olii fi Misiri Gadii mootii Naarmer jedhamuun walitti makaman jedhamee amanama.
4. Kaarteej kan hundeeffamte DK.K.D jaarraa 3ffaa keessatti ture.
5. Impaayerri Maandiinkaa Afrikaa dhihaatti argama ture.

### Kutaa II: Bakka duwwaa guuti

### Qajeelcha:-jechoota sirrii ta'aniin bakka duwwaa guuti.

1. Gorsitoonni mooticha Misir (Meenes)________________ jedhamu.
2. Barreeffamni ummata Misir durii______________ jedhama
3. Maalii keessatti magaalaan wiirtuu barnootaa fi aadaa Islaamaa taatee fayyadaa turte_____________ jedhamti.
4. Gamoowwan Zimbaabuwee ummata__________ jedhamuun ijaaraman.
5. Naannoo dhihaa Itoophiyaa ammaa keessatti wiirtuu oomisha warqii taate fayyadaa kan turte__________________ jedhamti.

### Kutaa III: Gaaffiwwan armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Loltoonni Funji baay'een isaanii maal turan?

   A. Qonnaan bultoota B. Garboota

   C. Daldaltoota D. Horsiisee bultoota

2. Meeshaalee Itoophiyaan biyyoota alaa irraa bitaa turte maal fa'a?

   A. Oomisha qonnaa B. Oomisha warshaalee

   C. Albuudoota D. Ilkaan arbaa

3. Naannoo bara 1521tti Funji eenyuun weeraramte?
   A. Loltoota Misir
   B. Loltoota Itoophiyaa
   C. Loltoota Chaad
   D. Loltoota Ugaandaa
4. Dinagdeen Soongaay maal irratti hundeeffame?
   A. Qonna
   B. Qurxummii qabuu
   C. Daldala
   D. Hunduu deebiidha.
5. Waraana Piyuunik lammaffaa keessatti hogganaa beekamaan loltoota Kaarteej eenyu ture?
   A. Siipiyoo
   B. Aleksaander I
   C. Haniibaal
   D. Maansaa Muusaa

## Kutaa IV: Gaaffiilee armaan gadiitiif deebii gaggabaabaa kenni.

1. Kufaatii Gaanaatiif sababoota gurguddaa lama barreessi.
2. Paappiiras Maali?
3. Kaayyaa Magan jechuun maal jechuudha?
4. Waa'ee daldala Aksum ilaalchisee kitaabni koosmoosiin barreeffame maal jedhama?
5. Maatiiwwan afaanii Afrikaa keessaa lafa baay'ee bal'aa irratti kan dubbatamu kami?

Boqonnaa 2

# Caasaa Baqqaana Lafaa

**BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA**

**Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda:**

- Caasaa baqqaanota lafaa fi qabiyyeewwan irra lafaa ni ibsita.
- Sosocho'iinsi diriira keessa lafaa rom'a lafaa uumuu isaa ni hubatta.
- Haala uumamaa, gosaa fi misooma dinagdee keessatti faayidaa kattalleewwan qaban ni ibsita.
- Wixinee kaartaa ni hojjatta.

## 2.1. KAARTAA IRRAA ODEEFFANNOO BARBAADUU FI ITTI FAYYADAMUU

### Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura barnoota mata duree kanaa booda:

- Maalummaa kaartaa ni ibsita
- Itti fayyadama kaartaa ni shaakalta
- Wixinee kaartaa Afrikaa kaasuun odeeffannoowwan handaara kaartaa kaa'uu ni dandeessa.

### Kaartaa irraa odeeffannoo barbaaduu fi itti fayyadamuu

Kaartaan maali? Mee maalummaa kaartaa waan beektu hiriyyoota keetiin walitti himuun irrattis mari'adha.

**Kaartaan** meeshaa qaama guutuu yookiin gar-tokkee qama lafaa bakka bu'uun akka haala salphaan hubatamuun danda'amutti gad xiqqiiffamee akka waan samii (waaqa) irraa gad ilaalamutti waraqaa diriiraa irratti kan kaafamu jechuudha.

Hiikkaa kaartaaf kenname kana keessatti yaad-rimee afur ni argamu. Isaanis, haala salphaa, gad xiqqeessuu, samii irraa gad ilaaluu fi waraqaa diriiraa fa'a. Mee tokko tokkoo isaanii gabaabsinee ilaalla.

**Haala salphaa:** Kaartaan kamiyyuu wantoota qaama lafaa irratti argaman hunda guutumaan guututti agarsiisuu hin danda'u. Waa'ee kaartaan akka kaafamuuf barbaadame irratti hundaa'uun

wantoota filataman qofa muldhisa. Wantoonni filataman kunniinis mallattoowwan adda addaatiin agarsiifamuu qabu. Kunis, wantoota lafa irratti argaman akka haala salphaan hubachuun danda'amuuf gargaara.

**Gad xiqqeessuu:** Kaartaan wantoota qaama lafaa guutuu yookiin gartokkee irraatti argaman guutumaa guututti agarsiisuu hin danda'u. Fakkeenyaaf, kaartaan Mooraa mana barnoota tokko haala teessuma lafaa, biqiltootaa fi wantoota biroo kanniin mooraa keessatti argaman hunda muldhisuu hin danda'u.

Sababni isaa baldhinni lafti mooraan mana barnootaa qabduu fi baldhinni waraqaa irratti kaafamuu wal gituu hin danda'an. Waan kana ta'eef qaama lafaa baldhaa kana hamma baldhina waraqaa irratti kaafamuu wajjiin akka wal gituu danda'utti gad xiqqeeffamee mala iskeelii jedhamutti fayyadamuun kaafama.

Ogeessi kaartaa hojjatu tokko wantoota naannootti argaman hunda kaartaa irratti muldhisuu hin danda'u. Waan kana ta'eef, duraan dursee murteewwan lamaan gurguddoo fudhachuu qaba. Isaanis,

(*a*) Odeeffannoowwan gurguddoo kaartaa irratti kaafamuu qaban filachuu (Fakkeenyaaf, teessuma lafaa, biqiltoota, laggeen..)

(*b*) Wantoota gurguddoo filatamaniif mallattoowwan adda addaa qopheeffachuudha.

Mallattoowwan filataman kunniin kaarticha irratti wantoota kaafaman kan bakka bu'an waan ta'aniif afaan (lugaa) kaartaa jedhamuun beekamu. Sababni isaas namni kaartichaatti dhimma bahu (fayyadamu) tokko mallattoolee kaartaa irratti kaa'aman irraa ka'uun ergaa kaartichaa haala salphaa ta'een hubachuu fi ittiin fayyadamuu ni danda'a. Yaada kanas gad fageenyaan hubachuuf akkuma baldhinni lafaa inni dhugaa fi baldhinni waraqaa irratti kaafamuu wal hin gitu. Mee warqaa suuraa keetii fi hamma kee kan dhugaa wal bira qabuun ilaaluun hubachuuf yaali.

**Samii irraa gad ilaaluu:** Wanti tokko kallattii adda addaatiin yoo ilaalamu roga adda addaa qaba. Mee mana barnootaa kee keessatti gamoo keessatti barattu yookiin mana keessan gad bahitii kallattii adda addaatiin ilaaluuf yaali. Kunis, gara fuulduraatiin, dugda duubaanii fi dalgaa yoo ilaaltu rogni gamoo keessatti barattuu wal fakkaata? Itti aansuun ammoo naannoo mana barnootaa keetitti bakki tulluu yookiin gaarri yoo jiraate tulluu (gaara) irra ol bahuun of jalatti gad ilaaluuf yaali. Rogni gamoo keessatti barattuu amma ilaalte kanniin duraan argite wajjiin wal fakkaataa?

Ilaalchi amma gaara irra gamoo mana barnootichaa gad ilaaltu kun akka namni xiyyaaran deemu tokko qilleensa irraa yookiin gubbaa gad ilaalu yookiin akka allaattiitti samii keessa balali'aa gad ilaalu fakkaata. Ilaalchi gamoowwan gubbaa gad ilaalte kun akkataa lafti kaartaa irratti itti kaafamte sitti agarsiisa.

**Waraqaa diriiraa:** Danaan lafaa korboo (geengoo) akka killee luffedha. Fuulli lafaa bu'aa ba'ii qaba. Fuula lafaa bu'aa ba'ii qabu kana waraqaa diriiraa irratti akka jirutti agarsiisuun baay'ee rakkisaadha. Kana malee, qaama lafaa marfamaa ta'e waraqaa diriiraa irratti kaasuun ni rakkisa. Kana mirkaneeffachuuf mee burtukaana tokko fudhachuun of eeggannoon qola burtukaanichaa irraa baasuun diriirsuuf yaali. Qola kana osoo hin baqaqsin diddiriirsuu dandeessee? Waan kana ta'eef, lafa marfamtuu taate kana waraqaa diiriiraa raga lama qabu irratti baldhina, danaa fi kallattii lafaa osoo hin faalleessin kaasuun hin danda'amu.

Ogeeyyiin (kaartoogiraafaroonni) kaartaa kaasan rakkina kana furuuf qaama lafaa marfamaa ta'e yookiin rog-sadee (Three dimension) qabu kana waraqaa diriiraa yookiin rog-lamee qabu irratti ceesisuun agarsiisuu mala piroojekshinii kaartaa jedhamutti fayyadamu.

Faayidaan kaartaa maal fa'a? Faayidaalee kaartaa tarreessuu dandeessaa? Dhalli namaa kaartaatti fayyadamuu kan eegale yoomi?

Dhalli namaa erga uumamee lafa irra jiraachuu eegalee dhimma adda addaatiif sadarkaa garaa garaa irratti kaartaatti fayyadamaa turee jira. Fakkeenyaaf, bakka madda bishaanii, bakka dhandhoolaa (adamoo) fi karaa (daandii) itti adeemuun bira gahan wantoota akka cirrachaa, biyyee, dhagaa fi balaa buusuun ittiin fayyadamaa turee jira. Yeroo ammaas kaartaatti fayyadamaas jira. Erga waraqaan uumameen booda kaartaa ammayyaa hojjachuun itti fayyadamuun danda'amee jira.

Akkuma sadarkaan guddina dhala namaatii fi qaroomni dhala namaa dabalaa dhufuun faayidaan kaartaatti fayyadamuu dhala namaas dabalaa dhufee jira. Addunyaa keessatti bakka kamittuu wayitii ammaa namni kaartaatti hin fayyadamne jira jechuun nama rakkisa.

Faayidaalee kaartaa keessaa gurguddoon bu'uuraa isaan armaan gadiiti. Isaanis:

(*a*) **Argama:** bakka, naannoo fi biyyi akkasumas wanti tokko itti argamu addaan baasanii beekuuf.

(*b*) **Fageenya:** kaartaa irraa fageenya bakka lama jidduu jiru shallaganii beekuuf

(*c*) **Baldhina:** baldhina bakka, naannoo fi biyya tokkoo kaartaa irraa hammam akka ta'e shallaganii beekuuf

(*d*) **Kallattii:** bakki, naannoo fi biyyi tokko waan beekamaa ta'e tokko irraa gara kamitti akka argamu barbaaduu fa'a.

> Kanniin malee, kaartaan odeeffannoowwan faca'iinsa ta'eewwanii, (gaarreen, biqiltoota, laggeenii fi magaalotaa fa'a), hariiroo ta'eewwan adda addaa jidduu jiran ibsuu, faca'iinsaa fi heddummina ummataa, faca'iinsa manneen barnootaa fi dhaabbilee eegumsa fayyaa, dandiiwwan konkolaataa fi kanniin biroo irrattis odeeffannoo quubsaa kennuun tajaajila guddaa kenna.


Odeeffannoon handaara kaartaa maal fa'a? Kaartaa kutaa itti barattu keessatti argamu irraa odeeffannoowwan handaara kaartaa maal fa'a dubbiftee beektaa?

Wantoota kaartaan tokko akka kaafamu barbaachiseef ogeessi kaartaa hojjatu tokko duraan dursee filachuu qaba. Erga wantoota barbaadaman filateen booda wantoota filatamaniif mallattoowwan adda addaa filachuun kaa'uu qaba.

Kaartaan haala gaariin qophaa'e tokko odeeffannoowwan guguddoo waa'ee kaartichaa ibsan of irraa qabaachuu qaba. Kaartaa sirriitti dubbisanii qayyabachuuf odeeffannoowwan handaara kaartaa irratti argaman beekuun baay'ee barbaachisaadha. Odeeffannoowwan handaaraa kaartaa irratti argaman keessaa isaan armaan gadii haa ilaallu.

1. **Mata duree kaartichaa:** Akkuma namaa yookiin biyya tokkoo maqaa adda ta'e qaba, Kaartaan kamiyyuu kaayyoo kaafameef irratti hundaa'uun maqaa ofii qaba. Fakkeenyaaf, Kaartaa faca'iinsa ummata Itoophiyaa, kaartaa faca'iinsa qilleensa baramaa Afrikaa, kaataa faca'iinsa industiriiwwan addunyaa kaartaa faca'insa biqiltoota fi kan kana fakkaatan fa'a.
2. **Baraa fi bakka kaartich itti hojjatame (maxxanfame):** Sababban sochii dhala namaatiin haalli naannoo uumamaa yookiin naannoo hawaasummaa tokko ni jijjiirama. Haallan jireenya namootaa (ummataas) ni jijjiirama. Kaartaan bara tokko odeeffannoo (haala qabatamaa) bakka, naannoo fi biyya tokko irratti hundaa'ee kaafameef sanaa yeroo dheeraa booda wantoota duraan turan akka duraa sanatti agarsiisuu hin danda'u. Waan kana ta'eef haalli qabatamaan bakka, naannoo fi biyya sanaa bara kaartichi itti maxxanfame beekamuu qaba.
3. **Mallattoolee fi fakkiiwwan kaartaa irratti argaman:** Kaartaan kamiyyuu odeeffannoowwan adda addaa dabarsuun tajaajila guddaa kenna. Waan kana ta'eef kaartaan kamuu luga (afaan) ofii qaba. Lugaan kaartaa mallattoowwanii fi fakkiiwwan adda addaatiin ibsama. Mallattoowwanii fi

fakkiiwwan kaartaa irratti argamanis hiikka mataa isaanii qabu. Hamma danda'ameetti wantoota bakka buufaman akka muldhisuu danda'anitti sadarkaa addunyaatti walii galteen kan taa'an ni jiru. Haa ta'u malee, namoonni kaartaa hojjatan kaayyoo kaartaa naannoo tokkoof kaasan irratti hundaa'uun mallattoolee fi fakkiiwwan wantoota naannoo sanaa ibsan agarsiisuun itti fayyadamuu ni danda'u.




**Fakkii 2.1.** Fakkiiwwanii fi Mallattoolee handaara kaartaa

4. **Iskeelii Kaartichaa:** Hariiroo addaan fageenyaa bakkeewwan lama jidduu lafa irratti jiru waraqaa irratti fageenyaa fi tuqaalee bakka bu'aniin ibsuu dha. Hammi baldhina qaama lafaatii fi baldhinni waraqaa kaartaa irratti kaafamuu wal hin gitu. Waan kana ta'eef, kaartaan tokko waan dhugaa ta'e irraa hammamiin akka gadi xiqqeeffamee kaafame beekuuf iskeelii handaara kaartaa irratti kaa'amuun fayyadamna.
5. **Kallattii:** Haallan odeeffannoo kaartaa tokko irraa argachuuf gargaaran keessaa tokko kallattiidha. Kaartaa irratti kallattiin karaa lamaan kennama. Isaanis gara xiyyaan kaarticha irratti agarsiisuu fi gara gubbaa barreeffamaa yookiin mata duree kaartichaati. Xiyyii kaartaa irratti argamu kallattii kaabaa agarsiisa. Waan kana ta'eef yeroo namni tokko kaartaa dubbisu kaarticha gara xiyyii kaabaa agarsiisutti garagalchuun dubbisuu qaba. Kaartichi xiyyaa gara kallattii kaabaa agarsiisu kan of irraa hin qabne yoo ta'e, garri gubbaa barreeffamaa (mata dureen barreeffamaa) kallattii kaabaa agarsiisa jedhamee fudhatama.

**Iskeelii kaartaa:** Iskeeliin hamma fuulli lafaa ittiin gad xiqqeeffamee kaartaa irratti ittiin kaafame mala agarsiisuudha. Hariiroo dheerina waraqaa irraa fi fageenya lafa irratti argamuu mala herregaatiin ibsuun ni danda'ama. Kunis,

$$\text{Iskeelii Kaartaa} = \frac{\textit{Fageenya kaartaa irraa}}{\textit{Fageenya wal fakkaataa lafa irraa}}$$

Iskeeliin kaartaa akaakuu sadiin kennama. Isaanis, Iskeelii Firaakshinaa (I.F), Iskeelii Himaa (I.H), fi Iskeelii Sararaa yookiin Giraafii (I.S) ti.

A. **Iskeelii Firaakshinaa (I.F) Representative Fraction(R.F):** Iskeeliin kun fageenya kaartaa irraatii fi lafa irraa reeshoon ibsa. Iskeeliin Firaakshinaa (I.F) gosa sirna bikkituu kamiitiinuu osoo wal hin qabatiin barreeffama. Iskeeliin Firaakshinaa kun Iskeelii maralaalu (Universal Scale) jedhamuun

beekama. Namni martinuu sirna bikkituu ofi beeku kenneefii itti fayyadamuu ni danda'a. Fakkeenyaaf, 1/20,000 yookiin 1:20,000 jedhamee barreeffama.Kanaafuu,

1:20,000 kana jechuun kaartaa irratti dheerinni yuunitii 1 ta'u lafa irratti yuuniitiiwwan 20,000 bakka bu'a jechuudha. Gara biraatiin kaartaa irratti dheerinni saantimeetira 1 ta'u, lafa irratti saantimeetiroota 20,000 bakka bu'a jechuun ni danda'ama.

Amallan Iskeelii Firaakshinaa (I.F)


- Sirna bikkituu kamiinuu (meetiraa fi sirna bikkituu Impeeriyaalaa) wajjin walitti hidhamiinsa hin qabu.
- Yuunitiin bikkituu reeshoo gara lamaaniituu wal fakkaatuu qaba.
- Fageenyi kaartaa irraa yoomiyyuu kan ibsamu lakkoofsa 1 qofaan
- Iskeeliin Firaakshinaa (I.F) safartuu kamittuu jijjiiruun itti fayyadamuun ni danda'ama.

B. **Iskeelii Himaa** (I.H), Scacle statement (S.S.): Iskeeliin kun jechaan barreeffama. Fakkeenyaaf, kaartaa irratti dheerinni saantimeetira tokko ta'e lafa irratti kiloomeetira tokko bakka bu'a jedhamee yoo barreeffamu 1cm ni ta'a 1km jechuudha. Bikkituun Iskeelii kanaa mala sirna meetirikiitiin kennameef biyyoota sirna bikkituu meetiriikiitti fayyadamuun qofatu itti fayyadamuu danda'a.

**Iskeeliin Himaa (I.H):** Fageenyi waraqaa irrattii fi lafa irraa safartuu wajjiin waan kennuuf namni dubbisuu danda'u kamiyyu akkuma salphaatti qayyabachuun itti fayyadamuu ni danda'a.

C. **Iskeelii Sararaa (I.S) yookiin Giraafii (Graphic Scale)**: Iskeeliin Sararaa kun fageenya kaartaa irraa fi lafa irraa sararaa yookiin giraafiin ibsa. Iskeeliin sararaa kun hunda caalaa salphaa waan ta'eef namoonni rakkoo malee itti fayyadamuu danda'a.

Iskeeliin Sararaa (Giraafii) fageenya safaruu kan jalqabu sarara irratti bakka Zeeroo (0) irraayi. Fageenyi (0) Zeeroo irraa gara mirgaatti argamu kiloomeetira guutuun ennaa agarsiifamu, bakki Zeeroo (0) irraa gara bitaatti argamu qoqqoodama fageenya kiloomeetiraa gad ta'an muldhisa.




**Fakkii 2.2.** Iskeelii Sararaa (Giraafii)

### Iskeelii gosa tokko irraa gara gosa biraatti jijjiiruu

(*a*) Iskeelii Firaakshinaa gara Iskeelii Himaatti jijjiiruu. Iskeeliin Firaakshinaan kenname fakkeenyaaf 1:400,000 ta'a. Iskeelii Firaakshinaa kana gara Iskeelii Himaatti jijjiiruuf haallan armaan gadii hordofamuu qabu.

1. Iskeeliin "Firaakshinaa gosa safartuu kamiinuu wajjiin waan wal hin qabanneef duraan dursamee akaakuun safartuu kennamuufii qaba. Fakkeenyaaf haala biyya keenyaatti saantimeetira (cm)
2. Safartuu iskeelii kenname kan dheerina kaartaa irraatii fi lafa irraallee akaakuu safartuu tokkoon ibsuu qaba. Fakkeenyaaf, 1 cm = 400,000 cm bakka bu'a.
3. Fageenya lafa irraa kan muldhisu safartuu dheerinaa isa guddaatti jijjiiramuu qaba. Fakkeenyaaf, meetira yookiin kiloometiratti.
4. Lakkoofsi fageenya lafa irraa agarsiisu gara kiloomeetiraatti jijjiiramuu qaba. Kiloomeetirri tokko (1) gara saantimeetiraatti ennaa jijjiiramu 100,000 cm ta'a. Fageenya lafa irraa safartuu

isa guddaan kennuu lakkoofsa fageenya lafa irraa ibsu kan iskeelii Firaakshinaan kenname 100,000f qoodna.

Fakkeenyaaf, 1 cm = $\frac{400,000 \text{ cm}}{100,000 \text{ cm}}$

1 cm = 4 km ta'a jechuudha. Kana jechuun kaartaa irratti dheerinni

1 cm lafa irratti 4 km bakka bu'a jechuun Iskeelii Himaatiin ibsuu ni dandeenya.

(*b*) Iskeelii Himaan kenname irraa gara iskeelii Firaakshinaatti jijjiiruu: Iskeelii Himaan kenname tokko gara iskeelii Firaakshinaatti jijjiiruuff tartiibni hordofamuu qabu ni jira. Innis:

1. Lakkoofsi fageenya kaartaa irraa agarsiisu "Waamamaa" ta'uu,
2. Lakkoofsi fageenya lafa irraa agarsiisu ammoo "Waamsiisaa" ta'uu.
3. Lakkoofsota fageenya lafa irraa kan kiloomeetiraan kenname 100,000 baay'isuun gara santimeetiraatti jijjiiruu.
4. Fageenya kaartaa irraatii fi fageenya lafa irraa akaakuu safartuu tokko ta'een barreesuu
5. Xumura irratti iskeelii Firaakshinaa akaakuu sirna safartuu wajjiin waan hin barreeffamneef akaakuu safartuu irraa haquun haala reeshootiin kaa'uudha.


Fakkeenyaaf, 1 cm ni ta'a 30 km kan jedhu yoo ta'e, kan Iskeelii Himaatiin kenname kana gara Iskeelii Firaakshinaatti jijjiiruuf, dura 30 km gara saantimeetiraatti jijjiiruuf 100,000 n baay'ifna. Kunis, 30 km × 100,000 cm = 3,000,000 cm ta'a. Kanaafuu, 1 cm = 3,000,000 cm jechuudha. Kunis yoo reeshoodhaan yookiin Firaakshinaan kaa'amu,

$\frac{1\text{cm}}{3000,000 \text{ cm}} = \frac{1}{3,000,000}$ yookiin 1:3,000,000 jedhamee kennama jechuudha.

(*c*) Iskeelii Firaakshinaa irraa gara iskeelii Sararaatti (Giraafii) jijjiiruu; Iskeelii Firaakshinaan kenname tokko osoo gara Iskeelii Sararaatti hin jijjiirin dursaan wanti beekamuu qabu ni jira. Kunis,

- Iskeelii Firaakshinaa gara Iskeelii Himaatti jijjiiruu
- Iskeelii Sararaa qopheessuun agarsiisuu fa'a. Fakkeenyaaf Iskeeliin Firaakshinaa kenname 1:400,000 jedhu kana 1 cm ni ta'a 400,000 cm jennee barreessuun haala armaan gadii kanaan shallagna.

  1cm = $\frac{400,000 \text{ cm}}{100,000 \text{ cm}}$ = 1 cm = 4 km jechuudha. Kana booda sarara yookiin giraafii irratti qoqqooduun ibsuun ni dandeenya.




## GOCHA 2.1

**Gocha mirkaneeffannaa**

1. Burtukaana tokko fudhachuun qola isaa of eeggannoon irraa baasuun akka waraqaatti diriirsuu yaali. Rakkina si mudate barreessuun barsiisaa yookiin barsiiftuu keetitti himi.
2. Iskeetii Kaartaatti fayyadamuun baldhina mooraa mana barnootaa kee kaasuun wantoota gurguddowwan kaafamaniif mallattoolee kenniif. Dhuma irratti barsiisaa yookiin barsiistuu keetti agarsiisi.

## GILGAALA 2.1

### Gaaffiilee Gaggabaabaa

**I.** 1. Kaartaan maali?

2. Faayidaaleen kaartaa gurguddoon maal fa'a?
3. Iskeelii kaartaa jechuun maali?
4. Iskeeliin kaartaa akaakuu meeqaan kennama?
5. Kallattiin karaa meeqaan ibsama?

**II.** (A) Kanniin armaan gadii Iskeelii Firaakshinaa irraa gara Iskeelii Himaatti jijjiiri.

(*a*) 1:800,000 (*b*) 1:60,000

(*c*) 1:40,000 (*d*) 1:2,000,000

(*e*) 1:10,000 (*f*) 1:3,000,000

(B) Kanniin armaan gadii Iskeelii Himaatiin kennaman gara Iskeelii Firaakshinaatti jijjiiri.

(*a*) 5 cm = 20 km (*b*) 4 cm = 1 km

(*c*) 1 cm = 10 km (*d*) 1 cm = 0.5 km

(*e*) 20 cm = 100 km (*f*) 3 cm = 45 km

## 2.2. BAQQAANOTA LAFAA

### Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura barnoota mata duree kanaa booda:

- Baqaanota lafaa ni ibsita.
- Wantoota gurguddoo irri lafaa irraa uumame ni tarreessita.

### Baqqaanota Lafaa


Lafti maal fa'a irraa akka uumamte beektaa? Lafti kattaa irraa uumamte. Kattaaleen ammoo albuudota irraa ijaaraman. Albuudonnis qindoomina elementootati. Kunis lafti elemeentota adda addaa irraa uumamuu ishii agarsiisa. Hammi argama elemeentota keessaa lafaa (lafaa) keessatti bakka hundattuu wal qixaa miti. Jalqaba irratti lafti gaasii oo'aa turte. Adeemsa suuta suutaatiin qorraa fi jajjabaacha dhufte. Hammuma qorraa fi jabaataa deemtuun elementonni sasalphoon (ulfaatina guddaa hin qabne) kan akka **haydiroojiinii fi heeliyeemii** walitti sunturuun qaama irra lafaa uuman. Elemeentoonni ulfaatina qaban kanneen akka **nikeelii fi sibiilaa** ta'an gara walakkaa yookiin handhura lafaatti gad lixuun kuufamuu eegalan.

Baqqana lafaa jechuun maali? Baqqaana lafaa jechuun wal irroo qaama lafaati. Kana hubachuuf mee buuphaa yookiin killee hin shamin kan affeelame tokko fudhachuun quncisuun keessa ishii muruun maal akka fakkaatu ilaali. Garri duuba isaa jabaataa, inni itti aanu ammoo haphi adii waraqata fakkaatuu ennaa ta'u, garri keessaa halluu boora yookiin keelloo fakkaatu agarta. Haala kanas waa'ee baqqaanota lafaa ilaalchisuun baratteen wal bira qabuun hubachuuf yaali. Kutaaleen buuphaa wal irroo ta'uun ni muldhatu. Wal iirroon kunniin baqqaana jedhamu. Walumaagalatti lafti baqqaanota sadii qabdi. Isaanis, irra lafaa, keessa lafaa fi handhuura lafaa jedhamuun beekamu.

1. **Irra lafaa (Crust):** Qaama lafaa kan gara gubbaatti argamuudha. Qaamni irra lafa kun gad fageenya adda addaa qaba. Qaamni irra lafaa kun qaamman irratti yabbina kiiloomeetira 30-40 kan qabu ennaa ta'u, naannoolee gaarreen gurguddoon jiranitti kiiloomeetira 40 ol yaabbina qaba. Haa ta'u malee, bakkeewwan jala garbawwan gurguddoo addunyaa jalatti yaabbina hanga kiiloometira 6 ta'u qaba.

Qaamni irra lafaa yaabbina guddaa qabaatuu baatus waan dhaagaalee adda addaa irraa hojjatameef baay'ee jabaataadha. Irri qaama lafaa qindoomina albuuddan ulfaatina hin qabne kan akka Silikaa fi Aluuminiyemii irraa uumame. Irri lafaa kun yeroo ammaa naannoolee tokko tokko keessatti akaakuu dhagaa qarsaa (basalt) jedhamu kan ulfaatina qabuun uwwifametiin argama.

2. **Keessa Lafaa (Mantle):** Baqqaanni kun baqqaana irra lafaatti aanuun gara keessatti argame. Yabbinni baqqaana kanaa gara Kiiloomeetira 2900 ta'a jedhamee tilmaamama. Kattalleen keessa baqqaana kanaatti argaman albuuddan ulfaatina qaban kanneen akka **maagneeziyemii** irraa ijaarame. Jabeenyi kattaalee kanniinii akkuma gara qaama keessa lafaatti gad fagaataa deemuun lallaafaa ta'uu fi suuta suutaan gara bifa dhangala'ootti jijjiirama. Kattalleen kunniin baquun gara waan dhangalootti akka jijjiiraman kan taasise oo'a cimaa keessa baqqaana kanaatti argamuudha. Akkuma gad fageenyi keessa lafaa dabalaa deemuun hammi oo'aa keessa lafaas dabaluun cimaa dhufa.
3. **Handhuura lafaa (Core):** Baqqaanni lafaa kun walakkaa keessa lafaatti argama. Baqqaanni kun kallattii maraanuu baqaana keessa lafaatiin (mantle) marfamee argama. Baqqaanni handhuura lafaa kun danaa korboo (geengoo) qaba. Yabbinni handhuura lafaa walumaagalatti gara kiiloometira 3450 ta'a. Baqqaanni handhuura lafaa albuudoota akka sibiilaa fi nikeelii irraa uumame, Kattalleewwan handhuura lafaa keessatti argaman hundi isaanii bulbulamuun gara waan dhangala'ootti kan jijjiiraman miti. Qaamni wiirtuu handhuura lafaa baay'ee jabaatadha.




**Fakkii 2.3.** Baqqaanota Lafaa

## GOCHA 2.2

**Gocha mirkaneeffannaa**

I. Buphaa yookiin killee affeelamee qabbanaa'e tokko fudhachuun bakka lama wal qixa ta'anitti muruun fakkii boqqaanota lafa sadan barsiisaa yookii barsiiftuu keetitti fiduun agarsiisi.

II. Dhagoota adda addaa naannoo keetti argaman sumuda walitti qabuun kanniin hiriyyoonni kee fidaniin wal bira qabuun wajjiin irratti mari'adha.

GILGAALA 2.2

### Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Lafti boqqaanoota meeqa qabdi?
2. Yabbinni handhuura lafaa kiiloomeetira meeqa?
3. Baqqaanota lafaa irra gara keesstti wal duraa duubaan tarreessi.

## 2.3. GOSOOTAA FI AKKAATAA UUMAMA KAATTALEE

### Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura barnoota mata duree kanaa booda:

- Gosootaa fi akkaataa uumama kattalleewwanii ni ibsita.
- Faayidaa kattalleewwan misooma dinagdee keessatti qaban ni ibsita.
- Guddina misooma dinagdee Itoophiyaa keessatti faayida kattaleewwan qaban ni himta.

### Gosootaa fi akkaataa uumama kattalee

Gosootaa fi akkaataa kattalee itti uumaman beektaa? Haalli teessuma qaama lafaa naannoo ati jiraattuu maal fakkaata? Naannoon kun bu'aa ba'ii qaba moo lafa dakee diriiraadha? Naannoo at keessa jiraatutti gaarreen, pilaatoowwan, tulluuwwan, lafti diriiraa fi sulullan argamuu? Yoo kan jiraatan ta'e garaagarummaan haala teessuma lafaa kun akkamiin uumame jettee yaada?

Lafti erga uumamtee gara waggoota miliyoona 4.6 ta'a jedhamee tilmaamama. Lafti sadarkaa danaa yeroo ammaa qabdu kana irra gahuuf adeemsa sochii wal irraa hin cinne guddaa keessa dabritee jirti. Yeroo ammaas adeemsi sochii lafaa kan dhaabatee miti. Ammas jijjiirama irratti argamti. Haalli kunis gara fuulduraattis ittuma fufa.

Kattalleewwan albuuddan adda addaa kan of keessaa qabanii fi qaamni lafaa guddaa wantoota irraa uumameedha. Ramaddiin kattaleewwanii haala uumama isaanii irratti hundaa'a. Kattaan **Dhagaa baq-qorrii** baqaa kattaa maagmaa jedhamu kan keessa lafaatii bahuun irra lafaatti qorru irraa uumama. Kattaleewwan fula lafa irratti argaman sababa jijjiirama fiizikaalawaa qaama lafa irratti uumamuun kattaleewwan qaamman xixiqqootti ni caccabu. Kattalleewwan caccabanii burkutaa'an kunniinis humna lolaa bishaaniitii fi bubbeetiin bakka jiran irraa gara bakka birootti haramuun kuufamu. Kunis **Dhagaa Kuus-maansaa** uuma. Jijjiramni tempireecharaa, dhiibbaa/ulfaatinaa/yookiin ammoo jijjiiramni dhangala'oo keemikaalawaa **Dhagaa baq-qorrii** fi **Dhagaa Kuus-maansaa** irratti jijjiirama fiizikaalawaa fi keemikaalawaa geessisuun **Dhagaa Jijjiiramaa** akka uumamu taasisa.

Akkuma haala teessumma lafaa naannoo keetti argamu irraa ilaaluun hubatutti naannanoo jirtu keessa lafti diriiraan gaarreen, tulluuwwan, pilaatoowwanii fi sulullan sababoota humnoota keessa lafaatiin uumaman. Humnoonni qaama lafaa jijjiiran kunniin bakka lama gurguddootti qoodamu. Isaanis, Humnoota keessa lafaa dhoohinsa volkaanoo fi hollannaa lafaa fi Humnoota Irra lafaa (Fofolloquu fi harama biyyee) fa'a jedhamuun beekamu.

Waa'ee baqqaanota lafaa yeroo barattu qaamni lafa dhagootii ulfaatina adda addaa qaban irraa akka uumame barattee jirta. Ulfaatinni dhagaa gubbaan jiruu isa jala jiru akka caccabuu fi bakkaa socho'u taasisa. Sababa kanaanis qaama lafaa keessatti sosochiiwwan adda addaa ni uumamu. Socho'iin qaama lafaa keessatti adeemsifamu kunis bakkeewwan baqqaanonni irra lafaa fi keessa lafaa itti wal

daangeessan kan **mohoo** jedhamuun beekaman irra maddu. Humnoonni kunniinis fuulli lafaa akka ol goorratuu fi gad golbatu (gad liqimfamu) taasisuun naannoolee adda addaa keessatti gaarreenii fi sulullan akka uumaman taasisu.

Humnoonni irra lafaa irratti jijjirama fidan lolaa bishaanii, bubbee fi cabbii baqee sigigatu. Humnoonni kunniin ammoo wantoota fulaa lafaa irratti argaman bakkeewwan ol ka'oo ta'an irraa haruun akka ol ka'iinsi isaanii gad xiqqaatu tasisuu. Wantoota haranii deemaniin kanniin bakkeewwan gad dhooqaa ta'anitti kuusuun akka bakkeewwan kunniin ol ka'iinsa qabaatan taasisu.

Haala jijjiirama tempireecharaa irraa kan ka'een kattalee ni cacabu. Jijjiirama kanas jijjiirama Fiizikaalaa fi jijjiirama Keemikaalaa jechuun bakka lamatti qooduun ilaaluun ni danda'ama.

### Gosootaa fi akkaataa umama kattaalee

Dhagaan yookiin kattaleen akkamitti uumamu? Naannoo keetti dhagoota akkamiittu argamu? Dhagoonni naannoo keetti argaman jajjabaatoodha moo lallaafoodha?

Dhagoonni yookiin kattalee akaakuu adda addaa qabu. Gariin isaanii jabeenya yoo qabaatan gariin ammoo lallaafoodha. Gariin isaanii yeroo waliin rukutan akkuma salphaatti kan cacaban yoo ta'an, gariin ammoo yoo waliin rukutan hin caccaban. Garaagarummaan jabeenyaa fi laafiinsa dhagootaa haala uumamaa fi akaakuuwwan albuuddan irraa uumamanii irratti hundaa'a. Walumaa galatti akaakuuwwan dhagootaa (kattalee) Dhagaa baq-qorrii (Igneous rock), Dhagaa kuus-maansaa (Sedimentary Rock) fi Dhagaa jijjiiramaa (Metamorphic Rock) jedhamuun bakka sadittii qoodamu.

1. **Dhagaa baq-qorrii:** Sababa oo'a guddaa keessa lafaatti argamuun dhagoonni baquun gara dhangala'ootti jijjiiramu. Dhangala'oon kunis maagmaa jedhama. Maagmaan yookiin dhangala'oon oo'aan kun humna oo'aa guddaa fi dhiibbaa qaama lafaa keessatti uumamuun dhiibamee qaama lafaa ol dhiibee dhoosuun fuula lafaa irratti ol dhangala'a. Maagamaan irra lafaatti dhangala'uun argamu kun volkaanoo jedhama. Maagmaan qaama lafaa keessaa bahuun fuula lafaa irratti kuufamuun qabbanaa'e dhagaan baq-qorri akka uumamu taasisa. Kana malees, maagmaan osoo dhoohee fuula lafaa irratti hin bahin keessa lafaattis qorruun hafuu ni danda'a.

   Maagmaan fuula lafaa irratti dhangala'uun qorree dhagaan qarsaa (basalt) jedhamu akka uumamu yoo ta'u, maagmaan qaama lafaa keessatti qorruun hafu ammoo dhagaan giraanaayitii akka uumamu taasisa. Dhagaan qarsaa kan maagmaan lafa irratti dhangala'uun dafee qorre kiristaalota xixiqqoo yoo qabaatu dhagaan giraanaayitii kan maagmaa lafa keessatti qorre irraa uumame ammoo kiristaalota gurguddoo qaba.



(a) Dhagaa Qarsaa (Basalt)



(b) Dhagaa Giraanaayitii (Granite)

**Fakkii 2.4.** Dhagoota Baq-qorri

2. **Dhagaa Kuus-maansaa:** Jechi kuus-maansa jedhu sababa lolaa bishaanii, humna bubbee fi cabbii baquun maansota bakka tokkoo haramee bakka birootti kuufamu ibsa. Maansi kun ammoo biyyee, dhagaa caccabe, bosbosa biqiltootaa fi lafee bineeldota adda addaa of keessaa qabaachuu danda'a.

Lolaan bishaanii naannoolee lafa ol ka'oo irraa wantoota adda addaa haruun bakkeewwan lafa dakee, jala galaanotaa fi harawwanitti akka kuufaman taasisa. Kunis maansa jedhama. Maansi haarofti baruma baraan kuufamaa dhufa. Maansi haarofni gubbaan kuufamaa dhufu ammoo isa jalaa irratti ulfaatina dabaluun inni jalaas jabaatuun gara dhagaatti akka jijjiiramu godha. Dhagaan haala kanaan uumamu dhagaa kuus-maansaa jedhamuun waamama. Dhagaan kuus-maansaa akka Dhagaa baq-qorrii Kiristaalii hin qabu.

Haa ta'u malee, Dhagaa kuus-maansaa keessatti lafeewwanii fi bosbosni bineeldotaa fi biqiltoota lafa irra turanii ni argamu. Lafeewwanii fi bosbosni bineeldotaa fi biqiltootaa kunis Foosilii (fossils) jedhama. Dheerinni baraa fi jabinni dhagaa kuus-maasaa gubbaa isaa irraa gara jalaatti dabalaa deema. Dhagaan kuus-maansaa baqqaana maansa bara murtaa'aa ta'e tokko keessati kuufamee argamuu ni danda'a.



**Fakkii 2.5.** Baqqaanota Dhagaa Kuus-maansaa

Dhagaa kuus-maansaa keessaa beekamoowwan saandistoonii (sandstone) kattaa boba'aa (coal) fi Dhagaa booralee (limestone) fa'a.

- *Saandistoonii*: Kunis bakka tokkotti wantoota akka cirrachaa fi biyyee fa'a ta'an irraa kuufamuun uumama.
- *Kattaa boba'aa*: Kun ammoo qaamman lubbu-qabeeyyii kanniin baroota durii turanii du'anii fi jijjiguun lafa keessatti awwalamuun shaman (bosbosanii) gara dhagaatti jijjiiraman irraa uumama.
- *Dhagaa booralee*: Hafteewwan (hambaawwan) lubbu-qabeeyyii bara durii irraa uumaman. Boronqiin akaakuu dhagaa kanaatiif fakkeenya gaariidha.


**Dhagaa Jijjiiramaa:** Dhagaan jijjiiramaa kun sababa jijjiirama tempireecharaa fi dhiibbaa guddaa gosoota dhagaa baq-qorrii fi dhagaa kuus-maansaa irratti uumamuun uumama. Adeemsa jijjiiramaa kana keessatti jijjiirama hamma albuudotaa, gurguddachuu fi xixiqqaachuu kiristaalotaa fi jijjiirama keemikaalawaatu dhagoota irratti raawwatama.



**Fakkii 2.6.** Dhagaa Jijjiiramaa

Addunyaa fi Itoophiyaa keessatti gosonni dhagootaa sadan naannoolee marattuu wal qixa faca'anii hin argaman. Itoophiyaa keesstti dhagaan baq-qorrii naannoolee lafa baddaa fi sulula qinxamaa guddaa baay'inaan uwwisee argama.

Dhagaan kuus-maansaa ammoo lafa dakee naannoo Mootummaa Sumaalee, dhuma sulullan Laga Oomoo, Laga Hawaasii fi jiddu gala sulula Laga Abbayyatti baay'innaan kuufamee argama. Akkasumas, Dhagaan jijjiiramaan naannoo magaalaa Maqalee irraa kaasee gara kallatti dhiyaatti sulula Laga Takkazee qabachuun hanga daangaa biyya Sudaanii dhaqaba. Akkasumas, naannoon Mootummaa Beeniishaangul-Gumuuz, Godina Wallagga Dhihaa, Sulula Laga Baaroo, naannoo magaalaa Hararii kaasee hanga magaalaa Jijjigaatti baay'inaan kuufamee argama.




**Fakkii 2.7.** Faca'insa gosoota dhagoota Itoophiyaa

Faayidaan kattalee maal? Kattaleen misooma dinagdeetiif ni oolu jettee yaaddee beektaa?

Gosoonni dhagaa/Kattalee/sadanuu faayidaa adda addaa kennu. Faayidaa kennuu danda'an keessaa hojii ijaarsa manaatiif, warshaalee fi meeshaa dheedhii ta'uu, madda albuudota ta'uun tajaajila guddaa kennu. Yaada kanas guca armaan gadii irraa ilaaluun hubachuuf yaali.

**Gabatee 2.1: Faayidaa Kattalee**

| Gosoota kattaalee gurguddoo | Albuuddan kattaalee keessatti argaman | Faayidaawwan |
|---|---|---|
| Dhagaa Jijjiiramaa | Albuudota sibiillanii kan akka Worqee, diyaamandii, sibiila diimaa, Ayiranii, pilaatiniyeemii, Liidii, Nikeelii, Yuraaniyeemii fi kan kana fakkaatan fa'a | • Meeshaalee faayaaf oolan tolchuuf.<br>• Ijaarsaa adda addaatiif<br>• Meeshaalee elektiriikii irraa tolchuuf<br>• Industiriwwan maashinoota adda addaa oomishaniif meeshaa dheedhii ta'uu |

| | | |
|---|---|---|
| Dhagaa Kuus-maansaa | Albuuddan boba'an kan akka kattaa boba'aa, peetirooliyeemii fi gaasii uumamaa akkasumas soogiddaa fi kan kana fakkaatan fa'a. | • Madda humnaa/anniisaa/<br>• Ijaarsaaf (cirracha)<br>• Meeshaalee tajaajila barreeffamaatiif oolan oomishuu<br>• Meeshaa dheedhii warshaa simintoo fa'a. |
| Dhagaa baq-qorrii | • Dhagaa qarsaa<br>• Dhagaa giraanaayitii<br>• Cirrachaa fi kan kana fakkaatan fa'a. | • Meeshaalee gosoota ijaarsa adda addaa (gomoowwan, daandiiwwan) |

**Madda: Kitaaba Barataa Ji'oograafii Kutaa 11**

## GOCHA 2.3

**Gocha mirkaneeffannaa**

1. Wixinee kaartaa Itoophiyaa naannoolee itti qoodamte kaasuun Dhagaan baq-qorrii, Dhagaa kuus-maansaa fi Dhagaa jijjiiramaan baay'innaan uwwifamanii argaman agarsiis.
2. Akaakuuwwan dhagoota naannoo kee keessatti argaman sumuda funaanuun dhagoota jajjaboo fi lallaafoo ta'an wal bira qabuun hubachuuf yaali.

## GILGAALA 2.3

### Gaaffiilee gaggabaabaa

**Gaafilee armaan gadiitiif deebiiwwan gaggabaabaa kenni**

1. Gosoonni dhagaa kuus-maansaa maal fa'a?
2. Humnoonni irra lafaa jijjiiran bakka meeqatti qoodamu? Maal fa'a?
3. Kattaleean yookiin dhagaa baq- qorrii faayidaa qaban tarreessi.

### Cuunfaa

Kaartaan meeshaa qaama lafa guutuu yookiin gar-tokkee bakka bu'uun akkaataa haala salphaan hubatamuu danda'utti gads xiqqeeffamee waraqaa diriiraa irratti akka waan samii irraa gad ilaalamutti kaafamuun kan muli'isuudha.

Kaartaan waan naannoo kaafameefii hunda agarsiisuu hin danda'u. Wantoota filatamaniif mallattoowwan adda addaa kaa'uun qofa agarsiisa. Kaartaan wantoota gurguddoo akka argamaa, fageenyaa, baldhinaa fi kallattii agarsiisuun tajaajila kenna. Kanniin malees kaartaan odeeffannoowwan faca'iinsa ta'eewwanii, gaarreen, biqiltoota, laggeen, magaalota, faca'iinsa ummataa fi kanniin biroo agarsiisuun faayidaa guddaa kenna.

Odeeffannoowwan handaara kaartaa irratti argaman keessaa muraasni mata duree kaartichaa, baraa fi bakka kaartichi itti hojjatame, mallattoolee fi fakkiiwwan kaartaa irratti argamanii fi Iskeelii kaartichaa fa'a.

Iskeeliin kaartaa mala hariiroo fageenya bakkeewwan lama kaartaa irratti ibsamanii fi fageenya bakkeewwan lamaan kunniin lafa irratti qaban jidduu jiru ibsa.

Iskeeliin kaartaa karaa sadiin ibsama. Isaanis Iskeelii Firaakshinaa, Iskeelii Himaa fi Iskeelii Sararaa (Giraafii)ti. Iskeelii akaakuu tokko irraa gara Iskeelii akaakuu birootti jijjiiruun ittiin fayyadamuun ni danda'ama.

Lafti Baqqaanota sadi gurguddootti qoodamti. Isaanis: Irra lafaa (crust), Keessa lafaa (mantle), fi handhuura lafaa (core) jedhamuun beekamu.

Haalli teessuma lafaa garaagarummaa qaba. Humnoonni fuula lafaa ijjiiran humnoota keessa lafaa fi humnoota irra lafaa jedhamuun beekamu. Humnoonni keessa lafaa irra lafaa jijjiiran dhoohinsa Volkaanoo fi hollannaa lafaa jedhamu. Volkaanoon boolla tookkoon bahuun lafa irratti gaara koonii yoo uumu, boolli magmaan keessaan bahu veentii jedhama. Afaan boollaa irratti ammoo harri uumamatu kireetarii jedhamti. Volkaanoon akaakuuwwaan sadi qaba. Isaanis: Volkaanoo socho'aa, volkaanoo riphaa fi Volkaanoo dhumataa jedhamu.

Humnoonni irra lafaa kan fuula lafaa jijjiiran lolaa bishaanii, bubbee fi cabbii sigigaatuudha. Humnoonni kunniin kattaalee fuula lafaa irratti sababa jijiiramoota fiizikaalaa fi keemikaalaatiin fofolloqanii caccabuun gara biyyeetti jijjiiraman bakka tokkoo haruun gara biraatti geejjibsiisanii kuusu. Kattaalee (dhagootaa), Dhagaa baq-qorrii, Dhagaa kuus-maansaa fi Dhagaa jijjiiramaa jedhamuun bakka sadittі qoodamu. Kattaalee hojii ijaarsa adda addaatiif, akkasumas warshaalee keessatti meeshaa dheedhii ta'uun tajaajila guddaa kennu.

## GAAFFILEE XUMURAA BOQONNAA 2

### Kutaa I: Yoo himoonni armaan gadii sirrii ta'an Dhugaa yoo dogoggora ta'an ammoo Soba jechuun barreessi.

1. Kaartaan meeshaa qaama lafaa guutuu yookiin gar-tokkee qaama lafaa bakka bu'uun kan tajaajila kennuudha.
2. Kaartaan kan daangaalee biyyoota adda addaa agarsiisu kaartaa Fiizikaalaa jedhama.
3. Kaartaan kaayyoo kaafameef irratti hundaa'uun maqaa ofii ni qabaata.
4. Pilaaneetonni sirna biiftuu keessatti argaman hundi hammaan wal qixxeedha.
5. Qaama lafaa keessaa qaamni lafaa 70% ta'a jedhamee tilmaamama.
6. Iskeeliin Firaakshinaa fi Iskeeliin Himaa garaagarummaa hin qaban.
7. Uumama garreenii, Pilaatoowwanii fi tulluuwwaniitiif sababni guddaan humnoota irra lafaati.
8. Gaarreen Himaliyaa sababa dadacha'iinsa lafaatiin uumaman.
9. Sululli Guddaan Qiinxamaan addunyaa biyya Sooriyaa irraa kaasee hanga Mozaambikiitti diriiree argama.
10. Jijjiiramni Fiizikaalaa uumamuu kan danda'u sababa Tempireecharaa, humna biqilootaa fi bineeldotaatiin caccabuu dhagaatiin.

### Kutaa II: Yaadota toora "A" jala jiran kanneen "B" jala jiraniin walitti firoomsi.

| A | B |
|---|---|
| 1. Ogeeyyota kaartaa hojjatan | A. Lolaa Bishaanii |
| 2. Mallattoowwanii fi fakkiiwwan kaartaa | B. Kaartoogiraafaroota |
| 3. Keessa lafaa | C. Maagneeshiyaa |
| 4. Volkaanoo boolla tokkoon bahu | D. Veentii |
| 5. Humna irra lafaa | E. Lugaa Kaartaa |
| | F. Yabbina 30-40 Km |

## Kutaa III: Gaaffiwwan armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Malli hariiroon fageenya qabxiilee lama kaartaa irratti argamanii fi lafa irratti argama jidduu jiru ittiin ibsamu maal jedkama?
   A. Mata duree kaartaa B. Iskeelii Kaartaa
   C. Mallattoowwan handhura kaartaa D. Deebiin hin kennamne
2. Iskeeliin Himaa 4cm=20km jedhamu gara Iskeelii Firaakshiinaatti yoo jijjiiramu hammaam ta'a?
   A. 1:5000 B. 1:50,000 C. 1:500,000 D. 1:500
3. Kanniin armaan gadii keessaa kan walakka keessaa lafaatti argamu kami?
   A. Handhuura lafaa B. Irra lafaa C. Keessa lafa D. Qaama lafaa
4. Lafti erga uumamtee gara waggoota meeqaa ta'a jedhamee tilmaamama?.
   A. Waggoota miliyoona 2.5 B. Waggoota miliyoona 8.3
   C. Waggoota miliyoona 4.6 D. Waggoota miliyoona 1.5
5. Meeshaan hammi hollannaa lafaa fi fac'iinsi isaa ittiin beekamu maal jedhama?.
   A. Mohoo B. Altoomeetira C. Seesimoogiraafii D. Paantoogirafii

## Kutaa IV: Deebii Gabaabaa

## Qajeelfama: Gaaffiilee armaan gadiitiif deebiiwwan gaggabaaboo kenni.

1. Faayidaaleen kaartaa gurguddoon maal fa'a?
   a. ______________________, b. _________________, c. ________________, d. ________________
2. Baqqaanoota lafaa tartiibaan barreessi.
   a. ______________________, b. _________________, c. ________________, d. ________________
3. Handhuura lafaa keessaa kattaleen baquun dhiibamee qaama lafaa dhoosuun dhagala'ee ol bahu maal jedhama?
4. Akaakuuwwan dhagoota kuus-maasaa keessaa kan wantoota akka cirrachaa fi biyyee ta'an irrraa uumamemaal jedhama?
5. Gosoonni gurguddoon kattallee maal fa'a?
   a. ______________________, b. _________________, c. ________________, d. ________________

Boqonnaa 3

# Sirna Ikkoo fi Rakkoolee Isaa

**BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA**

**Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda:**

- Afrikaa keessatti wantoota faca'iinsa, faayidaa, fi haallan gurguddoo biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa murteessan ni hubatta.
- Argama fi rakkoolee qabeenya bishaan dhugaatii mudachuu danda'an ni ibsita.
- Maloota kunuunsa qabeenya uumamaatiif oolan mirkaneeffachuu ni dandeessa.

## 3.1. BIQILTOOTA UUMAMAA, BINEENSOTA BOSONA BEEKAMOO FI BARBAACHISUMMAA ISAANII

**Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Xumura barnoota mata duree kanaa booda:

- Naannoolee biqiltoonni uumamaa Afrikaa itti argaman kaartaa Afrikaa irratti ni agarsiifta.
- Bineensota bosonaa Afrikaa addaan baaftee ni himta.
- Faca'iinsa bineensota bosonaa naannoo uumamaa wajjin wal bira qabuun ni ibsita.
- Biqiltoonnii fi bineeldonni qaama Sirna Ikkoo ta'uu isaanii ni ibsita.
- Maandheen yookiin bakki jireenya bineensotaa yoo jalaa manca'e bineensonni kan badan ta'uu isaanii ni ibsita.
- Dhiibbaa namaatiin wantoota bineensota bosonaa irraan miidhaa geessisan ni tarreessita.
- Jijjiirama qilleensa baramaa hambisuuf hojjachuu kan dandeessuu ta'uu kee hojiin ni agarsiifta.

### A. Biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa

Biqiltoonni uumamaa naannoo jireenya keetti argaman maal fa'a? Faca'iinsi isaanii maal fakkaata? Faayidaa biqiltoonni uumamaa dhala namaatiif kennan tarreessuu dandeessaa? Biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa jidduu walitti dhufeenyi jira jettee yaaddee beektaa? Gosaa fi faca'iinsa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa Afrikaa tarreessuu dandeessaa?

Biqiltoonni uumamaa dhala namaatiif faayidaa adda addaa kennu. Biqiltoonni uumamaa madda nyaataatii fi meeshaalee adda addaa jireenya dhala namaatiif barbaachisan ta'uun tajaajila guddaa kennu. Biqiltoonni uumamaa madaalliin uumama naannoo akka hin jeeqamne taasisu. Biqiltoonni uumamaa jiraachuun uumama biyyee gabbataatiif gumaacha guddaa kennu. Uumamni biqiltoota uumamaa naannoo kamiituu wantoota lamaan gurguddoo armaan gadii irratti hundeeffama. Isaanis:

1. Tempireechara (Haala oo'aa-qabbanaa) naannoo tokkoo
2. Hamma jiidhiinsa biyyee naannoo keessatti argamuu, gara biraatiin hamma rooba naannoon argatu. Hamma hurka bishaan naannoo fi dandeettii biyyeen bishaan qabachuuf qabdu fa'a.

Faca'iinsa biqiltoota uumamaa haallan murteessan keessaa inni guddaan qilleensa baramaa naannoo tokkooti. Qilleensi baramaanis elemeentoota adda addaa of keessaa qaba. Kanatti aansuun maalummaa qilleensa baramaa, naannoolee qilleensa baramaa Afrikaa fi hariiroo faca'insa biqiltoota uumamaa wajjiin qabus hubachuuf yaali.

- **Qilleensa barmaa** jechuun haala qilleensa bakka tokkoo jiddu galeessaan elemeentoonni qilleensaa osoo hin jijjiiramin haala wal fakkaataa ta'een yeroo dheeraaf yoo xiqqaate waggoota 35f muldhatu jechuun ni danda'ama. Elemeentoonni qilleensa baramaa gurguddoon tempireechara, rooba, ifa biiftuu, bubbee, dhiibbaa qilleensaa fi jiidhinsa qilleensaa fa'a.
- **Haala qilleensaa** kan jedhamu ammoo guyyaa guyyaatti yeroo gabaaboo fi naannoo murtaa'aa ta'e tokko keessatti kan muldhatu jijjiirama qilleensaati. Fakkeenyaaf, Ganama ni oo'a. Guyyaa ni duumessaa'a. Gara galgalaa roobuu ni danda'a jechuudha. Qilleensi baramaa fi haalli qilleensaa elemeentota wal fakkaatan qabaatanis dheerina yerootiin garaagarummaa qabaachuu isaanii hubachuun ni danda'ama.
- Wantoonni faca'iinsa qilleensa baramaa to'atan gurguddoon **Sararran Dagalee (Latitude) Ol ka'iinsa lafaa (Altitude) fi Fageenya bakkeewwan qaamman bishaana'oo** (Distaance from the water bodies) irraa qaban fa'a.

## Naannoolee Qilleensa baramaa Afrikaa

Afrikaan naannoolee qilleensa baramaa adda addaa qabdi. Isaan keessaa gurguddooni:

(*a*) **Nananoo Qilleensa Baramaa Jiidhaa Oo'aa:** Afrikaa keessatti naannoon kun naannoo Mudhii lafaa, naannawa Qorii Koongoo fi lafa dakee qarqara Galoo Galaanaa Giiniitti baldhinaan argama. Keessattuu, Mudhii lafaa irraa gara Kaabaatti 6° fi gara Kibbaattis 6° jidduutti argama. Naannoon kun waggaa guutuu rooba guddaa argata. Hammi oo'a jiddu galeessaa naannoo 27°C ta'a. Waggaatti hamma roobaa jiddugaleessaa 1500 mm ol ta'e argata. Garaagarummaan oo'a guyyaa fi ji'oota waggaa jidduu jiru baay'ee xiqqaadha. Naannoon kun gosa rooba hurkaa (Konveekshinii) argata.

Naannoon kun waggaa guutuu rooba guddaa waan argatuuf bosona heddummaataa fi wal xaxaa ta'een uwwifamee argama. Biqiltoonni naannoo kanaa baqqaanota sadi qabu. Isaanis biqiltoota 50 m al dheeratan, mukkeen dheerina 18 m qabanii fi mukkeen gaggabaaboo miil-jalee (under growth) mukkeen gurguddootti biqilan fa'a.

(*b*) **Naannoo Qilleensa Jiidhaa gogaa:** Naannoon kun naannoo qilleensa jidhaa-oo'aa marsee argama. Naannoon oo'a ol aanaa kan qabu yoo ta'u, garaagarummaan hamma oo'a guyyaatii fi waggaa jidduu jiru guddadha.

Akkuma naannoo mudhii lafaa irraa garaa kaabaa fi kibbaatti deemuun garaagarummaan kunis baldhataa deema. Naannoon kun rooba waggaa guutuu hin argatu. Rooba kan argatu waqtii gannaa yoo ta'u, hemisfeera kaabaatti waqtiin gannaa (ji'oota Waxabajjii, Adoolessaa fi Hagayya) yoo ta'u kan Himisfeera Kibbaa keessatti ammoo waqtiin gannaa (ji'oota Muddee, Ammajii fi Gurraadhala fa'a.) Hammi roobaas akkuma gara kaabaa fi kibbaatti adeemamuun xiqqaataa deema.

Naannoon kun naannoo bosona heddummaataa marsee yoo argamus biqiltoonni akka naannoo qilleensa jiidhaa oo'aa keessatti biqilanii hin argaman. Bakkii naannoo bosona heddummaatatti aanee argamu Paark Savaanaa (Park savanna) yoo jedhamu margi dhedheeroo fi mukkeen wal keessatti marguun argamu. Naannoo Paarki savaanaa irraa gara Kaabaa-Kibbaatti akkuma deemamuun gara Lafa Margaatti (True savanna) jijjiiramaa deema. Dheerinni margaas gaggabaabbachaa deemuun qarqara gammoojjii oo'aatti akkuma dhiyaatuun gara micireetti (shrubs) fi marga baay'ee gaggabaaboo fi jabaatoo ta'etti jijjiirama.

(*c*) **Naannoo Qilleensa Gammoojjii oo'aa:** Afrikaa keessatti naannoon kun naannoo qilleensa jiidhaa-gogaatti aanee argama. Afrikaatti gammoojjiiwwan oo'a guddaa qabaachuun beekaman Sahaaraa, Naambi-kalahaarii fi Somaaliyaadha.


Naannoon tokko gammoojjii oo'aa jedhamuuf hammi roobaa waggaatti argatu jiddgaleessan-250 mm gad ta'uu qaba. Naannoon kun guyyaa guyyaa baay'ee yoo oo'u, halkan halkan ammoo baay'ee qorra. Kunis garaagarummaa tempireechara guyyaa guddaa ta'a. Roobni tasa naannoo kanatti dhufu sababa oo'a guddaatiin osoo biyyee keessa gad hin seeniin hurkaa'ee bada. Hanqina roobaatiin kan ka'e, naannoo kanatti biqiltoonni baay'inaan hin argaman.

(*d*) **Nananoo Qilleensa Meediteraaniyaanii:** Naannoon kun qarqara Kaaba Afrikaa naannoo Magriibii fi qarqara Kibba Afrikaa naannoo Keeppi Reenjiitti argama. Naannoo kanatti waqitiin bonaa jiidhaa fi qabbana yoo ta'u, waqtiin gannaa ammoo oo'aa fi gogaadha.

(*e*) **Qilleensa naannoo Lafa ol ka'oo:** Haalli teessuma lafa naannoo keetii maal fakkaata? Gaarreenii fi pilaatoowwan jiruu? Lafti dakee fi sulullan hoo jiruu?

Afrikaan naannoolee lafaa ol ka'insa guddaa qaban baldhaa qabdi Fakkeenyaaf, Gaarreen Baha Afrikaa, Pilaatoowwan Kibba Afrikaa, naannoo Galoo Galaana Giinii fi naannoo Magribii fa'a. Akkuma ol ka'iinsi lafaa 167 m dabalaa deemuu hammi oo'aa 1°c gad xiqqaataa deema.


Bakkeewwan ol ka'insa guddaa qaban irratti hammi oo'aa xiqqaadha. Haa ta'u malee, naannoon kun waan rooba guddaa argatuuf biqitoonni adda addaa baay'inaan argamu.




**Fakkii 3.1.** Naannoolee Qilleensa Baramaa Afrikaa

Naannooleen qilleensa baramaa adda addaa jiraachuun Afrikaa keessatti biqiltoonni uumamaa akaakuu adda addaa qaban akka jiraatan taasisee jira.

Afrikaan naannoolee qilleensaa baramaa adda addaa akkuma qabdu faca’insa biqiloota uumamaa garaagaraas qabdi. Isaanis, Bosona roobaa naannoo Mudhii lafaa, Biqiloota naannoo savaanaa, Biqiltoota naannoo gammoojjii, Biqiltoota naannoo lafa baddaa (lafa olka’oo) fi biqiltoota naannoo Meediteraaniyaati.





**Fakkii 3.2.** Faca’iinsa biqiltoota uumamaa gurguddoo Afrikaa

**Bosona roobaa naannoo Mudhii lafaa:** Irra caalaan qaama ardii Afrikaa naannoo qilleensa barama oo'aa (tropic) keessatti argama. Afrikaatti naannoon bosona roobaa baldhinaan kan argamu naannoo Mudhii lafaa irraa gara Kaabaatti digrii jaha (6°) fi gara Kibbaattis digrii jaha (6°) diriiruun naannoo Qorii Koongoo jedhamu keessatti argama. Naannoon kun waggaa guutuu oo'aa fi rooba guddaa qabaachuun beekama. Bakka argama naannoo bosona roobaa kanas kaartaa Afrikaa armaan olii irraa ilaaluun hubachuuf yaali.

Naannoon bosona roobaa kun waggaa guutuu oo'aa qabbana (tempireechara) roobaa fi jiidhinsa guddaa argata. Hammi oo'a jiddu galeessaa waggaa 27°C yoo ta'u gargarummaa hamma oo'a waggaa guddaa fi hammi oo'a waggaa xiqqaa jidduu jiru baay'ee xiqqaadha. Sababni isaas naannoo kanatti caarallaan biiftuu irraa dhufu waggaa guutuu sirrii sammuu irra waan ooluuf gargaarummaan hamma oo'a guddaa fi xiqqaa jidduu jiru waan hin jirreef.

Naannoon kun waggaa guutuu rooba guddaa argata. Kun ammoo biqiltoonni akaakuu adda addaa baay'inaan akka argaman taasisee jira. Hammi rooba waggaa naannoon kun argatuu 1500 mm hanga 2500 mm ta'a. Biqiltoonni naannoo bosona mudhii lafaa baqqaana sadi qabu. Kunis, biqiloota dheerina hanga 60 m qaban, biqiltoota jidduu galeeyyii dheerina hanga 18 m qabanii fi biqiltoota gaggabaaboo miila jalatti biqilan fa'a.




**Fakkii 3.3.** Baqqaanota Biqiltoota Bosana Roobaa naannoo Mudhii Lafaa

Bosonni roobaa naannoo mudhii lafaa kun goosota mukkeen jajjaboo akka maahoogaanii, Iboonii, mukaa gurraacha, siigedaa fi kana fa'a qaba. Bosonni kun maandhee yookiin bakka jireenya lubbu qabeeyyii gosoota baay'eeti, Naannoo bosona roobaa keessatti bineensonni baay'een muka irra jiraatu. Isaanis, jaldeessa, weennii, qamalee, gooreellaa, jaldeessaa daabee fi simbirroowwan gosa adda addaa fa'a. Akkasumas, laggeen gurguddoo fi qaamman bishaanii naannoo bosona roobaa mudhii lafaatti argaman keessaas roophiiwwanii (roobiiwwan) fi nachii baay'inaan argamu.

### Biqiltoota Naannoo Savaanaa

Afrikaatti naannoon savaanaa jedhamu kun jidduu naannoo bosona roobaa kaabaa fi kibba mudhii lafaa fi naannoo biqltoota gammoojjii jidduutti argama. Afrikaa keessatti naannoon savaanaa kun bakka baay'ee uwwisee argama. Naannoo savanaa keessatti biqiltoonni akka margaa fi mukkeenii baay'inaan

argamu. Naannoon savaanaa akka naannoo Bosona roobaa mudhii lafaa rooba waggaa guutuu hin argatu. Waggaa keessatti waqtii rooba argatuu fi rooba hin arganne ifatti beekaman qaba.



(A) Paarki Savaanaa



(B) Savaanaa dhugaa



(C) Savaanaa goggoogaa

**Fakkii 3.4.** Faca'insa biqiltoota naannoo Savaanaa

Afrikaa keessatti naannoon savaanaa Afrikaa bakka sadditti qooduun ilaaluun ni danda'ama. Isaanis, Paarki savaanaa, savaanaa dhugaa fi savaanaa gogaa jedhamu.

(*i*) **Paarkii savanaa (Park savanaa)** kan jedhamu naannoo bosona roobaa Mudhii lafaa fi naannoo savaanaa dhugaa jidduutti kan argamu yoo ta'u, walmakaa mukkeennii fi margaa dhedheeraa qabaachuun beekama. Kunis naannoo Dhiha Afrikaa, Kaaba, Koongoo, Kibba Sudaanii fi walakkaa Maalii keessatti baldhinaan argama.

(*ii*) **Savaanaa dhugaa (True savanna)** kan jedhamu naannoo paarkii savaanaa fi naannoo gara qarqara gammoojjii fakkitti argama. Savaanaan dhugaa baay'inaan marga kan qabaatu yoo ta'u, mukkeen gaggabaaboon akka dhaddachaa, waccuu fi laaftoo darbanii darbanii keessatti faffaca'anii argamu. Savaanaan dhugaa kun irra caalaatti biyya Zimbaabwee, Maalaawii, Kibba Keeniyaa, Baha Taanzaaniyaa, naannoo Dhiha Afrikaa fi kanniin biroo keessatti ni argama.

(*iii*) **Savaanaa gogaa (Dry savanaa):** Naannoon kun jidduu lafa margaatii fi naannoo gammoojjii oo'aatti argama. Akaakuuwwaan biqiltootaa naannoo kana keessatti argamanii mukkeen baay'ee gaggabaaboo ta'anii (micireewwan) fi addaan faffaca'anii biqilan ennaa ta'an, irra caalaatti naannoo Seneegaalii hanga Itoophiyaatti, Kaaba Keeniyaa, Angoolaa fi Bootiswaanaa keessatti baldhinaan argamu. Hammi rooba wagga naannoon saavaanaa argatu akkuma mudhii lafaa irraa gara kaabaa fi kibbaatti fagachaa adeeamuun xiqqaataa deema. Kunis naannoo kana keessatti biqiltoonni akaakuu adda addaa akka argaman taasisee jira. Gara biraatiin naannoo saavaanaa Afrikaa maandhee bineensota bosonaa kan marga sooratan kan akka sattawwaa, borofaa, harddidaa, gafarsaa fi arbaa fi kan foon sooratan kan akka leencaa, qeerransaa, waraabessaa fi jeedalaa (waangoo) fa'a ta'uun beekama.

**Biqiltoota naannoo qilleensa baramaa gammoojjii fi gammoojjiitti dhiyaatu (Semi-desert):** Naannoon kun kan argamu saavaanaa gogaa fi naannoo qilleensa Meediteraaniyaa jidduutti argama. Afrikaa keessatti naannooleen gammoojjii oo'aa beekaman gurguddoon Gammoojjii Sahaaraa, Naamibii fi Kalahaariiti. Naannooleen gammoojjii kunniin waggaa guutuu rooba hin argatan. Yeroo tokko tokko roobni akka tasaa dhufuu (roobuu) danda'a. Haa ta'u malee, hammi roobaa naannoon kun argatu guddina biqiltootaatiif gahaa miti. Biqiltoonni naannoo gammoojjii oo'aa keessatti argaman amala addaa qabu. Biqiltoonni gammoojjii oo'aa hidda dhedheeroo lafa keessaa bishaan xuuxuu danda'an, baallan xixiqqoo bishaan hurkaan qaama biqiltootaa keessaa baay'inaan akka hin banne xiqqeessanii fi quncee furdaa, kan bishaan hurkaan **biqiltoota keessaa bahu ittisan qabu.** Kana malees, naannooleen gammoojjii kunniin guyyaa guyyaa baay'ee ennaa oo'an halkan halkan ammoo baay'ee qorru. Haalli kunis garaagarummaan hamma oo'aa guyyaa fi halkanii guddaa akka ta'u godheera.

Akkuma biqiltootaa bineensonni naannoo gammoojjii oo'aa kanniin keessatti argaman kanniin dhiibbaa qilleensa baramaa gammoojjii oo'aa dandamachuu danda'aniidha. Bineensonni bosonaa naannoo kana keessatti argamanis kanniin lafa irra looyan jawwee, bofa gosoota adda addaa, qoracoowwanii fi qocaawwan fa'a.

**Biqiltoota Naannoo Meediteeraaniyaanii:** Afrikaatti naannoon Meediteraaniyaanii kan argamu naannoo Kaaba Afrikaatti qarqara galaana Meediteraaniyaa biyyoota Moorookoo, Aljeeriqaa, Liibiyaa, Tuuniziyaa fi Ijipti (Misra) keessatti, Gara Kibbaatti ammoo biyya Rippubliikii Afrikaa Kibbaatti naannoo Keeppi Pirooviinsi jedhamu keessatti. Naannoon Meediteraaniyaanii kun amala addaa qabaachuun beekama. Kunis, waqtii gannaa oo'aa guddaa fi waqtii bonaa jiidhaa fi qabbanaa'aa qaba. Naannoon kun rooba guddaa akka bosona roobaa mudhi lafaa hin argatu. Haa ta'u malee, naannoon kun biqiltoota akaakuu adda addaa baay'inaan qaba. Biqiltoonni naannoo kanaa waggaa guutuu bifa magariisaa kan qaban ennaa ta'an mukkeen adda addaatii fi marga of keessaa qabu.

**Biqiltoota naannoolee lafa baddaa:** Afrikaan haala teessuma lafaa adda addaa akka qabdu barnoota dabree keessatti barattee jirta. Naannoo qilleensa baramaa oo'aa (Tropical Climate) Afrikaa keessatti biqiltoonni naannoolee gaarreeniitti biqilan ni jiru. Afrikaa keessatti naannooleen lafa baddaa (gaarreenii) baay'inaan kan argaman Itoophiyaa fi naannoo Baha Afrikaa keessatti. Biqiltoonni kunniin bosona lafa

baddaa fi lafa margaa fa'a. Naannoolee lafa badda ol ka'iinsa adda addaa fakkeenyaa bakkeewwan ol ka'iinsa 3000 m irratti biqiltoonni akka Saatoo, ol ka'iinsa meetira 2000–2500 m bosona Leemmanii, ol ka'iinsa meetira 2000 irratti bosona Hindheessaa (gaattiraa) fi ol ka'iinsa meetira 1500 irratti bosonni Birbirsaa baay'inaan argamu. Akkasumas, naannoolee lafa baddaa kanniin irrattis margi baldhinnaan argama. Bineensonni akaakuu adda addaattis baay'inaan keessatti argamu.

Kana malees, laggeen gurguddoo fi naannooleen lafa caffaa'aa Afrikaa maandhee lubbu qabeeyyii baay'eeti. Isaanis, qurxummiiwwan, roophiwwan, naachaawwanii fi allaattota adda addaa fa'a.

### B. Barbaachisummaa Biqiltoota Uumamaa fi Bineensota Bosonaa

Biqiltoonni uumamaa fi bineensonni bosonaa dhala namaatiif faayidaa adda addaa kennu. Kanas haala armaan gadii irraa hubachuuf yaali.

(*i*) Biqiltoonni uumamaa fi bineensonni bosonaa madda nyaataa ta'uu.

(*ii*) Biqiltoonni uumamaa fi bineensonni bosonaa madda beekumsa saayinsii fi barnootaa akkasumas madda argama qorichaa adda addaa ta'uun ni fayyadu.

(*iii*) Biqiltoonni uumamaa fi bineensonni bosonaa madda bashannanaa ti.

(*iv*) Biqiltoonni uumamaa fi bineensonni bosonaa madda galii ta'uun industirii fi Tuuriziimii babaldhisuun misooma dinagdee biyyaatiif oolu. Fakkeenyaaf, naannoo Baha Afrikaa keessatti biyyoonni akka Taanzaaniyaa, Keenyiyaa, Itoophiyaa fi Ugaandaa qabeenya bineensota bosonaa naannoo isaanii irraa waggaatti daaww'attoota (tuuristoota) irraa galii guddaa argatu.

Haa ta'u malee, Afrikaa keessatti biqiltoonni uumamaa fi bineensonni bosonaa rakkoolee adda addaa qabu. Biyyoota guddina misooma dinagdeetiin sadarkaa gad aanaa irratti argaman keessatti baay'inni lakkoofsa ummataa saffisaan dabalaa deemaa jira. Namoonni waan nyaataa argachuuf midhaan oomishamuu qabu.

Midhaan oomishuuf ammoo bosona ciruun, lafa qotiisaa jijijjiiruun, lafa qotiisaa babaldhisuuf, bosona ibiddaan gubuun gochawwan manca'uu bosonaaf isaan ijoodha. Kana malees, bosonni mukkeen qoraanii fi ijaarsaaf oolan argachuuf, babaldhina magaalotaaf, ijaarsa daandiiwwan konkolaataa fi baaburaa oomisha akka meeshaalee mukaa babaldhataniif mukkeen warshaalee keessatti meeshaalee dheedhitti tajaajiluuf muramuun biqiltoonni uumamaa akka badan taasisaa jira. Kunis, bineensonni bosonaa maandhee (bakka jireenyaa) dhabuun akka badan taasisee jira.

Ciramni bosonaa gammoojjummaa babaldhisuun jijjiiramni qilleensa baramaa akka uumamu taasisa. Sanyiiwwan biqiltootaa ni badu. Sirni Ikkoo ni jeeqama. Biyyeen qullaatti hafuun lolaa bishaanii fi humna bubbeetiin haramuuf ni saaxilamti. Biyyeen gabbina dhabuun hanqinni oomisha midhaanii garmalee akka xiqqaatu taasisa.

Hiyyummaan ummataa babaldhataa deema. Biqiltoonni uumamaa naannoo tokko irraa badaa deemuun madalliin sirni ikkoo naannichaa jeeqamuun dhalli namaa fi lubbu-qabeeyyiin adda addaa rakkoolee adda addaatiif akka saaxilaman taasisa. Biqiltoota uumamaa irra balaan karaa uumamaatiinis gahus ni jira. Kunis ibidda tasa bosona keessaa ka'u, dhoohinsa volkaanoo fi sigigaachuu lafaa fa'a.

Haalli uumama teessuma lafaa kallattii fi al-kallattiin akaakuu biqiltootaa irratti dhiibbaa qabaachuu danda'a. Kunis lafa qotiisaa fi horsiisa horiitiif ta'u, lafa margaa fi mukkeen biqilchuu fi maandhee bineensota bosonaa adda addaa fa'a.

Akkuma haala teessuma lafaa tempireecharri naannoo uumamaa tokkoo akaakuu biqiltoota uumamaa irratti dhiibbaa mataa isaa qaba. Kunis, hamma tempireecharaa, jiidhiinsa qilleensa keessaa fi hammi roobaa guddinaa fi akaakuu biqiltootaaf murteessadha.

## GOCHA 3.1

**Gocha mirkaneeffannaa**

1. Wixinee kaartaa Afrikaa kaasuun naannoolee gosoota biqiltoota uumamaa Afrikaa gurguddoo halluwwan adda addaa dibuun agarsiisi. Kanas barsiisaa yookiin barsiiftuu keetti muldhisi.

## GILGAALA 3.1

### Gaaffiilee Gaggabaabaa

**Gaafilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kenni**

1. Haallan lamaan gurguddoon guddina biqiltoota uumamaa murteessan maal fa'a?
2. Afrikaa keessatti bosonni roobaa irra caalaatti eessatti argama?
3. Paarki savaanaan maali?
4. Gammoojjiiwwan gurguddoon Afrikaa keessatti argaman eenyu fa'a?
5. Biyyoonni Kaaba Afrikaa kanniin qilleensa naannoo Meediteraaniyaa qaban eenyu fa'a?

## 3.2. BISHAAN, BIYYEE FI QILLEENSA

**Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Adeemsaa fi xumura barnoota mata duree kanaa booda:

- Hariiroo namaa fi bishaan jidduu jiru ni ibsita.
- Afrikaatti gahumsaan argamuu fi hanqina bishaan dhugaatii jiru wal bira qabuun ni ibsita.
- Soda badiitii bishaanii fi sababban badiitii bishaan dhugaatii Afrikaa keessatti mudachuu danda'u ni ibsita.
- Sababban badiitii qabeenya biyyee Afrikaa addaan ni baafatta.
- Sababban faalama qilleensa magaalotaa maal fa'a akka ta'an ni tarreessita.

**Bishaan, biyyee fi qilleensa**

Hariiroo bishaan, biyyee fi qilleensa jidduu jiru ibsuu dandeessaa? Bishaan maaliif barbaachisa? Naannoo at keessa jiraatutti bishaan dhugaatii qulqulluun haala gahaa ta'een argamaa? Naannoo keessan keessatti hanqinni bishaanii ni muldhataa? Hanqina bishaan dhugaatiitiin rakkooleen dhufan maal fa'a jettee yaada?

Qilleensa baramaa, biyyee fi bishaan hariiroo addaan hin cinne qabu. Akkasumas, biqiltoota wajjiinis walitti hidhamiinsa qabu. Qilleensi baramaan akaakuu fi faca'iinsa biqiltootaa ni to'ata. Biyyeen ammoo walitti dhufeenya qilleensa baramaa, biqiltootaa fi bishaan irraa uumaman. Elemeentoonni qilleensa baramaa gurguddoon tempireechara, rooba, bubbee fi dhiibbaa qilleensaa fa'a.

Fuulli lafaa 70% ta'u qaama bishaaniin uwwifamee jira. Bishaan kan argamu Garbawwan gurguddoo, Galaanota, Harawwan, Laggeenii fi lafa keessatti fa'a.

Bishaan dhugaatiif, nyaata ittiin qopheessuuf, qulqullina ittiin eeggachuuf, guddina biqiltootaaf, dhugaatii bineeldotaaf, humna elektiriikii maddisiisuu fi tajaajila geejjibaa fa'af faayida guddaa kenna. Bishaan fuula lafaa uwwisee argamu keessaa 97% Garbawwan gurguddoo fi galaanota keessatti argama. Bishaan garbaawwanii kun ammoo sooggidda baay'inaan waan qabuuf dhugaatiif mijaa'aa miti. Bishaan fuula lafaa uwwise keessaa 2% naannoolee bantii Kaabaa fi bantii Kibbaatti bifa cabbiitiin kuufamee argama. Bishaan qulqulluun 1% ta'u ammoo harawwan, laggeenii fi lafaa keessatti kuufamee argama.

Bishaan dhugaatii qulqulluun naannoolee hundatti haala wal qixa ta'een faca'ee hin argamu. Fuula lafaa irratti naannooleen gariin ammoo hanqina bishaanii qabu.

Naannoolee yookiin biyyoota adda addaa keessatti sababban rakkoolee hanqina bishaan dhugaatii fidan gurguddoon saffisaan gar-malee dabaluu lakkoofsa ummataa fi babaldhina magaalotaa fa'a. Dhalli namaa qabeenya bishaanii uumaan badhaafte kana sochiilee dinagdee keessatti sirnaan itti fayyadamuu dadhabuun bishaan akka qulqullina dhabu taasisaa jira. Bishaan naannoo namni jiraatutti argamu gattaawwan jajjaboo fi dhangala'oo akkasumas, wantoota summaa'an qaamman bishaana'oo, bishaan lolaa lafa irraa yaa'utti gad dhiisuun akka laggeen, harawwanii fi biyyee keessa gad lixuun bishaan keessa lafaatti (Ground water) makamuun summeessuu danda'a.

Faalamni bishaanii kan uumamu wantoonni miidhaa geessisuu danda'an kanniin haala fiizikaalawaa, baayoolojikaawaa fi keemikaalawaatiin bishaanitti makamuun jijjiiramni uumama. Akkasumas, bishaan wantoota akka albuuddan bulbulamanii, gaasota akka naayitiroojiinii, pootaasiyeemii, sooggiddaa, sibiilaa fi kanniin biroos ennaa itti makaman ni summaa'a.

Bishaan summaa'e foolii gaarii hin qabu. Dhugaatiif, nyaata ittiin qopheessuuf, qaama ittiin dhiqachuu, huccuu ittiin miicachuuf gaarii miti. Bishaan summaa'e dhibeewwan sababa bishaan qulqullina hin qabne irraa dhufan kan akka baasaa (garaa kaasaa), koleeraa fi taayifooyidii fa'a nama qabsiisuu danda'a. Maddoonni faalama bishaanii lama. Isaanis madda faaltota iddoon ka'umsaa isaanii beekamee fi maddoota faaltotaa hundeen isaanii hin beekamneedha.

(*a*) Madda faaltota iddoon ka'umsaa isaanii beekamee (Point Source Pollution) kan jedhaman warshaalee yookiin dhaabbilee ujummoowwan xurii bishaan sammaa'ee keessa yaa'uun gara laggeenii, harawwanii fi lafa qotiisaatti kallattiin gad dhiisuun dhangalaan fa'a.

(*b*) Madda faaltota iddoon ka'umsaa isaanii hin beekamne (Non Point Source Pollution) kan jedhaman ammoo faaltonni akkanaa kunniin kan dhufan ammoo naannoo baldhaa ta'e kan akka zayita bobo'aa, awwaara, balfaawwan karaalee gurguddoo irraa humna lolaa bishaanii fi humna bubbeetiin haramuun laggeenii fi harawwanitti makaman fa'a.

Summaa'inni biyyee kan uumamu irra caalaatti yeroo meeshaan keemikaala summaa'oo of keessaa qabu tarsa'uun cophni keemikaalaa biyyee keessa gad seenuudha. Fakkeenyaaf, keemikaalli akka hayidrookaarboonii, sibiillan ulfaatoo (heavy metals), qoricha farra aramaa fi qoricha farra ilbiisotaa fudhachuun ni danda'ama. Qilleensi kan faalamu keemikaalotaa fi wantoota dhukkee ta'an qilleensa marsaa lafaatti gad dhiisuun uumama. Fakkeenyaaf, kaarboon mono oksaayidii (CO) Salfar daayi'oksaayidii ($SO_2$), Kilooroo Filooroo Kaarboonii ($CFC_2$) fi Naayitiroojiin daayi'oksaayidii ($NO_2$) industiriiwwan konkolaatota oomishan keessaa bahaniin faalama.

Walumaagalatti, badiitiin biqiltootaa, faalamni bishaanii, faalamni biyyeetii fi faalamni qilleensaa dhala namaatii fi lubbu qabeeyii irratti miidhaa guddaa geessisa. Rakkooleen kanniin furuuf ammoo dhalli namaa xiyyeeffannaa guddaan socho'uu qaba.

## GOCHA 3.2

**Gocha mirkaneeffannaa**

1. Dhiibbaa saffisaan baay'achuun lakkoofsa ummataa biqiltoota, biyyee fi qilleensa naannoo uumamaa irratti fidu ogeeyyii dhimmi ilaalu naannoo keetti argaman irraa gaafattee barreeffachuun barsiisaa yookiin barsiiftuu keetiif gabaasa dhiyeessi.

### GILGAALA 3.2

**Gaaffiilee Gaggabaabaa**

**Gaafilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kenni**

1. Elemeentonni qilleensa baramaa gurguddoon maal fa'a?
2. Gosoonni madda faalama bishaanii ta'an maal fa'a?
3. Bishaan eessatti argama?
4. Bishaan Garbawwan gurguddoo fi galaanotaa maaliif dhugaatiif hin fayyadne?
5. Dhibeewwan sababa qulqullina dhabuu bishaaniitiin nama qaban isaan gurguddoon maal fa'a?

## 3.3. KUNUUNSA QABEENYA UUMAMAATII FI TARKAANFIIWWAN FUDHATAMUU QABAN

**Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Xumura barnoota mata duree kanaa booda:

- Kunuunsi biqiltoota uumamaatiif godhamu kunuunsa qabeenya uumamaa birootiifis kan gargaaru ta'uu isaa ni ibsita.
- Akkaataa faalamni qilleensaa fi bishaanii ittiin too'atamu ni ibsita.
- Bishaan naannoo keetti argamu qulqullinaan ittii fayyadamuuf fedhii yookiin dandeettii ni horatta.

**Kunuunsa qabeenya uumamaatii fi tarkaanfiiwwan fudhatamuu qaban**

Kunuunsa jechuun maali? Qabeenya uumamaatiif kunuunsa gochuun maaliif barbaachisaa? Qabeenya uumamaa naannoo at jiraattu keessatti argaman tarreessuu dandeessaa? Ummanni naannoo keetii qabeenya uumamaa naannootti argamu akkamitti ittiin fayyadama? Kunuunsi hawaasni naannoo keetii biqiltootaaf, bishaaniif, biyyee fi qilleensa naannootiif godhu maal fakkaata? Sochii kunuunsa qabeenya uumamaatiif godhamu keessatti hirmaattee beektaa?

Kunuunsa jechuun beekumsa qabeenya uumamaa fi nam-tolchee sirnaan itti fayyadamuu danda'uu jechaadha. Kaayyoon isaa guddaan qabeenya uumamaa naannootti argaman qusannaa fi sirnaan itti fayyadamuun yeroo dheeraaf akka turan taasisuu fi namoota baay'ee akka tajaajilu gochuu, akkasumas dhaloota (labata) dhufuuf dabarsuu danda'uudha.

Dhalli namaa jiraachuuf wantoota bu'uura jireenyaa kan akka nyaataa, uffataa fi mana jireenyaa barbaada. Wantoota kanniin ammoo qabeenya uumamaa naannootti argamu irraa argata. Qabeenya uumamaa kan jedhaman wantoota uumamaan argamanii dhala namaatiif tajaajila kennaniidha. Isaanis biyyee, biqiltoota, bishaan qilleensa, bineensota bosonaa fi dhala namaa dabalatee qabeenya uumamaa jedhamu.

### Kunuunsa Biqiltoota Uumamaa

Biqiltoonni fuula lafaa uwwisanii argaman baay'inaa fi akaakuudhaanis garaagarummaa qabu. Biqiltoonni dhala namaatiif faayidaa guddaa kennu. Biqiltoonni dhala namaatiif madda nyaataa, uffataa fi mana jireenyaa ijaaruuf fayyadu. Namni daraaraa, baalaa fi hidda biqiltootaa nyaataa kan ture ennaa ta'u, beeyiladoonni horsiisuus biqiltootatti fayyadamu. Bosonni ammoo madda mukkeen qoraanii, ijaarsaa, meeshaalee tajaajila adda addaa kennan oomishaa fi meeshaalee dheedhii warshaalee oomisha meeshaalee mukaa ta'uun tajaajila guddaa kennu.

- Biqiltoonni uumamaa maandhee yookiin bakka jireenya bineensota bosonaa ta'uu fi bakkeewwan dhalli namaa itti bashannanu ta'uunis tajaajila kennu. Biqiltoonni irra lafaa uwwisuun biyyeen wantoota haranii balleessaniif (lolaa bishaan roobaatii fi humna bubbeetiif) akka hin saaxilamne gargaaru. Kana malees, bishaan roobaa akka biyyee keessa gad lixuun (seenuun) keessaa lafaatti akka kuufamuu fi hammi bishaan qaama lafaa keessaa akka dabalu taasisa.
- Biqiltoonni uumamaa haallan uumamaa fi nam-tolcheetiin haala wal fakkaatuun miidhamu. Karaa uumamaatiin naannoolee addunyaa adda addaa keessatti sababa jijjiirama qilleensa baramaatiin biqiltoota irra miidhaan guddaan gaha. Fakkeenyaaf, caama yeroo dheeraa, ibidda tasa bosona keessaa ka'uu fi dhoohinsa volkaanoo fa'a. Naannoolee addunyaa baay'ee keessatti dhalli namaa biqiltoota uumamaa irratti miidhaa guddaa geessisuu irratti argama.

**Bosona ciruu:** Namoonni sababban adda addaatiif bosona ciruu fi gubu. Kunis lafa qotiisaa babaldhisuuf, mukkeen tajaajila adda addaatiif (muka qoraanii, ijaarsa manaa fi meeshaa dheedhii warshaatiif) oolfachuu ciruu, ibidda tasa bosona keessatti bobeessuu, namoonni tamboo xuuxan ibidda osoo irraa hin dhaamsine lafa margaa yookiin biqltoota keessatti darbuun akka gubatan taasisuu fa'a.

**Horii baay'ee lafa xiqqoo irratti horsiisuu (dheechisuu)** Beeyiladonni marga yookiin biqiltoota xixiqqoo nyaachuun jiraatu. Haa ta'u malee, horii lakkoofsi isaanii baay'ee ta'e lafa baldhina xiqqoo qabdu irratti dhechisuun akka lafaa irraa margaa fi biqiltoonni adda addaa dhuman taasisa. Haalli kun ammoo biyyeen qullatti hafuun akka lolaa bishaan roobaatii fi humna bubbeetiif saaxilamuun haramtee baddu taasisa. Kun ammoo beeyiladonni akka waan nyaataa hin argannee fi biqiltoonni akka salphaatti deebi'anii akka hin biqille waan taasisuuf rakkoon guddaan naannoo mudachuu danda'a.

### Tarkaanfiiwwan kunuunsa biqiltoota uumamaaf fudhataman

Mukkeen tajaajila adda addaatiif barbaachisan haala walitti fuufinsa qabuun argachuu fi sirni bulchiinsa qabeenya bosonaa gaariin jiraachuu qaba. Kunis, hamma mukkeen qoraanii, mukkeen ijaarsa adda addaa fi warshaaleef muraman irratti of eeggannoo godhuu, bakkeewwan mukkeen irraa ciraman irratti sanyii mukkeeni yeroo gabaabaa keessatti guddachuu danda'an dhaabuu fi naannoolee qotiisaaf mijaa'ina hin qabnetti biqiltoota dhaabuudha.

Hamma baldhina lafa qabanii irratti hundaa'uun beeyiladoota horsiisuuf lafa dheeda horii marsaa marsaan itti fayyadamuu, biqiltoota ta'e jedhamee gubuu dhiisuu fi waa'ee kunuunsaa fi eegumsa biqiltootaa irratti hawaasaaf barnoota gahaa kennuu fa'a.

### Bineensota Bosonaa

Bineensota bosonaa kan jedhaman lubbu-qabeeyyii xixiqqoo irraa hanga gurguddootti argaman of keessatti ammata. Hoosiftoota, allaattiiwwan, qurxummii kanneen lafa irra looyanii fi mixiiwwan adda addaa akka bineensota bosonaatti lakkaa'amu.

Bineensonni bosonaa gariin biqiltoota, gariin bineensotaa yoo nyaatan gariin isaanii ammoo biqiltootaa fi bineensota nyaatu.

Bineensota bosoonaatiif kunuunsi godhamu sochii kunuunsa qabeenya uumamaatiif godhamu keessaa isa tokko. Bineensota bosonaatiif kunuunsi godhamuufii kan barbaachisu.

- Madaala naannoo uumamaa eeguuf.
- Bareedinaa fi midhaagina naannootiif
- Qo'annoo saayinsii fi barnootaatii fi
- Madda nyaataa waan ta'aniif fa'a.

### Tarkaanfii kunuunsa Bineensota bosonaaf fudhatamuu qabu

- Akaakuu fi baay'inaa bineensota bosoonaa jiran qorachuu, bakka jireenya isaanii addaan baafachuu, yeroo fi haala wal hormaata isaanii beekuu fi sanyiiwwan isaanii addaan baafachuu.
- Naannoo jireenya bineensota bosonaa sirnaan eeguu
- Adamoo yookiin dhandhoola bineensota bosonaa to'achuu,
- Naannoolee paarkiiwwanii fi bineensota adamoof oolan addaan baasuu.
- **Sababban harma biyyee:**
  - amalaa fi hamma biyyee naannoo tokkoo
  - Haala teessuma lafaa naannoo, tabba, tulluu, gaarreenii fi
  - Hamma baay'ina biqiltoota uumamaa lafaa (biyyee) uwwisani argamanii fa'a.
- Dalagaa dhala namaa Biqiltoota uumamaa ciruun balleessuun akka biyyeen caccabuun bullooftee haramaaf qophooftu taaisa.
- Bosona ciruu, gubuu fi horii lakkoofsa baay'ee lafa xiqqoo irratti dheechisuu
- Mala qotiisaa mijaa'ina hin qabnetti fayyadamuu fakkeenyaaf lafa qotiisaa jijjiiruu (Shiftig cultivation) fi lafa qotiisaa haala wal irraa hin cinneen yeroo dheeraaf qotuu fa'a.

### Tarkaanfiiwwan Kunuunsa Biyyeetiif fudhataman

Kunuunsaa fi eegumsa biyyeetiif mala tokko qofa osoo hin taane maloota adda addaa walitti qindeessuun itti fayyadamuun bu'aan gaariin akka argamuuf gumaacha guddaa kenna.

- Biyyeen haramtee akka hin deemne ittisuuf:
  - Naannoo lafa tabbaa akka biyyeen haramtee hin badne dalga yookiin shaffaaxa qotuu,

- Midhaan akaakuu adda addaa wal keessa facaasuu, gosa midhaan walitti sissiqee biqiluu fi addaan fagaatee biqiluu danda'an.
- Daaga ijaaruu bakkeewwan labbaawwan gaarreenii irratti akka biyyeen irraa gad haramtee hin deemne daagaa yookiin waan akka kortoo dalga irratti ijaaruu.
- Hidha ijaaruu bakkeewwan lafa biyyeen nyaatamuun hallayyaan itti uumame irratti hidhaawwan xixiqqoo ijaaruun akka bishaan of duubatti deebi'ee ciisuu taasisuu.
- Kallatti bubbeen irraa dhufu irratti biqiltoota dhaabuu fi
- Bakkeewwan qotiisaaf mijaa'ina hin qabne irratti biqiltoota dhaabuu fa'a.

- Gabbina biyyee eegsiisuuf xaa'oo uumamaa, xaa'oo nam-tolchee fi galabaa midhaaniitti fayyadamuu,
- Midhaan adda addaa wal jala jijjiiruun facaasuu,
- Qo'annoo adeemsisuun hawaasa barsiisuu fi
- Namoota hojii kunuunsaa fi eegumsa biyyee irratti hojjatan jajjabeessuu fi sissi'eessuu fa'a.

Kaayyoon guddaan kunuunsaa fi eegumsa qabeenyaa uumamaa akka walii galaatti ennaa ilaalamu:

- Qabeenya uumamaa fedhii hawaasaa guutuuf oolchuuf,
- Qabeenya uumamaa bakka buufamuu danda'u karaa sirna uumamaa fi nam-tolcheen akka bakka buufamu gochuun itti fayyadamuu,
- Qabeenya uumamaa osoo hin qisaasessin/hin baraaxxessin/sirnaan kunuunsuu fi eeguun itti fayyadamu. Kunis sochii yeroo oomishaa, raabsaa fi itti fayyadmaa dabalata.
- Qabeenya waan tokko yeroo tokko itti fayyadaman maloota adda addaatiin akka irra deebi'uun itti fayyadamuun danda'amu gochuu fakkeenyaaf, bishaan xuraa'e, biyyee fi sibiilota adda addaa.
- Kunuunsi qabeenya uumamaa tokkoof godhamu qabeenyota uumamaa kanniin birootiitis kan gargaaru ta'uu hubachuun barbaachisaadha. Fakkeenyaaf, kunuunsi biqiltoota uumamaatiif godhamu kunuunsa qabeenya bineensota bosonaa, biyyee, bishaanii fi qilleensa baramaa naannootiif gumaacha guddaa godha.
- Hariiroon qabeenya uumamaa naannoo jechuun biqiltoota uumamaa, bishaan, biyyee, qilleensa baramaa fi dhala namaa jidduu jiru kan addaan hin cinne akka ta'e hubachuun dhuunfaa fi gareenis dirqama namummaa yookiin lammummaa bahuu akka danda'an taasisuudha.

## GOCHA 3.3

**Gocha mirkaneeffannaa**

1. Sochii hawaasni naannoo keetii kunuunsa biqiltoota uumamaa, bineensota bosonaa, biyyee fi bishaaniif godhu ilaalchisee hojjattoota misoomaa ganda keetii haasofsiisuun gabaasa barreeffamaa barsiisaa yookiin barsiiftuu keetiif dhiyeessi.

GILGAALA 3.3

## Gaaffiilee Gaggabaabaa

**Himoota armaan gadii Dhugaa yookiin Soba jechuun deebisi**

1. Kunuunsa jechuun qabeenya uumamaatii fi malee qabeenya nam-tolchee hin ilaallatu.
2. Biqiltoota, biyyee, bishaanii fi qilleensi barmaan hariiroo addaan hin cinne qabu.
3. Biqiltoonni uumamaa maandhee bineensota bosonaa qofa ta'uun tajaajila kennu.
4. Gataawwan (Balfa) dhangala'oo fi jajjabboon dhaabbilee tajaajila keessaa bahan bishaan faaluu danda'u.
5. Caamni yeroo dheeratu biqiltoonni uumamaa akka badan taasisa.
6. Bineensonni bosonaa fi biqiltoonni uumamaa walitti dhufeenya cimaa qabu.
7. Naannoolee paarkiiwwanii fi bakkeewwan adamoo addaan baasanii daangeessuun kunuunsa qabeenya uumamaatiif gahee guddaa qaba.
8. Haramni biyyee gabbina biyyee hirdhisa.
9. Dhalli namaa wantoota bu'uura jireenyaa isaatiif barbaachisan naannoo uumamaa irraa argata.
10. Horii baay'ee lafa baldhina xiqqaa qabdu irratti dheechisuun biqiltoota uumamaa irratti miidhaan geessisu hin jiru.

### Cuunfaa

Biqiltoonni uumamaa dhala namaatiif madda nyaataa, meeshaalee adda addaa jireenya dhala namaatiif barbaachisan irraa tolchuuf, madaallii naannoo uumamaa eeguuf, madda qorichaa fi maandhee lubbu-qabeeyyii (bineensotaa) adda addaa ta'uun tajaajila guddaa kennu.Uumamni biqiltoota uumamaa naannoo kamiyyuu haala tempirechara naannoo fi hamma jiidhiinsa biyyee keessatti argamuu irratti hundaa'a.

Afrikaan naannoolee qilleensa baramaa adda addaa waan qabduuf biqiltoonni uumamaa adda addaa nannoolee adda addaa keessatti baay'inaan argamu. Isaanis, biqiltoota bosona roobaa naannoo mudhii lafaa, biqiltoota naannoo lafa margaa, biqiltoota naannoo gammoojjii oo'a fi gammoojjiitti siqu, biqiltoota naannoo Meediteraaniyaa fi biqiltoota naannoolee lafa ol ka'oo yookiin lafa baddaa fa'a.

Afrikaa keessatti bineensonni bosonaa adda addaas baay'inaan ennaa argaman babaldhina Industirii tuuriizimiif gahee guddaa gumaachu. Naannoo Baha Afrikaatti biyyoonni akka Taanzaaniyaa, Keeniyaa, Itoophiyaa fi Ugaandaa bineensota bosonaa naannoo isaanii namoota (tuuristoota) daawwatan irraa waggaatti maallaqa baay'ee argatu.

Afrikaa keessatti sababa gar-malee saffisaan dabaliinsa lakkoofsa ummataa irraa kan ka'een yeroo ammaa biqiltoota uumamaa fi bineensota bosonaa irra miidhaan guddaan gahaa jira.

Namoonni waan (midhaan) nyaataa argachuu barbaadu. Midhaan nyaataa argachuuf ammoo bosona yookiin biqiltoota uumamaa ciruun lafa qotiisaa babaldhisuu qabu. Haalli kun ammoo bosonni baduun mukkeen qoraanii fi ijaarsa adda addaa akka dhabamu taasisa. Kana malee, bosonatti sababa adda addaatiin ibidda qabsiisuu, babaldhinni magaalotaa fi babaldhinni warshaalee oomisha meeshaalee bosonaa yookiin mukaa irratti bobba'uu qabeenya bosonaa irratti miidhaa guddaa geessisaa jiru.

Ciramni bosonaa bineensonni bosonaa maandhee yookiin bakka jireenyaa dhabuun akka naannoo isaanii gad dhiisanii badan yoo taasisu, gammoojjummaan bakka babaldhatuu fi jijjiiramni qilleensa baramaa akka uumamu gumaacha guddaa godhuu irratti argama. Biqiltoonni uumamaa naannoo tokko irraa baduun madaalliin Sirna Ikkoo jeeqamee akka namnii fi lubbu-qabeenyyiin adda addaa rakkoolee adda addaatiif saaxilaman godha.

Qilleensa barmaa, biyyee fi bishaan jidduu hariiroo addaan hin cinnetu jira. Qilleensi baramaan akaakuu fi faca'iinsa biqiltootaa yoo to'atu biyyeen ammoo walitti dhufiinsa qilleensa baramaa, biqiltootaa fi bishaan irraa uumamuu guddina biqiltootaaf tajaajila guddaa kenniti.

Bishaan fuula lafaa keessaa 70% uwwisee argama. Bishaan dhugaatiif, nyaata ittiin qopheessuuf, meeshaalee adda addaa ittiin miicuuf, guddina biqiltootaaf, dhugaatii bineensotaaf, oomisha qonnaaf, humna eeltiriikii maddisiisuuf fi tajaajila geejjiba dhala namaatiif kenna. Qabeenya bishaanii fuula lafaa uwwisee argamu keessaa 97% garbawwan gurguddoo fi galaanota keessatti argama.

Bishaan qulqulluu jedhamu 1% yoo ta'u kunis haroowwan, laggeenii fi lafaa keessatti argama. Kan hafe ammoo naannoolee Bantii Kaabaa fi Bantii Kibbaatti bifa cabbiitiin kuufame argama. Namoonni qaamman bishaana'ootti gattaawwanii fi balfaawwan adda addaa gatuun bishaan akka sumaa'u godhaa jiru. Bishaan summaa'ee yookiin faalame fayyaa namaa fi lubbu qabeeyyii adda addaa iratti miidhaa guddaa geessisaa.

Badiitiin biqiltoota uumamaa faalamni bishaanii, biyyee fi qilleensa baramaa naannoo uumamaa irratti miidhaa guddaa dhaqabsiisuu. Waan kana ta'eef qabeenya uumamaaf kenuunsa godhuu fi tarkaanfiiwwan adda addaa fudhachuun barbaachisaadha. Fakkeenyaaf, bosona ciruu dhiisuu, horii baay'ee lafa xiqqoo irratti horsiisuu dhiisuu, adamoo bineensota bosonaa seeraan alaa too'achuu, paarkiiwwan adda addaa ijaaruu, biyyeen humna lolaa bishaanii fi bubbeen harmatee akka hin bannee taasisuu fa'a.

## GAAFFIILEE XUMURA BOQONNAA 3

**Kutaa I: Yoo himoonni armaan gadii sirrii ta'an Dhugaa yoo dogoggora ta'an ammoo Soba jechuun barreessi.**

1. Biqiltoonni uumamaa madaalliin naannoo uumamaa akka hin jeeqamne taasisu.
2. Guddinaa fi faca'iinsa biqiltoota uumamaa haallan murteessan keessaa inni tokko tempireechara.
3. Biqiltoonni uumamaa, uumama biyyee gabbaatiif gumaacha guddaa hin kennan.
4. Naannoon Paarki savaanaa jedhamu naannoo gammoojjii oo'aatti aaneet argama.
5. Naannoo gammoojjii oo'aa keessatti garaagarummaan hamma oo'a guyyaa fi halkanii jidduu jiru baay'ee xiqqaadha.
6. Ciramni bosonaa gammoojjummaa babaldhisuu keessatti gahee ol aanaa qaba.
7. Qilleensi barmaan, biyyee fi bishaan hariiroo addaan hin cinne qabu.
8. Bishaan summaa'e dhibeewwaa sababa bishaan qulqullina hin qabane irraa dhufan nama qabsiisuu danda'a.
9. Kunuunsi biqiltoota uumamaatiif godhamu qabeenya uumamaa kanniin birootiif hin gargaaru.
10. Biyyeen madda albuuddaniiti.

**Kutaa II: Yaadota toora "A" jala jiran kanneen "B" jala jiraniin walitti firoomsi.**

| A | B |
|---|---|
| 1. Bosona Roobaa | A. Sooggidda |
| 2. Maandhee bineensota bosonaa | B. Morookoo fi Keeppi piroovinsii |
| 3. Hidda dhedheeraa fi baala xixiqqaa | C. Naannoo Savaanaa |
| 4. Naannoolee qilleensa Meediteraniyaa | D. Qorii Koongoo |
| 5. Bishaan garbawwan gurguddoo | E. Biqiltoota gamoojjii |

## Kutaa III: Gaaffiwwan armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Bishaan fuula lafaa uwwise keessa 2% kan ta'u eessatti argama?
   A. Garbawwan gurguddoo fi galaanota  B. Laggeen gurguddoo keesstti
   C. Naannoolee Bantii Kaabaa fi Kibbaatti  D. Haroowwan guguddoo addunyaa keessatti
2. Biyyoota armaan gadii keessaa kan qabeenya binseensota bosonaa irraa galii guddaa argatu kami?
   A. Taanzaaniyaa  B. Somaaliyaa
   C. Jibuutii  D. Ertiraa
3. Naannoolee lafa baddaa ol ka'iinsa 3000m qabu irratti biqltoonni marganii argaman maal jedhamu?
   A. Bosona birbirsaa  B. Bosona hindheessaa
   C. Biqiltoota saatoo  D. Biqiltoota leemmanii
4. Biyyoota armaan gadii keessa kan naannoo qilleensa barmaa Meediteraaniyaanii keessatti hin argamne tami?
   A. Tuuniziyaa  B. Morookoo
   C. Naayijeeriyaa  D. Aljeeriyaa
5. Naannoolee savaanaa armaan gadii keessa kan hamma rooba waggaa xiqqaa agatu isa kami?
   A. Savaanaa gogaa (Dry savana)  B. Paarki savaanaa (park savanna)
   C. Savaanaa dhugaa (True savaanaa)  D. Hunduu walqixa argatu

## Kutaa IV: Deebii Gabaabaa

## Qajeelfama: Gaaffiilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kanni.

1. Biyyoota Bahaa Afrikaa qabeenya bineensota bosonaa irraa galii guddaa argatan afur tarreessi.
2. Maddoonni faalma bishaanii lamaan maal fa'a?.
   a. ______________________________
   b. ______________________________
3. Bineensota bosonaatiif kunuusi qodhamuun maaliif barbaachisa?.
   a. ______________________________
   b. ______________________________
   c. ______________________________
   d. ______________________________
4. Naannoo Meediteraaniyaa naannoolee Afrikaa biroo kan adda taasisu mali?.
5. Naannoolee biqiltoota uumama Afrikaa gurguddoo shanan tarreessi.
   a. ______________________________
   b. ______________________________
   c. ______________________________
   d. ______________________________
   e. ______________________________

Boqonnaa 4

# Ajandaa Ummataa

**BU'AA BARNOOTA BOQONNICHAA**

**Boqonnaa kana erga xumurtee booda:**

- Dhiibbaa HIV/Eedsiin hawaas-dinagdee Afrikaa irraan gahe ni ibsita,
- Dhiibbaa saffisaan baay'achuun ummataa Afrikaatti fide ni xiinxalta,
- Haallan dhabiinsa bulchiinsa gaariitiin Afrikaa keessatti mul'atan ni ibsita,
- Kaayyolee dhaabbileen naannolee adda addaa Afrikaa addaan ni baafta.

## 4.1. DHIMMOOTA UMMATAAN WALQABATAN

### Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Kutaa kana erga Xumurtee booda:

- Afrikaa keessatti babal'na HIV/Eedsii ni ibsita,
- Dhiibbaa dhibeen kun hawaas-dinagdee Afrikaa irraan gahu ni ibsita,
- Dhiibbaa saffisaan baay'achuun lakkoofsa ummataa Afrikaa irraan gahe ni xiinxalta.

### A. Babal'inaa fi Dhiibbaa HIV/Eedsiin Ummata Afrikaa irraan Geessise

#### Afrikaa Keessatti Babal'ina HIV/Eedsii

Eedsiin (AIDS) afaan Ingiliziitiin "*Acquired Immune Deficiency Syndrome*" yammuu jedhamu rakkinni inni fidus dandeettii dhukkuba of irraa ittisuu qaama namaa dadhabsiisudha. Kan inni irraa dhufus Vaayirasii HIV(afaan Ingiliziitiin "Human Immuno Virus") jedhamu irraati. Kanaafuu, akkuma walii galaatti, dhibeen haala kanaan uumamu HIV/Eedsii jedhama.

Dhibeen kun yeroo jalqabaatiif A.L. Awurooppatti bara 1970moota keessa mul'ate. Yeroo gabaabaa keessattis ardiiwwan shan keessatti babal'achuu danda'eera. Isaanis Ameeriikaa Kaabaa, Ameeriikaa Kibbaa, Awuroppaa, Afrikaa fi Awustiraaliyaa turan.

Ardiiwwan dhibee kanaan daran miidhaman keessaa Afrikaan ishee tokkodha. Haa ta'u malee, ardii kana keessatti baasiin eegumsa fayyaatiif ramadamaa ture gadi aanaadha. Innumtuu kan xiyyeeffatu fayyisuu osoo hin ta'in ittisuu irratti. Kanumaan walqabatee, HIV/Eedsiin rakkoo fayyaa isa guddaa fi du'a lubbuu ummataatiifis sababa isa ol'aanaa ta'uu danda'eera.

Karaalee gurguddoo HIV/Eedsiin ittiin daddarbu:

- Qunnamtii saalaa of eeggannoo hin qabne fakkeenyaaf, kondomii malee saal-qunnamtii nama tokkoo olii wajjin gochuu).
- Yaalii fayyaa of eeggannoo hin qabne (lilmoo namni dhukkubsate ittiin waraannateen waraannachuu, meeshaalee fayyaa namni dhibee kanaan qabametti fayyadametti fayyadamuu dhiisuu fa'a
- Harma hoosisuudhaan haadha irraa gara daa'imaatti,
- Dhiiga nama dhibee kanaan qabamee nama fayyaatiif kennuu

Akka namoonni baay'een jedhanitti Eedsiin dhibee hiyyummaa wajjin wal qabatu. Sababa hiyyummaatiin shamarran hedduun sagaagalummaa keessa seenuudhaan galii argachuudhaaf carraaqu. Isaanuma kana keessaa ammoo muraasni isaanii kondomii malee saal-qunnamtii gochuudhaan qarshii guddaa argachuuf socho'u. Kunis dhibee kanaaf isaan saaxila. Namoonni hedduun ammoo galii gahaa waan hin qabneef carraa bashannanuu hin qaban. Namoota akkasiitiif ammoo saal-qunnamtii gochuun mallan ittiin bashannanan keessaa isa tokko.

Haaluma kanaan Afrikaan ardii hiyyummaan keessatti dagaage ta'uu isheen wal qabatee babal'ina HIV/Eedsiitiin sadarkaa tokkoffaa irra jiraachuu ishee jalqaba irratti eerree jirra. Ardii kana keessatti babal'ina dhibee kanaa haala armaan gadiitti ilaaluun ni danda'ama:


**Gabatee 4.1: Babal'ina HIV/Eedsii biyyoota Afrikaa adda addaa keessatti**

| Biyya | Ga'eessota HIV/Eedsiin Qabaman % | Bara 2003 Kan du'an |
|---|---|---|
| Taanzaaniyaa | 8.8 | 160,000 |
| Keeniyaa | 6.7 | 150,000 |
| Koongoo | 4.9 | 9,700 |
| Ugaandaa | 4.1 | 78,000 |
| Itoophiyaa | 0.2 | 2,000 |
| Kaameeruun | 15.9 | 82,000 |
| Koot Divuwaar | 7.1 | 65,000 |
| Laayibeeriyaa | 5.9 | 72,000 |
| Toogoo | 3.2 | 9,100 |
| Naayijeeriyaa | 2.5 | 310,000 |
| Gaambiyaa | 2.4 | 1,300 |
| Burkiinaa Faasoo | 2.0 | 12,000 |
| Gaanaa | 1.9 | 21,000 |
| Beeniin | 1.8 | 9,600 |
| Maalii | 1.7 | 11,000 |

**Madda: Wikipedia the free Encyclopedia**

Biyyoota Afrikaa kibbaa tokko tokko keessatti namoonni dhibee kanaan qabaman hanga 20% gahu. Sababni babal'ina kanaa inni guddaan dhiirri tokko dubartii lamaa fi lamaa oli wajjin saal-qunnamtii of

eegannoo hin qabne gochuu wajjin wal qabata. Kana malees sababa hongeetii fi walitti bu'iinsaatiin bakka jiran irraa buqqa'uu fi hojii dhabiinsi dhibeen kun naannoo kana keessatti akka babal'atu godheera.




**Fakkii 4.1.** Afrikaa keessatti tilmaama namoota bara 2007 HIV/Eedsiitiin qabaman

### Afrikaa Keessatti Dhiibbaa HIV/Eedsiin Geessise

HIV/Eedsiin rakkoo hawaas-dinagdee cimaa ummata Afrikaa irraan gahaa jira. Akkuma beekamu dhibeen kun baali'naan lubbuu ga'eessota oomisha omishuu irratti hirmaatanii dabarsa. Kana jechuun ammoo guddina dinagdee fi hawaasummaa irratti gufuu uuma jechuudha.

Biyyoota guddachaa jiran kan akka biyyoota ardii Afrikaa keessatti kufaatii omisha qonnaa fida. Kun ammoo hanqina midhaan nyaataatiif sababa waan ta'uuf ummanni beelaa fi rakkoolee hawaasummaa adda addaatiif saaxilama. Maatiin ni diigama. Ijoolleenis ni beela'u. Abbaa fi haadha malees hafu. Sababa kanaatiif manaa bahanii daandii irratti bahuudhaan kadhaatiif saaxilamuu isaanii irrayyuu barumsa isaanii addaan kutu. Naannoo Afrikaa Kibba Sahaaraatti argamu keessatti lakkoofsi daa'imman dhibee kanaan abbaa fi haadha isaanii dhabanii millyoonotatti lakkaa'ama. Itoophiyaanis addunyaa keessatti biyyoota daa'imman abbaa fi haadha hin qabne hedduu qaban keessaa ishee tokko.

Dhibeen kun maatii irratti qofa osoo hin ta'in hawaasa yookiin biyya irratti dhiibbaa ni fida. Lubbuu namoota oomisha irratti hirmaatanii (waggaa 15-49) ajjeesee oomishaa fi oomishtummaa hir'isa. Qusannoo fi investimentiis ni dadhabsiisa. Looguun (namoota dhukkubsatan qooduunis) rakkoo hawaasummaa sababa dhibee kanaatiin uumame ta'uun ni beekama. Dhukkubsattoota lubbuun jiran wal'aanuudhaaf baasii guddaa gaafata.

Lubbuu namoota hedduu galaafachuu isaa irraa kan ka'e akka walii galaatti biyyoota Afrikaa keessatti giddu-galeessi dheerina umrii waggaa 47.7-48.3tti gadi bu'uun isaa dhibeen kun ummata ardichaa hangam akka miidhe nutti agarsiisa. Kunis sadarkaa addunyaatti yoo ilaalamu waggaa 6.5-11 gadi bu'a.

## B. Afrikaa Keessatti Dhibbaa Saffisaan Baay'achuun Ummataa Fidu

### Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Mata duree kana erga xumurtee booda:

- Dhiibbaa saffisaan baay'achuun lakkoofsa ummataa Afrikaa fide ni ibsita,
- Saffisaan guddachuun lakkoofsa ummataa Itoophiyaa hanqina lafa qonnaa fi tajaajila hawaasummaa kan geessisu ta'uu isaa ni ibsita

Lakkoofsi ummatoota Afrikaa kibba Sahaaraatti argamu giddu-galeessaan waggaatti 2.5% dabala. Kan Laatiin Ameeriikaa fi Eeshiyaa ammoo waggaatti 1.2% guddata. Kanaafuu, baay'achuun lakkoofsa ummataa Afrikaa kan Eeshiyaa fi Laatiin Ameeriikaa wajjin wal bira qabamee yoo ilaalamu ol'aanaa ta'uu isaa agarsiisa. Haala kanaan yoo itti fufe ummanni Afrikaa waggaa 28 keessatti dachaa lama dabala. Sababni isaas lakkoofsi daa'immanii fi ijoollee Afrikaa du'anii yeroo xiqqaachaa dhufu kan hormaataa garuu guddaa ta'uu isaati. Yeroo ammaa dubartiin Afrikaa tokko giddu-galeessaan daa'imman 5-6 deessi.

Akkuma biyyoota Afrikaa biroo, Itoophiyaa keessatti, keessumattuu baadiyaatti, dubartoonni yeroo malee utuu umriin hin ga'iin heerumsiifamu. Waggaa kudha shan yookiin kudha jahaa eegalanii of-eeggannoo malee umriin isaanii dabalee hanga dahuu dhiisanitti daa'imman baay'ee horatu. Kun ammoo lakkoofsi ummataa yeroo gabaabaa keessatti akka dachaan dabalu taasisa. Dhiibbaalee saffisaan baay'achuuun lakkoofsa ummataa nageenya maatii, lafa qonnaa fi qabeenyaa uumamaa, tajaajila hawaasummaa fi dinagdee irratti geessisu akka armaan gadiitti ilaalamu.

### Nageenya Maatii irratti

Daa'imman baay'een wal irratti yoo dhalatan lakkoofsi maatii ni baay'ata. Maatiin lakkoofsi baay'ate qabeenyi jiru jiraachisuu hin danda'u. Kanaan kan ka'e nyaanni, uffannaa fi manni jireenyaa sirnaan walgahuu hin danda'u. Kan dhibame yaalchisuuf, meeshaalee barnootaaf barbaachisan bitanii daa'imman gara mana barnootaa erguuf qabeenyi ni dhabama. Kunis abbaa fi haati daa'imman isaanii akka sirnaan to'atanii hinguddifne waan taasisuuf daa'imman baay'een manaa bahanii waan nyaatan kosii namoonni gatan keessaa funaannatanii nyaachuun karaa irra jiraachuu jalqabu.

Kana malees, haadhonni daa'imman baay'ee walitti fufanii dahan dhiigni isaanii da'umsa irratti dhangala'u idaa'aa waan adeemuuf miidhaan irra gahee lubbuun isaanii darbuu danda'a. Daa'imman yeroo gabaabaa keessatti wal irratti dhalatan harma haadhaa gahaa fi kunuunsa argachuu waan hindandeenyeef qaamaan dadhaboo fi dhibamoo ta'anii hafu. Umrii waggaa tokkoo gaditti baay'een isaanii akka du'an taasisa. Warri hafanii guddatanis umrii dheeraa jiraataniiru yoo jedhame hanga waggaa 40 ta'a jedhama. Garuu, abbaa fi haati maatii tokkoo daa'imman horatan sirnaan kunuunsanii guddisanii bakkeewwan gaarii akka gahaniif fedhu. Fedha kana bakkaan gahachuuu fi umrii dheeraa jiraachuun kan danda'amu daa'imman qabeenyi isaanii guddisuu danda'u wal irraa faffageessanii godhachuun.

### Hanqina Lafa Qonnaa

Biyyoota Afrikaa guddataa jiran keessatti bu'uurri jireenya dhuunfaas ta'ee galiin biyyaa oomssa qonnaati. Oomishinni qonnaa ammoo babaldhinaa fi gabbina biyyee lafa qotamuu irratti hundaa'a. Saffisaan baay'achuu lakkoofsa ummataa wajjin fedhiin lafa qotiisaa argachuu namootaa bara baraan dabalaa adeema. Garuu, lafti qotiisaa biyyi tokko qabdu kan duraan jiru malee bara baraan babal'achuu hindanda'u. Namoota haaraa gara jireenya ofii gaggeessuutti seenaniif bara baraan qoqqooduun xiqqaachuu lafa qotiisaa fi osoo wal irraa hin citin qotamuu lafaa fida.

Akkasumas lafa qonnaa haaraa argachuuf bosonni ni manca'a. Bosona mancaasuu fi lafa osoo wal irraa hin kutin qotuun akka biyyeen irraa haramee gabbina dhabuu fi qilleensi faalamu godha; bineensonni bosonaas akka godaanan dirqisiisa. Gad hirdhachaa adeemuun baldhina lafa qonnaa gabbina dhabuu biyyee wajjin walitti ida'amee oomishni bara baraan kennuu danda'au gad bu'a. Kun sadarkaa nam-tokkeetti akka midhaan nyaataan of hin dandeenyee fi sadarkaa mootummaatti ashuuraan gahaan akka hin funaanameef babaldhina tajaajila hawaasummaaf akka hin oollee fi sharafni biyyoota alaa irraa akka hin argamne taasisa.

### Hanqina Tajaajiloota Hawaasummaa

Wantoota tajaajila hawaasummaa jedhamanii beekaman kanneen akka dhaabbilee eegumsa fayyaa, manneen barnootaa, bishaan qulqulluu, ibsaa, geejjibaa fi tajaajila qunnamtii fa'aadha. Hanga lakkoofsi ummataa dabalaa deemu tajaajiloonni kunniin babaldhachaa deemuun barbaachisaadha. Garuu, biyyoota guddinaan duubatti hafan keessatti dhabiinsa maallaqaatiin kan ka'e durumaanuu tajaajiloonni hawaasummaa hin babaldhanne ture. Kunis lakkoofsi ummata hirkatoo haala malee dabalaa akka deemuu fi hanqina tajaagilootaa fida.

### Guddina Dinagdee irratti

Dingadeen biyya tokkoo guddachuu kan danda'u yoo ummanni biyya sanaa of danda'ee maallaqa hafaa qabaatee kuufateedha. Garuu, ijoollee baay'ee horachuun hirkattummaa waan baay'isuuf guddinni dinagdee akka hin dhufne taasisa. Biyyoota guddachaa jiran keessatti namoota hojjatanii of-danda'an osoo hin ta'in hirkattootatu baay'ata. Hirkattummaan waan baay'atuuf ammoo oomishtummaan baay'ee xiqqaadha. Xiqqeenyi oomishtummaa kun qusannaa xiqqaa uumuun investimentii xiqqeessa. Investimentiin xiqqaan guddina dingadee duubatti hambisuun hiyyummaa marmaartuu uuma.

Akka waliigalaatti, saffisaan baay'achuun lakkoofsa ummataa biyyoota Afrikaa keessatti guddina irratti gufuu ta'uun isaa ni mul'ata. Dhibbaa kanas haallan armaan gadiitti gabaabsinee kaa'uu dandeenya:

- hanqinni midhaan nyaataa fi bishaan dhugaatii, haala qilleensa naannoo fi leecaloo irratti dhiibbaa waan fiduuf hawaasni tasgabbaa'ee hin jiraatu.
- Dinagdee biyyaa waan dadhabsiisuuf mootummoonni tajaajila akka barumsaa fi fayyaa quubsaa kennuu dadhabu. Keessumattuu dubartoonni daa'imman hedduu yeroo malee (fakeenyaaf ijoollummaadhaan) waan dahaniif rakkoo fayyaa cimaa ta'etu isaan qunnama.

Qabxiileen armaan olitti eeraman kunniin biyyoota hedduu keessatti rakkoolee akka hiyyummaa, hojii dhabiinsaa fi walmadaaluu dhabuu leecaloo fi fedhaa uumaa jiraachuun isaanii ni beekama. Kanaafuu, rakkoolee akkasii irraa of eeguuf karoora maatiitti fayyadamuudhaan miseensota maatii lakkofsaan murtaa'aa ta'e horachuun furmaata gaariidha.

## GOCHA 4.1

**Gocha mirkaneeffannaa**

1. Seera ittiin bulmaata (dambiiwwan) dura buoonni, barsiisonni fi barattoonni manneen barnootaa ittiin bulan irratti mar'adhaatii gabaasa dhiyeessaa.
2. Daree barnootaa keessatti mirgoota fi dirqamoota qabdu.
3. Dhaabbileen naannoo keessan jiran kanneen akka poolisii, bulchiinsa gandaa fi aanaa akkamiin akka gurmaa'an irratti mari'adhaa.

## GILGAALA 4.1

### Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Dhiibbaa HIV/Eedsiin fidu keessaa muraasa isaanii eeri.
2. Mana barnootaa kee keessatti bara kana barattoota galmaa'an kanneeni waggaa kudhaniin dura galmaa'an wajjin garaagarummaa qaban ibsi. Babaldhina dareewwan barnootaa wajjinis walbira qabii ilaali. Haalli kun ammoo mana barnootarratti dhiibbaa inni fidurratti hiryoota kee wajjin mari'adhu.
3. Maatii ykn namoota biroo gaafachuun sababoota gurguddoo hanqina tajaajila hawaasummaa fidan barreessii dareetti dhiyeessi.
4. Dhiibbaa guddachuun lakkoofsa ummataa lafa dheedichaa irratti fidu ibsi.

## 4.2. DHIMMOOTA MIRGAA FI NAGEENYAA

**Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa**

Kutaa kana erga xumurtee booda:

- Maalummaa labsiiwwan Dhaabbanni Mootummoota Walta'anii mirgoota daa'immanii ilaalchisee baase addaan ni baasta,
- Afrikaa keessatti ibsitoota dhabiinsa bulchiinsa gaarii ni eerta.

### A. Sarbiinsa Mirga Daa'immanii Ittisuu

Mirga daa'immanii jechuun mirga namummaa daa'imman qaban yammuu ta'u, innis kan xiyyeeffatu:

- Eegumsa addaa argachuu yammuu ta'u kunis qaamni kamiyyuu humna isaanii seeraan ala akka hin fayyadamne isaan gargaara. Dabalataanis mirgi kun bakka nagaadhaan itti taphatan akka argatan isaan gargaara.
- Warroota isaanii kan uumamaa (biological parents) waliin jiraachuu yookiin wal qunnamuu
- Eenyummaa namummaa isaanii kabachisiisuu fi fedhii midhaan nyaataa guuttachuu
- Barnoota barachuu
- Tajaajila fayyaa fi seera yakkaa umrii isaanii gituun tajaajilamuu
- Sadarkaa isaaniitti dhimmoota hawaasaa keessatti qooda fudhachuu
- Mirga dubbachuu
- Sodaa irraa walaba ta'uu
- Waan barbaadan filachuu fi mirga murteessuu

Akka waliigalaatti, mirgonni armaan olitti eeraman bakka gurguddoo sadiitti qoodamuu danda'u. Isaanis:

- Akka kennaa (mirgaatti) kan argachuu qaban (provision)
- Wantoota irraa eegamuu qaban (protection)
- Wantoota adda addaa keessatti qooda fudhachuu (participation)

Daa'imman dargagoota irraa waan adda isaan godhu hedduutu jira. Isaan keessaa filannoo irratti hirmaachuu dhiisuu, fuudhuu fi heerumuu irratti kan hin hirmaanne ta'uu isaanii, dhugaatii alkoolii kan hin binnee fi hin dhugne ta'uu isaanii fi qaxaramanii kan hin hojjanne ta'uu isaaniitu argama.

Hariiroo daa'immanii fi warra gidduu jiru keessatti haallan mirgi daa'immanii itti sarbamu keessaa daa'imman xiyyeeffannoo barbaachisaa dhowwachuu, humna daa'immaniitti seeraan ala fayyadamuu, daa'imman waan barbaadan akka filatan mirga dhowwachuu, yeroo malee heerumsiisuu, uleedhaan reebuu fi daa'imman mana keessatti ukkaamsanii eeguutu argama. Hariiroon daa'imman warra wajjin qaban guddinaa fi haala jireenyaa isaanii gara fuulduraa irratti dhiibbaa ni qaba. Warroonni mirgoota daa'imman isaanii sadarkaa barbaachisutti kabajaniifii yoo guddisan fuuldureen daa'imman kanaa gaarii ta'a. Kanaafuu, warroonni mirga daa'immanii eeguu qabu.

## Seerota Mirga Daa'immanii Deeggaran

### Seerota Addunyaa

Seerri Mirga Namummaa Addunyaa (*The Universal Declaration of Human Rights*) bu'uura seerota mirga daa'immanii amma jiraniiti. Seera kana irratti hundaa'uudhaan seeronni adda addaa mirga daa'immaniitiif xiyyeeffannaa kennan hedduutu tumame.

- Seera mirgoota daa'imaa bara 1923 Iglaantaayin Jeb (*Eglantyne Jebb*) fi obboleettii ishee Dorotii Bakistaniin (*Dorothy Buxton*) Landan, Ingiliiz, keessatti qophaa'ee Waldaa Mootommoota Addunyaa (League of Nations) fi booda ammoo Dhaabbata Mootummoota Walta'aniin bara 1946tti fudhatame.
- Walii galteen Dhimma Mirgoota Daa'imaa Waldaa Mootummoota Walta'anii (UN Convention on the Rights of the Child, CRC) bara 1989 sadarkaa addunyaatti seera isa bu'uuraa fi jalqabaati. Kan inni of keessatti hammatus seerota mirga namummaa karaa aadaa, dinagdee, siyaasaa fi hawaasummaati. Hojii irra oolmaan seera kanaa kan hordofamaa ture qaama Koree Mirgoota Daa'imaa jedhamuun ture. Mootummoonni waliigaltee kana fudhatan mirgoota daa'immanii eeguu fi mirkaneessuuf dirqamuu isaanii irrayyuu yoo cabsanii argaman sadarkaa addunyaatti itti gaafatamu. Lakkoofsi biyyoota waliigaltee kana mallatteessan sadarkaa addunyaatti isa ol'aanaadha. Kan hin mallatteessin Ameeriikaa fi Somaaliyaa qofa.

Waliigalteen kun priinsipiloota gurguddoo armaan gadii irratti hundeeffama:

- Alloogummaa,
- Fedhii daa'imtichaa,
- Mirga jireenyaa fi guddinaa,
- Murtii murteessuu keessatti yaada daa'imtichaa ilaalcha keessa galfacuu.
- Ameeriikaa keessatti qabxiilee fooyya'iinsaa heera mootummaatti dabalaman daa'imman dhalatanis ta'an kan hin dhalatin (kan garaa haadhaa keessa jiran) mirga balaa irraa eegamuu qabu. Seerri Ameeriikaa kun murtii Mana Murtii Waliigalaa Ameeriikaatiinis raggaasifameera. Seeronni Ameeriikaa biroo fi dhaabbileen adda addaas mirgoota daa'immanii kabachiisuu irratti xiyyeeffatu. Akkuma Ameeriikaas biyyoonni addunyaa biroon haala naannoo isaanii, seerota addunyaa fi heerota mootummaa isaaniitiin walqabsiisuudhaan seerota yookiin dambiilee mirgoota daa'immanii irratti xiyyeeffatan qopheeffatanii itti fayyadamaa jiru.

### Haallan Ittiin Balaa Jalaa Bahuun Danda'amu

Daa'imman seerota addunyaa fi kanneen biyyoota isaanii keessatti argamanitti fayyadamuudhaan balaa irraa eegamuu qaban. Faakkeenyaaf, dhimmoonni sarbiinsa mirgoota daa'immanii biyyoota adda addaa keessatti mul'atan walgahiiwwan waliigalaa Waldaa Mootummoota Walta'anii irratti dhiyaatanii murtiin itti kennamaa tureera. Konveenshiniin Mirgoota Daa'immanii kan walitti dhufiinsa dhaabbilee mit-mootummaa adda addaatiin bara 1983 hundeeffame hojii irra ooluu Konveenshinii Mirgoota

Daa'immanii Waldaa Mootummoota Walta'anii fi eegamuu mirgoota daa'immanii hordofa. Dabalataanis biyyoonni addunyaa hedduun qaamota mirga daa'immanii eeguu fi eegsisuu irratti xiyyeeffatan adda addaa hundeessuudhaan sarbiinsa mirgoota daa'immanii hordofuudhaan qaamota biyyoolessaa fi addunyaatiif akka gabaasan gochaa jiru.

## B. Ibsitoota Dhabiinsa Bulchiinsa Gaarii Afrikaa

### Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Xumura mata duree kanaatti:

- Seeronni fi danbiiwwan manneen barnootaa akeeka barbaadamu galmaan ga'uuf kan tumaman ta'uu isaanii addaan baasuun ni ibsita.
- ibsitota bulchiinsa gaarii ni ibsita.
- Hiikkaa ittigaafatamummaa, iftoominaa, seera kabajuu fi malaamm-altummaa irraa bilisa ta'uu ni addeessita.

### Maalummaa fi Ibsitoota Bulchiinsa Gaarii

Yeroo ammaa yaanni bulchiinsa gaarii jedhu barreefamoota adda addaa keessatti xiyyeeffannan itti kennamaa jira. Bulchinsi gaariin akkaataa itti jaarmiyaaleen hawaasummaa dhimmoota gara garaa haala si'ataan raawwachiisan, qabeenya hawaasaa haala haya-qabeessa ta'een eeganii fi mirgoota namummaa kabachiisuudhaan hoggananiidha. Yaadonni kanneen akka hawaasa siivilii, aangoo hiruu yookiin diriirsuu, walitti bu'iinsa karaa nagaa fi seeraa furuu fi ittigaafatamummaa jedhaman yaada bulchiinsa gaarii jedhu ibsuuf yeroo baay'ee faayidaa irra oolu. Xiyyeeffannaan bulchiinsa gaariif kennamu sirna dimookiraasii jajjabeessa.

Biyyoota baay'ee keessatti jarmiyaalee sadiituu bulchiinsa gaari jajjabeessuuf qindaa'u. Isaanis mootumma, seektara dhuunfaa fi dhaabbilee siiviliiti. Dhaabbanni Maallaqa Addunyaa bara 1996tti bulchiinsa gaarii jajjeebeessuun dingadee biyyaa cimsuuf ol'aantummaa seeraa kabachiisuun, itti gaafatammummaa fi gahumsa seektara ummataa fooyyeessuu fi malaammaltummaa irrattii duuluun murteessoo akka ta'an labse. Dhaabbanni kun malaammaltummaan dingadee keessatti mul'atu kan maddu gahumsa dhabuu bulchiinsa dingadee irraa akka ta'e akeekkachiisa. Gahumsa dhabuun kunis akka malee to'achuu yookiin sirriitti to'achuu dhiisuu ta'uu danda'a.

Dhaabbanni Mootummoota Walta'anii ammoo bulchiinsi gaariin dhufuu kan danda'u misooma namaa fi haaromsa jaarmiyaa siyaasaa irratti xiyyeeffachuun akka ta'e akeekkachiisa. Dhaabbanni kun bulchiinsi gaariin amaloota yookiin ibsitoota saddeet akka qabu ibsa. Ibsitoonni kunneenis kanneen armaan gadiiti:

- Bulchiinsi gaariin kan waliigaltee biyyoolessaa irratti hundaa'edha.
- Bulchiinsi gaariin hirmaachisaadha.
- Bulchiinsi gaariin olaantummaa seeraa (seeraan buluu) kabachiisa.
- Bulchiinsi gaariin kan gahumsa qabuu fi hojii irra ooluu danda'udha.
- Bulchiinsi gaariin itti gaafatamummaan kan keessatti calaqqisudha.
- Bulchiinsi gaariin kan iftoominni keessatti mul'atudha.
- Buulchiinsi gaariin gaaffiin ummataa furmaataa fi deebii gaarii kan itti argatuudha.
- Bulchiinsi gaariin kan walqixxummaa fi itti gaafatumummaa lammiilee keessatti calaqqisudha.




**Fakkii 4.2.** Ibsitoota Bulchinsa Gaarii

Baankiin Addunyaa bulchiinsa gaarii mirkaneessuuf haaromsa dingadee fi to'annaa qabeenya hawaasaa irratti xiyyeefatamuu qaba jechuun akeekkachiisa. Bara 1992, baankichi amala bulchiinsa biyyoolessaa irratti jijjiirama cimaa fidu kan jedhu dhimmoota hawaasummaa sadii eereera. Dhimmoonni kunneenis akkaakuu bulchiinsaa biyya sanii, aangoo bulchiinsa misooma dingadee fi qabeenyota hawaasaa akkasumas, dandeettii imaammata baasuuu fi hoji irra oolchuu mootummootaati.

### Maalaammaltummaa

Malaammaltummaan haala seeraan alaan yookiin haala sirrii hin taaneen bu'aa adda ta'e argachuu yookiin argachiisuudha. Kanaafuu, gocha seeraan alaa yookiin safuun alaati jechuun ni danda'ama. Haallan inni itti mul'atu keessa tokko itti gaafatamummaa yookiin aangootti seera malee fayyadamuudha. Malaammaltummaan kan babal'achuu danda'u bakka hawaasni maal na dhibe jedhu jiruu fi mootummaan tarkaanfii quubsaa hin fudhannetti.

Malaammaltummaan dhiibbaa gurguddoo armaan gadii qaba:

- Sadarkaa barbaadamuttti galiin mootummaa waan hin sassaabamneef, deeggarsi alaa bakka barbaadamu waan hin geenyee fi inveestimeentiin waan dadhabuuf guddina dinagdee biyyaa duubatti harkisa
- Rakkoo hawaasummaa uuma
- Rakkoo buchiinsaa fiduudhaan sarbiinsa mirga namummaaf sababa ta'a.

Kanaafuu, malaammaltummaa balleessuuf carraaquun filannoo hin qabu. Tarkaanfiin malaammaltummaa balleessuuf fudhatamu bifa lama qaba. Inni tokkoffaan haala malaammaltummaaf mijaawaa ta'e balleessuudhaan malaammaltummaan osoo hin dalagamin ittisuudha. Inni lammaffaan ammoo malaammaltummaan erga dalagamee booda odeeffannoo argamu irratti hundaa'uudhaan malaammaltoota irratti tarkaanfii fudhachuudha.

### Waraana Waliinii

Ardiin Afrikaa bilisummaa booda illee guutummaa guutuutti nagaa argatteetti jechuun hin danda'amu. Biyyoota hedduu keessatti waraanni waliinii adeemsifamaa tureera. Sababa kanaatiif hanga yeroo dhiyootti ummanni miliyoonotatti lakkaa'amn qe'ee isaanii irraa buqqa'anii baqatanii/kooluu galanii jiraachuuf dirqamaniiru. Ummanni lakkoofsi hedduu ammoo lubbuu isaanii dhabaniiru. Haa ta'u malee, ummatoonnii fi mootummoonni addunyaa sadarkaa barbaadametti rakkoo Afrikaanotaa kanaaf xiyyeeffannoo hin kennine jedhamanii komatamu.

Waraanota kana keessaa isa Rippabilikii Koongoo Dimookiraatawaa keessatti adeemsifame akka faakkeenyaatti fudhachuun ni danda'ama. Waraanni kun babalachuu isaa irraa kan ka'e biyyoota ollaa saddeet hirmaachiseera. Akkuma beekamu sababni waraana kanaa fedhii ol aantummaa aangoo qabaachuu fi leecaloo adda addaa to'achuuf turedha.

Akkuma Koongoo, Seeraa Liyoon keessattis waraanni waliinii bara 1991 jalqabame mirga namummaa sarbuun wal qabatee tilmaamaan lubbuun namoota 50,000 ta'u yammuu darbu namoonni miliyoona tokkoo ol ta'an ammoo qe'ee isaanii irraa buqqa'aniiru. Haaluma wal fakkaatuun Ruwaandaa keessattis bara 1990moota keessatti sababa waraana waliinii adeemsifameen lubbuun namoota miliyoona walakkaa ol ta'u darbeera.

Waraanota kanneen dhabiinsa bulchiinsa gaarii wajjin kallattiidhaan wal qabsiisuun ni danda'ama. Waraanni wal fakkaatu biyyoota Afrikaa biroo keessattis adeemsifamaa turuun isaa ni beekama.

**GILGAALA 4.2**

**Gaaffiilee Gaggabaabaa**

1. Seerota sadarkaa addunyaatti mirgoota daa'immamaniitiif dhaabbatan eeri.
2. Naannoo keetti sarbiinsa mirga daa'imaa yoo argite maal gochuutu si irraa eegama?
3. Malaammaltummaan sarbiinsa mirga namummaaf akkamitti sababa ta'a? Fakkenyaa kenni.
4. Malaammaltummaa ittisuudhaaf tarkaanfiiwwan fudhatamuu qaban eeri.
5. Waraanni biyyoota Afrikaa adda addaa keessatti adeemsifame akkamitti dhabiinsa bulchiinsa gaarii wajjin wal qabata?
6. Filannoo dareef dorgomuu filannoo hawaasaan adeemsifamuu wajjin maaltu wal fakkeessa?

## 4.3. SAGANTAAWWAN DHAABBILEETTI HIRMAACHUU

### Ga'umsa Barachuu Isa Xiqqaa

Barnoota mata duree kanaa erga xumurtee booda:


- Dhaabbilee naannoolee Afrikaa adda addaa ni eerta,
- Kaayyolee dhaabbilee kanaa ni ibsita,
- Dhaabbanni Tokkummaa Afrikaa gara Gamtaa Afrikaatti ce'uu isaa ni ibsita.

### Dhaabbilee Naannoolee Afrikaa Adda Addaa

Bara 1981 dhaabbanni afaan Ingiliziitiin "*Preferential Trade Area* (*PTA*)" jedhamu hundeeffamee ture. Haa ta'u malee Muddee 1994 booda Gabaa Walee Biyyoota Afrikaa Bahaa fi Kibbaa (Common Market for Eastern and Southern Africa, (COMESA)) dhaabbata jedhamuun bakka bu'ame.

Dhaabbanni mootummoota bahaa fi kibba Afrikaatiin ijaarame kun fedhii leecaloo uumamaa fi humna namaa walitti qindeessuudhaan guddisuu qabatee socho'uu jalqabe. Kaayyoon isaa inni guddaanis walta'uudhaan dagaagina dinagdee naannicha keessatti mirkaneessuudha. Nagaa fi tasgabbii naannichaa eegsisuunis kaayyoo isaa isa biraa ture.

Miseensonni dhaabbata kanaa lakkoofsaan biyyoota 21 yammuu ta'an ummanni biyyoota kana keessa jiraatus miliyoona 385 ol ta'a. Miseensonni dhaabbata kanaa qaraxa barbaachisaa hin taane isaan gidduu ture balleessuudhaan guddina daldala waliiniitiif haala mijeessaa jiru.




**Fakkii 4.3.** Gabaa Walee Biyyoota Afrikaa Bahaa fi Kibbaa (COMESA)

Waajjirri isaa Lusaakaa (Zaambiyaa), keessatti argama. Dhaabbanni kun caasaalee adda adda kan qabu ennaa ta'u, kanneen keessaa qaamni murtii adda adda murteessu isa guddaadha. Qaamni kun hoggantoota biyyoota miseensotaatiin gaggeeffama. Akkasumas, manni maree ministeerotaa imaammata adda addaa baasuudhaan yammuu hirmaatu koree teekinikaa miseensota 12 qabus of keessatti hammata. Bu'aalee dhaabbanni kun miseensotaaf kennu keessaa tajaajila geejjibaa fi qunnamtii amansiisaa, carraa gabaa mijaawaa fi bal'aa, oomishoota qonnaa fi industirii adda addaa fi tajaajila maallaqaa fi baankiitu argama.

Dhaabbilee "*COMESA*" jalatti gurmaa'anii socho'aa jiran keessaa Baankii Daldalaa fi Misoomaa Naayiroobii, Keeniyaatti argamu, Walta'iinsa Baankiiwwan Daldalaa Haraaree, Zimbaabuweetti argamuu fi Dhaabbata Gogaa Itoophiyaatti argamu eeruun ni danda'ama.

### Walta'iinsa Dingdee Biyyoota Dhiha Afriika (ECOWAS)

Walta'iinsi Dinagdee Biyyoota Dhiha Afrikaa ("Economic Community of West Africa States") miseensota kudha shaniin kan hundeeffame Waliigaltee Leegoos Caamsaa 28, 1975 mallatteeffameen ture. Kaayyoon isaas biyyoota Dhiha Afrikaa gidduutti walitti dhufeenya dinagdee cimsuudha.

Miseensonni dhaabbata kanaa Beeniin, Burkiinaa Faasoo, Keeppi Verdee (bara 1976 seente), Koot-Divuwaar, Gaambiyaa, Gaanaa, Giinii-Bisaawu, Laayibeeriyaa, Maalii, Naayijeeriyaa, Seneegaal, Seeraa Liyoon, Toogoo, Giinii fi Niijar turan. Sababa fonqolcha mootummaa Giinii keessatti bara 2008, Niijar keessatti ammoo bara 2009tti adeemsifameen biyyoonni kun miseensummaan isaanii haqameera.

Waajjirri dhaabbata kanaa Abuujaa (Naayijeeriyaa) keessatti argama. Dhaabbanni kun utuboota walta'iinsa dinagee Afrikaa keessaa isa tokko. Akka tilmaama bara 2006tti lakkoofsi ummataa biyyoota dhaabbata kana hundeessanii miliyoona dhibba lamaa fi shantamii tokkoo ol yammuu ta'u, magaalota jiran keessaa inni guddaan Leegoos.



**Fakkii 4.4.** Magaalaa Leegoos, Naayijeeriyaa


Dhaabbanni kun walta'iinsa dinagdeetiin alatti nageenya naannichaa eeguu irratti xiyyeeffatee hojjachaa tureera. Haaluma kanaan miseensonni dhaabbata kanaa baroota 1978, 1981 fi 1990tti waliigaltee wal waraanuu dhiisuu mallatteessaniiru. Caamsaa 29, 1981tti ammoo yammuu weerarri dhufu wal baabsuuf (deeggaruuf) waliigaltee magaalaa Firiitaawon, Seeraa Liyoon, keesstti mallatteessaniiru. Waliigalteedhuma kanaan Humna Ittisaa Waliinii dhaabaniiru. Akkasumas, Mana Murtii Haqaa (*Community Court of Justice*) bara 1996tti dhaabuu isaanii irrayyuu karaa aadaa fi Ispoortiis walta'iinsa uumaniiru.

**Gamtaan Dinagdee fi Maallaqaa Dhiha Afrikaa** (*West African Economic and Monetary Union*) ammoo waliigaltee Amajjii 10,1994 magaalaa Daakaar, Seneegaal, keessatti biyyoota Dhiha Afrikaa saddeetiin hundeeffameera. Biyyoonni kunis Beeniin, Burkiinaa Faasoo, Koot-Divuwaar, Giinii-Bisaawu, Maalii, Seneegaal, Toogoo fi Niijar turan. Biyyoonni kunneen Giinii-Bisaawu, ishee kolonii Poorchuugaal irraa kan hafe hundi isaanii kolonii Faransaay turan. Kaayyolee isaa keessaa gabaa waliinii uumuu fi imaammata maallaqaa wal fakkaatu hordofuutu argama.

**Zooniin Maallaqaa Afrikaa Dhihaas** (*West African Monetary Zone*) dhaabbata faayinaansii miseensota "*ECOWAS*" shaniin bara 2000tti hundeeffame. Biyyoonni kunneen Gaambiyaa, Gaanaa, Giinii, Naayijeeriyaa fi Seeraa Liyoon yammuu ta'an, fedhiin isaaniis maallaqa tokkotti fayyadamuudha.

### Koree Misoomaa Biyyoota Afrikaa Kibbaa (Southern African Development Community, SADC)

Koreen Misoomaa Biyyoota Afrikaa Kibbaa walta'iinsa mootummoota naannichaa kudha shan ta'aniin Hagayya 17, bara 1992tti hundeeffame. Haala ammaatiin hundaa'uu dura Ebla bara 1980tti maqaa Koreen Qindeessituu Misoomaa Biyyoota Afrikaa Kibbaa (SADCC) jedhamuun hojii isaa jalqabe. Miseensonni isaas Angoolaa, Bootiswaanaa, Rippabilikii Dimookiraatawaa Koongoo, Leseetoo, Maalaawwii, Mooriishes, Mozaambiik, Naamiibiyaa, Siwaaziilaand, Taanzaaniyaa, Zaambiyaa, Zimbaabuwee, Afrikaa Kibbaa, Siishelsii fi Maadagaaskaar. Teessoon isaa Magaalaa Gaabroonee, Bootiswaanaa, kessatti argama.




**Fakkii 4.5.** Miseensota "SADC"

Kaayyoon dhaabbata kanaa miseensota gidduutti walta'iinsa hawaas-dinagdee akkasumas siyaasaa fi nageenyaa fiduudha. Dhaabbanni kun dhimmoota barumsaa, fayyaa, malaammaltummaa meeshaalee waraanaa fa'a irratti xiyyeeffatee hojjachuuf hundeeffame. Yeroo hundeeffama isaa irraa eegalee dhaabbilee akka "*COMESA*" wajjin hojjachuudhaaf socho'aa tureera.

Koreen Misoomaa Biyyoota Afrikaa Kibbaa kun caasaalee gurguddoo armaan gadii of keessaa qaba:

- Walgahii hoggantootaa
- Qaama siyaasaa, Humna waraanaa fi nageenyaa
- Mana Marii Ministeerotaa
- Mana Murtii
- Koreewwan Biyyoolessaa Miseensotaa
- Bulchiinsa waajjira dhaabbatichaa

**Dhaabbileen adda addaa wal biratti yammuu ilaalaman**

| Dhaabbilee | Bal'ina lafa ($km^2$) | Lakk. ummataa | Lakk. miseensotaa | Bara itti hundeeffame |
|---|---|---|---|---|
| Walta'iinsa Dinagdee Biyyoota Dhiha Afrikaa (ECOWAS) | 5,112,903 | 251,646,263 | 15 | 1975 |
| Koreen Misoomaa Biyyoota Afrikaa Kibbaa (SADC) | 9,882,959 | 233,944,179 | 15 | 1992 |
| Gabaa Walee Biyyoota Afrikaa Bahaa fi Kibbaa | 12,873,957 | 406,102,471 | 20 | 1994 |
| Gamtaa Dinagdee fi Maallaqaa Dhiha Afrikaa | 3,505,375 | 80,865,222 | 8 | 1994 |

**Madda: Wikipedia the free Encyclopedia**

### Hundeeffama Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa (Dh. T. A)

Dhaabbanni Tokkummaa Afrikaa Caamsaa 25, 1963 magaalaa Finfinnee keessatti hundeeffame. Biyyoonni hundeessanis biyyoota Afrikaa yeroo sana sirna kolonii jalaa bilisa turan. Kaayyoon isaas nagaa fi tasgabbii eeguu, tokkummaa biyyoota ardichaa cimsuu fi karaa siyaasaa, dinagdee, aadaa, saayinsii, fayyaa fi ittisaa walii tumsuudha. Teessoon dhaabbata kanaa kan argamu magaalaa Fifinnee keessatti.

Dh. T. A. uumama isaa irraa eegalee kaayyoo hundeeffameef fiixaan baasuuf tattaaffii hedduu godheera. Bara 1964 fi 1965tti Moorookoo fi Aljeeriyaa walitti araarsuudhaan rakkoo walitti bu'iinsa daangaa isaan gidduu ture hiikeera. Akkasumas bara 1968-1970 Itoophiyaa, Somaaliyaa fi Keeniyaa gidduu rakkoo wal fakkaatu hiikuu irratti hirmaateera. Karaa biraa ammoo yeroodhuma uumame irraa eegalee deeggarsa maallaqaa fi leenjii fa'a kennuudhaan humnoota farra koloneeffannaa fi farra Appaartaayidii Afrikaa Kibbaa, Zimbaabuwee fi Naamiibiyaa keessa turan tumsaa tureera. Afrikaa Kibbaas sababa imaammata Appaartaayidii isheen hordofaa turteef hanga bara 1994tti miseensummaa ishee haqeera. Kana malees sagalee ummatoota Afrikaa waltajjiiwwan addunyaa kanneen akka Dhaabbata Mootummoota Walta'anii keessatti dhageessisaa tureera.



**Fakkii 4.6.** Teessoo Dh. T. A. fi Gamtaa Afrikaa, Finfinnee

Dhaabbanni kun maqaa tokkummaatiin haa dhaabbatu malee biyyootaa fi ummatoota Afrikaa gidduutti tokkummaa cimaa fiduu hin dandeeenye. Walitti bu'iinsa biyyoota adda addaa ilaalchisee miseensonni isaa ejjannoo tokkoon socho'aa hin turre. Akka fakkeenyaatti, waraana waliinii Angoolaa bara 1975 keessatti gareen tokko Sochii Bilisummaa Ummata Angoolaa (Popular Movement for the Liberation of Angola, MPLA) isa kooministootaan deeggaramu bira yammuu dhaabbatu gareen biraa ammoo Adda Biyyoolessaa Bilisummaa Angoolaa (National Front for the Liberation of Angola, FNLA and UNITA) isa Ameeriikaa fi deeggartoota isheetiin deeggaramu cinaa dhaabbachaa ture.

Haaluma wal fakkaatuun waraana waliinii Rippabilikii Koongoo Dimookiraatawaa bara 1977-78 adeemsifame keessattis garaagarummaan uumameera. Karaa biraa ammoo waraanota biyyoota Afrikaa

hedduu gidduutti adeemsifame ilaalchisees tokkummaa uumuu hin dandeenye. Waraanota kunneen keessaa waraana Itoophiyaa fi Somaalee gidduutti bara 1977-78 adeemsifamee fi waraana Taanzaaniyaa fi Ugaandaa gidduutti bara 1978-79 adeemsifame eeruun ni danda'ama. Itti dabalataanis kufaatiin dinagdee 1970mootaa fi 1980moota keessatti mul'ate tokkummaa miseensota dhaabbatichaa irratti dhiibbaa fideera.

Dhaabbanni Tokkummaa Afrikaa sadarkaa ardiittis ta'ee naannootti adeemsa dhaabbilee adda addaa hundeessuu fi cimsuu keessatti gahee guddaa taphateera. Dhaabbilee kanneen keessaa isaan armaan gadiitu argama:

- Komiishiinii Dingadee Afrikaa (ECA),
- Shariikummaa Haaraa Misooma Afrikaa (NEPAD),
- Baankii Misoomaa Afrikaa (ADB),
- Abbaa Taayitaa Misooma Qindoomaa Mootummoota Giddutti (IGAD),
- Wiirtuu/Jiddu-Gala Daldalaa Biyyoota Afrikaa Bahaa fi Kibbaa (PTA),
- Gabaa Walee Biyyoota Afrikaa Bahaa fi Kibbaa (COMESA),
- Koree Misoomaa Biyyoota Afrikaa Kibbaa (SADC),
- Hawaasa Dingadee Biyyoota Afrikaa Dhihaa (ECOWAS)

**Barreessitoota Dh.T.A fi Gamtaa Afrikaa**

| Maqaa | Biyya | Turtii Isaanii |
|---|---|---|
| Kiflee Wadaajoo (Eeggataa) | Itoophiyaa | Caamsaa 25, 1963-Adoolessa 21, 1964 |
| Diyaaloo Teelii | Giinii | Adoolessa 21, 1964- Waxabajjii 15, 1972 |
| Inzoo Ikaangaakii | Kaameeruun | Waxabajjii 15, 1972- Waxabajjii 16, 1974 |
| Wiiliyaam Iteeki I Embuumuwaa | Kaameeruun | Waxabajjii 16, 1974-Adoolessa 21, 1978 |
| Edem Koojoo | Toogoo | Adoolessa 21, 1978- Waxabajjii 12, 1983 |
| Piitar Oonuu (Eeggataa) | Naayijeeriyaa | Waxabajjii 12, 1983- Adoolessa 20, 1985 |
| Idee Omaruu | Niijar | Adoolessa 20, 1985-Fulbaana 19, 1989 |
| Saaliim Ahmad Saaliim | Taanzaaniyaa | Fulbaana 19, 1989- Fulbaana 17, 2001 |
| Amaaraa Isii | Koot Divuwaar | Fulbaana 17, 2001-Adoolessa 9, 2002 |

**Madda: htttp://www.en.wikipedia.org**

### Dhaabbannii Tokkummaa Afrikaa Gamtaa Afrikaatti Jijjiiramuu Isaa

Yaadni Dh.T.A gara Gamtaa Afrikaatti jijjiiruu yeroo duraatiif Fulbaana 9, 1999tti Liibiyaa, magaalaa Siirtitti kan mootummaa biyyattiitiin dhiyyaatedha. Adooleessa, 2000 Toogoo, Magaalaa Liimaa irratti bakka bu'oota miseensoota 53 giddutti wal-gahii taasifameen Dhaabbanni Tokkummaa Afrikaa gara Gamtaa Afrikaatti akka jijjiiramu walii galameera. Itti aansees Caamsaa 26, 2001tti wal gahii Naayijeeriyaa keessatti qophaa'e irratti Gamtichi seeraan labsame. Adoolessa 9, 2002tti ammoo Gamtaan Afrikaa kun hojii isaa Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa irraa fuudhuudhaan jalqabeera. Dhaabbanni haaraan kun dhaabbata isa dura ture caalaa akka cimuu fi jijjiirama bu'uuraa akka fiduuf dhaabbate jedhamee amanama.

### Kaayyolee Gamtichaa

- Tokkummaa Ardiichaa gama hawaasumaa, dinagdee fi siyaasaatiin cimsuu.
- Walitti-bu'iinsa biyyoota gidduu haala seera qabeessa ta'een hiikuu, yakka hambisuu fi mirga ilma namaa akka hin sarbamne eeguu

Akkuma Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa waajjirri Komiishinii gamtaa kanaa magaalaa Finfinnee keessatti argama. Gamtaan Afrikaa hojiiwwan Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa bakka bu'ee hojjachuudhaan wal qabatee dhaabbilee sadarkaa ardii Afrikaattis ta'ee naannoleetti hundeeffaman adda addaa gargaaruu itti fufee jira. Biyyoonni Afrikaa hedduun miseensa gamtaa kanaa haa ta'an malee biyyoonni muraasni miseensummaan isaanii haqameera. Haaluma kanaan Giiniin fonqolcha mootummaa bara 2008 booda, Maadagaaskaar fonqolcha mootummaa bara 2009 booda fi Niijar ammoo fonqolcha mootummaa bara 2010 booda kanneen haqamanidha. Moorokoon ammoo yeroodhuma Dhaabbata Tokkummaa Afrikaatii eegalee miseensumma ishee dhiistee jirti. Sababni isaas abbummaa naannoo Ispaanish Sahaaraa irratti wal dhabiinsa dhaabbaticha wajjin uumame.

**GILGAALA 4.3**

## Gaaffiilee Gaggabaabaa

1. Moorookoon Dh.T.A. keessaa maaliif akka baate hiriyoota keetii fi namoota adda addaatiin mari'adhuu deebisi.
2. Dhaabbileen ardii Afrikaa keessatti Gamtaa Afrikaatiin deeggaraman eenyu fa'a akka ta'n ni yaaddattaa?
3. Biyyi yeroo dhiyoo keessa teessoon Gamtaa Afrikaa biyya ishee akka ta'uuf falmaa turte eenyyu?

### Cuunfaa

Yeroo ammaa sadarkaa addunyaatti dhimmoota xiyyeeffannaa barbaadan hedduutu jiru. Isaan keessaa dhiibbaa HIV/Eedsiin Ummatoota addunyaa irraan gahaa jiru eeruun ni mala. Dhibeen kun sababoota adda addaatiin kan daddarbu ta'uufi guddina dinagdee fi hawaasummaa kan gufachiisu ta'uun isaa ni beekama. Ardiin Afrikaa ammoo ardiiwwan dhibee kanaan miidhaman keessaa sadarkaa tokkoffaa irratti argamuu isheetiin waan wal qabateef guddinni ishee sadarkaa barbaadameen saffisuu hin dandeenye.

Akkuma HIV/Eedsii, saffisaan baay'achuun ummataa rakkoolee adda addaa Afrikaatti fideera. Gabaabumatti, dhiibbaa saffisaan baay'achuun ummataa ardii kana irratti fide bakka afuritti qooduun ni danda'ama. Isaanis nageenya maatii, hanqiina lafa qonnaa, hanqina tajaajila hawaasummaa fi guddina dinagdee irratti gufuu ta'uu isaati.

Dhimmi hawaasaa wajjin walqabate inni biraa ammoo dhimma mirgaa fi nageenyaati. Mata duree kana jalatti sarbiinsa mirga daa'immanii fi seerota mirga daa'immani eegsisan irratti xiyyeeffannaan ni godhama. Ajandaan biraa ammoo waa'ee bulchiinsa gaariiti. Ajandaan kun maalummaa bulchiinsa gaarii fi ibsitoota isaa akkasumas waa'ee malaammaltummaa fi waraana waliinii of keessatti hammata.

Dhuma irrattis dhaabbilee naannoolee Afrikaa adda addaa keessatti hundeeffamanii fi kaayyolee isaanii irratti xiyyeeffannaan godhameera.

## GAAFFILEE XUMURA BOQONNAA 4

**Kutaa I: Yoo himoonni armaan gadii sirrii ta'an Dhugaa yoo dogoggora ta'an ammoo Soba jechuun barreessi.**

1. HIV/Eedsiin dhibee hiyyummaa wajjin wal qabatudha.
2. Daa'imman sadarkaa adda addaatti qaxaramanii hojjachuudhaaf miiga qabu.
3. Bulchiinisa gaarii mirkaneessuu jechuun sirna dimookiraasii cimsuu jechuudha.
4. Sababni guddaan waraana waliinii Rippabilikii Koongoo Dimookiraatatwaa fedhii leecaloo to'achuu ture.

**Kutaa II: Yaadota toora "A" jala jiran kanneen "B" jala jiraniin walitti firoomsi.**

| A | B |
|---|---|
| 1. Teessoo Walta'iinsa Dinagdee Biyyoota Dhiha Afrikaa | A. Lusaakaa |
| 2. Teessoo Gamtaa Afrikaa | B. Waraana waliini |
| 3. Bu'aa dhabiinsa bulchiinsa gaarii | C. Dimookiraasii |
| 4. Wajjira Gabaa Walee Biyyoota Afrikaa Bahaa fi Kibbaa | D. Abuujaa |
| 5. Barreessaa jalqabaa Dh.T.A | E. Haraaree |
| | F. Piitar Oonuu |
| | G. Kiflee Wadaajoo H. Finfinnee |
| | I. Akiraa |

**Kutaa III: Gaaffiwwan armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e filadhu.**

1. Ardiin babal'ina HIV/Eedsitiin sadarkaa duraa irratti argamtu kami?
   - A. Awurooppaa
   - B. Ameeriikaa
   - C. Afrikaa
   - D. Eeshiyaa
2. Kanneen armaan gadii keessaa babaldhina HIV/Eedsiitiif kan sababa hin taane kami?
   - A. Qunnamtii saalaa of eeggannoo hin qabne.
   - B. Yaalii fayyaa of eeggannoo hin qabne
   - C. Haati dhibee kanaan qabamte yoo harma hoosifte.
   - D. Nama dhibee kanaan qabame wajjin meeshaa tokkotti nyaachuu.
3. HIV/Eedsiin dhiibbaa maalii fida?
   - A. Inveestimeentii dadhabsiisa
   - B. Oomishtummaa dadhabsiisa
   - C. Maatii diiga
   - D. Hunduu deebiidha.
4. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu sarbiinsa mirgoota daa'imaa hin agarsiifne?
   - A. Reebuu
   - B. Mana keessatti ukkaamsanii eeguu
   - C. Yeroo malee heerumsiisuu
   - D. Debii hin qabu
5. Kaayyoo Gamtaa Afrikaa kan hin ta'iin isa kami?
   - A. Tokkummaa ardichaa cimsuu
   - B. Walitti bu'iinsa biyyoota gidduu hiikuu
   - C. Sarbiinsa mirga dhala namaa hambisuu
   - D. Appaartaayidii balleessu.